# Holy Bible

## Aionian Edition®

**Kitaaba Woyyuu**

**Guji Oromo Bible**

**Gospel Primer**

# Table of Contents

Preface
Genesis 1-4
John 1-21
Revelation 19-22
66 Verses
Reader's Guide
Glossary
Maps
History
Destiny
Illustrations, Doré

Welcome to the *Gospel Primer*. The Aionian Bible invites you to review popular Christian understanding. Is it possible that the most well-known verse in the Bible is mistranslated, John 3:16? Are the destinies of Heaven and Hell really the whole story? And are misunderstandings of this magnitude even possible? First, know that the Aionian Bible does not abandon Christian heritage. We have much to learn from godly people throughout all ages. Yet, this booklet is a new primer to the truly good news of Jesus Christ, the savior of all mankind.

---

*Holy Bible Aionian Edition* ®
Kitaaba Woyyuu
Guji Oromo Bible
Gospel Primer

Creative Commons Attribution ShareAlike 4.0 International, 2018-2025
Source text: eBible.org
Source version: 5/1/2025
Source copyright: Creative Commons Attribution ShareAlike 4.0
Bible Society of Ethiopia, 2025

Formatted by Speedata Publisher 5.1.9 (Pro) on 6/3/2025
100% Free to Copy and Print
TOR Anonymously
https://AionianBible.org

Published by Nainoia Inc, https://Nainoia-Inc.signedon.net
All profits are given to https://CoolCup.org

We pray for a modern Creative Commons translation in every language
Translator resources at https://AionianBible.org/Third-Party-Publisher-Resources
Report content and format concerns to Nainoia Inc
Volunteer help is welcome and appreciated!

# Preface

Gujii Oromo at AionianBible.org/Preface

The *Holy Bible Aionian Edition* ® is the world's first Bible *un-translation*! What is an *un-translation*? Bibles are translated into each of our languages from the original Hebrew, Aramaic, and Koine Greek. Occasionally, the best word translation cannot be found and these words are transliterated letter by letter. Four well known transliterations are *Christ*, *baptism*, *angel*, and *apostle*. The meaning is then preserved more accurately through context and a dictionary. The Aionian Bible un-translates and instead transliterates eleven additional Aionian Glossary words to help us better understand God's love for individuals and all mankind, and the nature of afterlife destinies.

The first three words are *aiōn*, *aiōnios*, and *aïdios*, typically translated as *eternal* and also *world* or *eon*. The Aionian Bible is named after an alternative spelling of *aiōnios*. Consider that researchers question if *aiōn* and *aiōnios* actually mean *eternal*. Translating *aiōn* as *eternal* in Matthew 28:20 makes no sense, as all agree. The Greek word for *eternal* is *aïdios*, used in Romans 1:20 about God and in Jude 6 about demon imprisonment. Yet what about *aiōnios* in John 3:16? Certainly we do not question whether salvation is eternal! However, *aiōnios* means something much more wonderful than infinite time! Ancient Greeks used *aiōn* to mean *eon* or *age*. They also used the adjective *aiōnios* to mean *entirety*, such as *complete* or even *consummate*, but never infinite time. Read Dr. Heleen Keizer and Ramelli and Konstan for proofs. So *aiōnios* is the perfect description of God's Word which has *everything* we need for life and godliness! And the *aiōnios* life promised in John 3:16 is not simply a ticket to eternal life in the future, but the invitation through faith to the *consummate* life beginning now!

The next seven words are *Sheol*, *Hadēs*, *Geenna*, *Tartaroō*, *Abyssos*, and *Limnē Pyr*. These words are often translated as *Hell*, the place of eternal punishment. However, *Hell* is ill-defined when compared with the Hebrew and Greek. For example, *Sheol* is the abode of deceased believers and unbelievers and should never be translated as *Hell*. *Hadēs* is a temporary place of punishment, Revelation 20:13-14. *Geenna* is the Valley of Hinnom, Jerusalem's refuse dump, a temporal judgment for sin. *Tartaroō* is a prison for demons, mentioned once in 2 Peter 2:4. *Abyssos* is a temporary prison for the Beast and Satan. Translators are also inconsistent because *Hell* is used by the King James Version 54 times, the New International Version 14 times, and the World English Bible zero times. Finally, *Limnē Pyr* is the Lake of Fire, yet Matthew 25:41 explains that these fires are prepared for the Devil and his angels. So there is reason to review our conclusions about the destinies of redeemed mankind and fallen angels.

The eleventh word, *eleēsē*, reveals the grand conclusion of grace in Romans 11:32. Please understand these eleven words. The original translation is unaltered and a highlighted note is added to 64 Old Testament and 200 New Testament verses. To help parallel study and Strong's Concordance use, apocryphal text is removed and most variant verse numbering is mapped to the English standard. We thank our sources at eBible.org, Crosswire.org, unbound.Biola.edu, Bible4u.net, and NHEB.net. The Aionian Bible is copyrighted with creativecommons.org/licenses/by/4.0, allowing 100% freedom to copy and print, if respecting source copyrights. Check the Reader's Guide and read at AionianBible.org, with Android, and with TOR network. Why purple? King Jesus' Word is royal and purple is the color of royalty! All profits are given to CoolCup.org.




*Waaqi nama baaseen duuba, eennulle gara muka jiru'uu akka hin dhikaanneef, addee oorruu Edenii maddii aduun baatuun ergantoota ifii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu fi shallaagaa akka ibiddaa bobe'u ka gara mara garagaggalu keye.*

Dadaa 3:24

# Dadaa

1 Waaqi jalqaba ol-gubba'aa fi lafa dade. 2 Latti
akka hin qadduuyyu; duwwaalle'e. Dukkanti qilee
abbaaya'aa irra jirtiiyyu; Ayyaanni Waaqaalle bisaan
irra tatacho'aa ture. 3 Achiin duuba Waaqi, «Ifi te'uu
ti» jedhe. Ifille te'e. 4 Waaqi ifi dansaa akka te'e
dhagge; inni ifa dukkana irraa gargar baase. 5 Waaqi
ifaan «Guyyaa», dukkanaan «Halkan» jedhee maqaa
baase. Kun guyyaa qaraa ti. 6 Waaqi, «Bisaan gad
hafee fi bisaan ol hafe akka gargar baasu, gubbaan
gombobbittiin teetuu ti» jedhe. 7 Maarre Waaqi gubbaa
gombobbittii godhee, bisaan gubbaa gombobbittii
tanaan gad jiru, bisaan gubbaa gombobbittii tanaan ol
jiruun gargar baase. Akkasuma teete. 8 Waaqi gubbaa
gombobbittii «Gubbaa» jedhee maqaa baase. Dhiite,
bariitelle'e. Kun guyyaa lammeesso'oo ti. 9 Waaqi,
«Latti godduun akka mudhattuuf, bisaan gubba'aan
jala jiru wolitti dacha'uu ti» jedhe. Akkasuma teete.
10 Waaqi, lafa goddu'uun, «Lafa», bisaan wolitti
dacha'een, «Abbaayaa» jedhee maqaa baase. Tunille
dansaa akka teete dhagge. 11 Achiin duuba Waaqi,
«Latti biqiltoota adda addaa: mukoota lafa irraa ka
akkuma gosa ifiititti midhaan buusuu fi midhaan sanyii
ifi keessaa qabu buusu, baachuu ti» jedhe. Akkasuma
teete. 12 Maarre latti biqiltoota adda addaa: mukoota
lafa irraa ka akkuma gosa ifiititti midhaan buusuu fi
midhaan sanyii ifi keessaa qabu buusu baache; Waaqi
tunille dansaa akka teete dhagge. 13 Latti dhiite,
bariitelle'e; kun guyyaa sadeesso'oo ti. 14 Akkasuma
Waaqi, «Guyya'aa fi halkan gargar baasiisaaf gubbaa
irratti ifooti jiraatanuu ti! Isaan beessisa yenna'aa,
beessisa bonaa-gannaatii fi wogga'aa, 15 ifoota
gubba'aa te'anee lafa irratti ka ifa kennanu te'anuu ti»
jedhe. Tunille akkasuma teete. 16 Waaqi ifa gugurdaa
lama godhe; ifi guddichi guyyaa, ifi diqqayyichi halkan
akka ifu godhe. Urjootalle dade. 17 Waaqi akka lafa
irratti issanuuf gubbaa irra isaan keye. 18 Guyya'aa
fi halkan irratti baallii akka isaan qabatanuuf, ifa
dukkana irraa gargar akka baasanuuf inni achi isaan
keye. Waaqi tunille dansaa akka teete dhagge. 19
Latti dhiite, bariitelle'e; kun guyyaa arfeesso'oo ti.
20 Achiin duuba Waaqi, «Bisaan lubbuu qabeeyyii
adda addaatiin ka guutame te'uu ti; sinbirrootille
lafaan gubbaa irra kaatuu ti» jedhe. 21 Maarre
Waaqi bineensa gugurdaa abbaayaa keessaa, lubbuu
qabeeyyii bisaan keessa le'anu mara, sinbirroota gosa
adda addaa mara dade. Waaqi Tunille dansaa akka
teete dhagge. 22 Waaqi, «Hora'aa heddadha'a; bisaan
abbaaya'aa guuta'a; sinbirrootille lafa irra guuttuu
ti» jedhee isaan eebbise. 23 Latti dhiite, bariitelle'e;
kun guyyaa shaneesso'oo ti. 24 Achiin duuba Waaqi,
«Latti, dada lubbuu qabanu, gosa adda addaa mara:
horii, bineensota lafarra lowanu, bineensa gudda'aa fi
diqqaa mara baattuu ti» jedhe. 25 Waaqi bineensota
lafaa akka gosa isaaniititti, horii akka gosa isaaniititti,
bineensota lafa irra lowanu mara akka gosa isaaniititti
dade. Inni tunille dansaa akka teete dhagge. Tunille
akkasuma teete. 26 Achiin duuba Waaqi, «Kowa'a,
akka bifaa fi akka fakkeenna keennaatitti, nama
dannaa ti. Nami qurxummii abbaaya'aa, sinbirroota,
horii, bineensota lafa irraa maraa fi bineensota lafa
irra lowanu mara irratti baallii qabaatuu ti» jedhe. 27
Maarre Waaqi akka bifa ifiititti nama dade. Dhiiraa
fi dubartii godhee isaan dade. 28 Waaqi, «Hora'a,
heddadha'a, lafa guuta'a, harkatti isii galfadha'a!
Qurxummii abbaaya'aa irratti, sinbirroottan irratti, dada
lafa irra munyuuqanu mara irratti baallii qabaatanuu
ti» jedhee isaan eebbise. 29 Waaqi, «Ani biqiltuu
midhaan buuttuu fi midhaan sanyii ifi keessaa qabu
buuttu ta lafa irraa duudii akka nyaattanuuf isinii
kenneera. 30 Akkasuma bineensa maraa fi sinbirroota
qilleensaa maraaf, akka sagalee isaaniif te'u marraa
fi biqiltuu baalaa isaaniif kenneera» jedhe; tunille
akkasuma teete. 31 Waaqi waan huje mara ilaale;
martinuu guddoo dansaa teete; latti dhiite, bariitelle'e;
kun guyyaa jayeesso'oo ti.

2 Maarre ol-gubba'aa fi latti, wonni isaan
keessa jiranu martille akka kanaan dadamanee
muummeffamane. 2 Waaqi hujii huje mara hobbaasee,
guyyaa torbeesso'oo foorfate. 3 Waaqi waan
dade mara hobbaasee, guyyaa torbeesso'ootitti
waan foorfateef, guyyaa torbeesso'oo san eebbise;
woyyoonselle'e. 4 Kun dabarsii dadama ol-gubba'aa
fi lafaa ti. Yennaa Mootiin Waan Maraa Waaqi ol-
gubba'aa fi lafa dade, 5 inni lafa irratti bokkeya
waan roobisiisee hin jirreef, nami lafa hujulle waan
hin jirreef, biqiltuun lafa irra hin jirtuuyyu; wonni
tokkolle lattee hin jirtu. 6 Teetuu malee, maddi
lafa keessaa ol bayee lafa duudii obaasaa ture. 7
Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi biyyee lafa
irraa fuudhee, nama tolchee, hafuura jiru'uu funnaan

isaatitti baafate; namille dada lubbuu qabaatee jiraatu
te'e. 8 Mootiin Waan Maraa Waaqi karaa aduun
baatu Edenitti oorruu dhaabe; nama dade sanille
achi keessa keye. 9 Mootiin Waan Maraa Waaqi
muka ilti namaa halchitu ka adda addaa, ka midhaan
isaalle nyaatiisaaf dansaa te'e lafa keessaa lachisiise;
muki midhaan isaa nyaatanee jiruu namaa kennu,
muki dhibiin ka hantu'uu fi dansaa ittiin beekanulle
addee oorru'uu san wodhakkaa jiraayyu. 10 Addee
oorru'uu san obaasiisaaf Eden keessaa maddi burqe;
maddi achii bayee, gargar qoodamee laga afur te'e.
11 Maqaan laga qaraa Phiishon; inni lafa Hawiila'aa
duudii lafa worqiin jirtutti marsee yaa'a. 12 Worqiin lafa
sanii dansa'a; uddowa'aa fi dhakaan gatii guddo'oolle
achi jiran. 13 Maqaan laga lammeesso'oo Giihon;
inni lafa Itoophiya'aa marsee yaa'a. 14 Maqaan laga
sadeesso'oo Xeegros; innille qachaa Asoorii gara
baya adu'uutiin yaa'a. Lagi arfeesso'oolle Efraaxiis
jedhama. 15 Mootiin Waan Maraa Waaqi namicha
fuudhee addee oorruu Edenii san akka hujuu fi akka
eegu achi keessa keye. 16 Mootiin Waan Maraa
Waaqi namicha ajajee, «Midhaan muka addee oorruu
Edenii kana keessa jiranu mara irraa hin nyaatta; 17
midhaan muka nyaatanee hantu'uu fi dansaa ittiin
beekanu san irraa ammoo hin nyaatin. Gaafa isa irraa
nyaatte ammoo dhuguma hin duuta» jedhe. 18 Achiin
duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, «Namichi qofii ifii
te'uun dansa'aa moti; ani waa'ela qarqaartuu isaa,
isaaf hin dada» jedhe. 19 Mootiin Waan Maraa Waaqi
biyyee irraa bineensotaa fi sinbirroota dadee, maan
jedhee akka inni waamu ilaaliisaaf gara namichaa
fide; wonni namichi dada lubbuu qabeeyyii ittiin
waame duudiin maqaa te'eef. 20 Maarre namichi horii
maraaf, sinbirroota maraaf, bineensota maraafille
maqaa baase; namichaaf ammoo waa'elli qarqaaraan
hin dhagganne. 21 Maarre Mootiin Waan Maraa
Waaqi namichatti hirriiba hamaa buusee, adoo inni
rafuu, cinaacha isaa keessaa tokkocha fuudhee,
addee cinaachaa san fooniin cufe. 22 Mootiin Waan
Maraa Waaqi cinaacha namicha keessaa fuudhe san
irraa, namittii dadee, gara namichaa fide. 23 Achiin
duuba namichi, «Amma reefuu, lafeen isi'ii lafee
tiyya irraa, foon isi'ii foon kiyya irraa dhaggame; isiin
namicha irraa waan dhagganteef, ‹Namittii› jedhantee
waamantuu ti» jedhe. 24 Tanaaf nami abba'aa fi
haadha ifii hin lakkisa niitii ifii woliin hin tokkooma;
isaanille foon tokko hin te'an. 25 Namichaa fi niitiin
isaa lamaanuu qullaa jiraniiyyu, te'uu malee wol hin
fokkifatanuuyyu.

**3** Bineensa Mootiin Waan Maraa Waaqi dade mara
keessaa bofi irra caalaa malte'e. Inni namitti'iin,
«Dhuguma Waaqi, ‹Mukoota oorruu tana keessa jiranu
mara irraa hin nyaatina'a› isiniin jedheeraa?» jedhe.
2 Namittiin bofaan, «Nuuti mukoota addee oorru'uu
tana keessa jiranu mara nyaatuu hin dandeenna; 3
ammoo muka addee oorru'uu wodhakkaa jiru qofa,
Waaqi, ‹Midhaan isaa hin nyaatina'a, hin tuqinaalle'e!
Kana yoo gootane hin duutan› jedheera» jette. 4
Bofi deebisee, «Hin duutanu. 5 Isin midhaan muka
sanii yennaa nyaattane, ilti teessan akka banantu,
hantu'uu fi dansaa beekiisaan akka Waaqaa akka
teetanu, Waaqi waan beekuuf» jedheen. 6 Namittiin
muki sun nyaatiisaaf dansaa, ilatti ka toluu fi ka nama
qaroonsu akka te'e yennaa dhaggite, midhaan isaa
fuutee nyaatte; dhirsa isi'ii ka isii woliin jirulle'eef
kennite; innille nyaate. 7 Achiin duuba ilti lamaaniituu
banantee, akka qullaa jiranulle beekane; tanaaf baala
harru'uu wolitti hodhanee ifi gollatane. 8 Yennaa
galgalootte namichii fi namittiin Mootiin Waan Maraa
Waaqi addee oorru'uu keessa ideemuun qoonqoo
isaa dhage'ane; isaan Mootii Waan Maraa Waaqa
duraa mukoota addee oorru'uu san odduu dhokatane.
9 Mootiin Waan Maraa Waaqi ammoo namicha
waamee, «Eessa jirta?» jedheen. 10 Namichille, «Ani
addee oorru'uu keessatti qoonqoo teete dhage'ee,
qullaa waan jiruuf, sodaadhee dhokadhe» jedheen.
11 Waaqi, «Qullaa akka jirtu eentu sitti hime? Midhaan
muka ani ‹Hin nyaatin› jedhee si ajaje san nyaattee?»
jedheen. 12 Namichille deebisee, «Namittii akka na
woliin leetuuf ati naaf kennitettuu midhaan muka sanii
naaf kenne; anille nyaadhe» jedhe. 13 Achiin duuba
Mootiin Waan Maraa Waaqi, namitti'iin, «Wonni ati
goote kun maan inni?» jedhe. Namittiin, «Bofi na
sobee jennaan nyaadhe» jette. 14 Mootiin Waan
Maraa Waaqi bofaan, «Kana waan gooteef, ati horii
maraa fi bineensota mara keessaa ka abaarante hin
teeta. Gadhaa keetiin lafa irra hin loota; bara jiruu
teetii mara biyyee hin nyaatta. 15 Ani si'ii fi namittii
tana oddu'utti, sanyii isi'iitii fi sanyii teeti oddu'utti
diinummaa hin buusa. Sanyiin isi'ii sun mataa keeti
hin butucha; atille jimuu isaa hin iddita» jedhe. 16

Namittiille'een, «Yennaa ulfoottutti gaargala sitti hin
fakkansa; ciniinsu'uun ijoollee hin deetta. Tanuma
keessa fedhii dhirsa keetii hin qabaatta; inni si irratti
bulchaa hin te'a» jedhe. 17 Namichalle'een, «Ati dubbii
niitii teetii waan dhageetteef, midhaan muka ani,
‹Hin nyaatin› jedhee si ajajelle waan nyaatteef, «Latti
sababa keetiif ta abaarante hin teeti; atille bara jiruu
teetii mara eloo guddo'oon irraa hin nyaatta. 18 Latti
qore'ee fi qumi'uuduu si'iif hin baachi; atille biqiltuu
badda'aa nyaatta. 19 Ati biyye'e, deebitee biyyee hin
teeta. Biyyee irraa waan dadanteef, gara isi'ii haga
deebitutti, danfitee eloottee sagalee teeti hin nyaatta»
jedhe. 20 Namichi niitiin isaa haadha worra jiraata'aa
waan teeteef, maqaa isi'ii «Heewwan» jedhee baase;
21 Mootiin Waan Maraa Waaqi Addaamii fi niitii
isaatiif gogaa irraa woyaa hujee itti uffise. 22 Achiin
duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, «Kunoo, nami
hantu'uu fi dansaa beekiisaan nu keessaa akka
tokkoo te'eera. Ammalle harka ifiitiin hiixatee midhaan
muka jiru'uu fuudhee nyaatiisaan, haga bara baraa
le'uu hin qabu!» jedhe. 23 Tanaaf Mootiin Waan Maraa
Waaqi addee oorruu Edenii keessaa isa baasee,
lafa irraa dadame akka qotu godhe. 24 Waaqi nama
baaseen duuba, eennulle gara muka jiru'uu akka
hin dhikaanneef, addee oorruu Edenii maddii aduun
baatuun ergantoota ifii dada ol-gubba'aa ta koola
qadduu fi shallaagaa akka ibiddaa bobe'u ka gara
mara garagaggalu keye.

**4** Namichi niitii ifii Heewwan bira geye; isiin ulfoottee
ilma deette; «Ani qarqaarsa Waaqaatiin ilma tokko
dhaggadheera» jettee maqaa isaa, «Qaayin» baache.
2 Ammalle obboleessa isaa «Abeel» deette. Abeel
tissee hoole'ee te'ee, Qaayin ammoo qottuu lafaa te'e.
3 Gaafa tokko Qaayin midhaan lafaa irraa Mootii Waan
Maraatiif kennansa dhikeesse; 4 Abeelille buruusota
qara dhalatane keessaa qalee, cooma isaanii ciincaa
Mootii Waan Maraatiif dhikeesse; Mootiin Waan Maraa
Abeelii fi kennansa isaatitti gammade. 5 Qaayinii fi
kennansa isaatitti ammoo hin gammanne. Maarre
Qaayin aaree bobe'ee, mataa buuse. 6 Yennaa
san Mootiin Waan Maraa Qaayiniin, «Maaf aartee
bobeette? Maaf mataa buutte? 7 Waan dansaa adoo
hujjee jiraattee, fudhatama dhaggattaayyuu motii?
Waan dansaa yoo hin hujin ammoo, cubbuun balbala
teeti duratti dhokatteerti; ati ammoo isii injifatuu
qadda!» jedhe. 8 Achiin duuba Qaayin obboleessa ifii
Abeeliin, «Koy, gara diidaa baanaa» jedhe. Yennaa
gara diidaa bayane, Qaayin obboleessa ifii Abeel irratti
ka'ee ijjeese. 9 Yennaa san Mootiin Waan Maraa,
«Obboleessi keeti Abeel eessa jira?» jedhee Qaayin
gaafate; inni deebisee, «Ani hin beeku, obboleessa
kiyya ka eegu anaa?» jedhe. 10 Mootiin Waan
Maraalle Qaayiniin, «Wonni ati goote kun maan?
Dhiigi obboleessa keetii lafa irraa gara kiyya iyyata.
11 Lafa dhiiga obboleessa keetii uniisaaf afaan bante
irratti, amma ati abaarantee hin ari'anta. 12 Yennaa
lafa qottu, latti midhaan sii hin baachu; biyya lafaa
irra baqataa daaqaleessa hin teeta» jedhe. 13 Qaayin
deebisee Mootii Waan Maraatiin, «Adabami kiyya ka
ani ba'atuu dande'u caala. 14 Kunoo, ati adha lafa
qotii irraa na ariiteerta; fuula keeti duraa dhokatuu
qaba. Ani biyya lafaa irra baqataa daaqaleessa hin
te'a; nami na dhagge martinuu na hin ijjeesa» jedhe.
15 Mootiin Waan Maraa ammoo, «Akkasii moti. Nami
tokko yoo si ijjeese, ani dachaa torba haluu isa hin
baya» jedheen. Tanaaf Mootiin Waan Maraa nami
Qaayin dhagge akka hin ijjeenneef, beessisa itti
godhe. 16 Achiin duuba Qaayin Mootii Waan Maraa
duraa bayee, addee oorruu Edeniitiin gara aduun
baatu lafa, «Daaqiisa» jedhantu le'e. 17 Qaayin niitii
ifii bira geye; isiin ulfoottee ilma deette; maqaan
isaalle, «Henok» jedhame; Qaayin qachaa tokko
ijaaree, «Henok» jedhee maqaa ilma ifii itti baase.
18 Henok, Iraad uumate; Iraad, Mahuyaa'el uumate;
Mahuyaa'el, Maatushaa'el uumate; Maatushaa'elille,
Laamek uumate. 19 Laamek dubartoota lama fuudhe;
maqaan takkatti'ii Aada'a, maqaan taanii Xiila'a. 20
Aadaan, Yaabaal deette; inni abbaa sanyii worra
dunkaana keessa le'anee horii horsiisanee ti. 21
Maqaan obboleessa isaalle Yubaal; inni abbaa sanyii
worra kiraara dhowaneetii fi suusullee afuufanee ti. 22
Xiilaan, Tubaal-Qaayin deette. Inni sibiilaa fi sageettuu
irraa meya adda addaa mara huje. Obboleettiin
Tubaal-Qaayinii, Naa'ima'a. 23 Laamek niitota ifiitiin,
«Ee Aada'a, ee Xiila'a! Na dhage'a'a; niitota Laamekii,
waan ani jedhu dhage'a'a. Nami yoo na madeesse,
dargaggeessi yoo na dirmammeesse ani hin ijjeesa.
24 Ka Qaayin ijjeesu dachaa torba haluu ka bayanu
yoo te'e, ka na ijjeesu dachaa torbaatamii torba haluu
bayan» jedhe. 25 Addaam ammalle niitii ifii bira geye;
isiille ilma deettee, «Nama Qaayin ijjeese, addee

Abeelii Waaqi ilma naa kenne» jettee maqaa isaa, «Sheeti» jettee baatte. 26 Sheetille ilma uumate; innille maqaa isaa, «Enoshi» jedhee baase; namooti bara san maqaa Mootii Waan Maraa waammatiisa jalqabane.




*Yesuus ammoo, «Abba'a, isaan waan godhiisatti jiranu waan hin beenneef, isaaniif araarami!» jedhe. Isaan carraa buufatiisaan woyaa isaa qoodamane.*

Luqaasii 23:34

# Yohaannisii

1 Biyyi lafaa dadamiisaan duraayyuu, Jechi jira;
Jechille Waaqa woliin jira; Jechinuu Waaqumaayyu.
2 Inni jalqabumaa Waaqa woliin jira. 3 Waaqi karaa
isaatiin waan maraa dade; dada maraa keessaa
tokkolle isaan malee hin dadanne. 4 Isa keessa jiru'utti
jira; jiruun sun ifa namootaa ti. 5 Ifi dukkanatti ifa;
dukkanti ijjumaa ifa hin injifattu. 6 Nami Waaqa biraa
ergame, ka Yohaannis jedhamu tokko jiraayyu. 7 Inni
nami martinuu dubbii isaa dhage'ee akka dhugeeffatu,
marroo ifa sanii kolba'atti himiisaaf dhufe. 8 Inni
marroo ifa sanii himiisaaf dhufe malee, ifiif ifaa moti.
9 Ifi gara biyya lafaa dhufee nama maraaf issu sun
ifa dhuga'aa ti. 10 Inni biyya lafaa keessa jiraayyu;
Waaqi karaa isaatiin biyya lafaa dade; biyyi lafaa
ammoo isa hin beenne. 11 Inni gara biyya ifii dhufe;
kolbaan isaa ammoo isa hin fudhanne. 12 Te'uu
malee, worra isa fudhatee itti dhugeeffate maraaf,
akka ijoollee Waaqaa te'anuuf midda kenne. 13 Isaan
Waaqa irraa dhalatane malee, fedha dhiiraa irraa
yookiin fedha foonii irraa yookiin fedha dhiigaa irraa
hin dhalanne. 14 Jechi nama te'ee, badhaadhaa
fi dhuga'aan guutamee, odduu teenna le'e. Nuuti
ulfinna inni akka Ilma Abba'aaf tokkochaatitti fudhate
dhaggine. 15 Yohaannis, « ‹Ka ana duubaan dhufu,
adoo ani hin dhalatinuu waan jiruuf, inni guddoo na
caala› jedhee ka ani dubbadhe isa» jedhee iyyee
dhugaa baye. 16 Guutummaa badhaadha ifii irraa
inni nu maraa eebbisee, eebba irratti eebba dhibii
dabalee nuu kenne. 17 Waaqi karaa Muuse'eetiin
seera kenne; badhaadhaa fi dhugaan ammoo karaa
Yesuus Kiristoosiitiin dhutte. 18 Ka Waaqa dhaggeeru
tokkolle ijjumaa hin jiru. Ilmi tokkochi isaa Waaqi,
ka cinaa Abba'aa jirutti isa mudhise. 19 Yihudooti
baallii qabanu hayyootaa fi Lewwoota garii, «Ati
eennuu?» jedhanee akka isa gaafatanu Yerusaalem
irraa gara Yohaannisii ergane. 20 Yohaannis, «Ani
Masiihii moti» jedhee dubbatee dhugaa baase malee,
deebisiisaaf hin didanne. 21 Isaan, «Ati eennu ree?
Ati Eliyaasii» jedhanee isa gaafatane. Yohaannis,
«Waawwoo ani isaa moti» jedhee deebise. Isaan,
«Ati Raagichaa ree» jedhanee gaafatane. Inni,
«Waawwoo» jedhee deebise. 22 Isaan, «Ati eennu
ree? Worra nu ergeef deebii deebinnee himuu qanna.
Ati eennu ifiin jetta?» jedhaneen. 23 Yohaannis
deebisee, «Isaayaasiin raagichi akkuma dubbate,
ani ‹Qoonqoo nama daandii Goottaan irra ideemu
qajeelcha'a› jedhaa, lafa goomole'ee keessaa iyyuu
ti» jedhe. 24 Ergantooti Fariisaayotaan ergamane, 25
«Ati Masiihii yookiin Eliyaas yookiin Raagicha yoo
hin te'in maaf cuuxxa ree?» jedhanee Yohaannis
gaafatane. 26 Yohaannis, «Ani bisaaniin isin cuupha,
ka isin hin beenne ammoo odduu teessan dhaabbata.
27 Inni na duubaan dhufaara; ani hidhaa kophee isaa
hiiku'uufille nama malee moti» jedhee deebise. 28
Wonni kun marti laga Yordaanosiitiin gama karaa
aduun baatu Bittaaniya'atti, addee Yohaannis itti
cuuphiisatti jirutti teete. 29 Boruyyaa Yohaannis,
Yesuus gara isaa dhufuun dhaggee, «Kunoo! Hooleen
Waaqaa, ka cubbuu biyya lafaa balleessu. 30 Ka
ani, ‹Ka ana duubaan dhufu, adoo ani hin dhalatinuu
waan jiruuf, inni na caala› ka ani jedhe isaa kana.
31 Aninuu inni eennu akka te'u hin beenne; ammoo
akka inni kolbaa Israa'eliititti mudhatuuf, ani bisaaniin
cuuphaa dhufe» jedhe. 32 Yohaannis dhugaa bayee,
«Ayyaanni Woyyichi akka saphaliisaa ol-gubba'aa gad
dhufee isa irra bu'ee hafuun dhaggeera. 33 Aninuu
isa hin beenne, Waaqi akka ani bisaaniin cuuphuuf na
erge ammoo, ‹Ka Ayyaana Woyyichaan cuuphu, Ka
Ayyaanni Woyyichi isa irra bu'ee hafuun ati dhaggitu›
anaan jedheera. 34 Anille waan kana dhaggeera,
inni Ilma Waaqaa akka te'e isinitti hima» jedhe. 35
Guyyaa itti aanu Yohaannis ammalle barattoota ifii
lamaan woliin dhaabbatiisatti jiruun, 36 yennaa Yesuus
achiin dabaru dhaggee, «Kunoo, hooleen Waaqaa!»
jedhe. 37 Barattooti Yohaannisii lamaan dubbii
Yohaannisii tana dhage'anee, Yesuus hordofane. 38
Yesuus garagalee, isaan isa hordofanuun dhaggee,
«Maan barbaaddan?» jedhee isaan gaafate. Isaan
ammoo, «Rabbii, eessa leeta?» jedhaneen; «Rabbii»
jechuun, «Barsiisaa» jechu'u. 39 Yesuus, «Kowa'aatii
ilaala'a!» isaaniin jedhe. Maarre isaan dhaqanee
addee Yesuus le'u dhagganee, guyyaa san isa bira
oolane; yennaan sun saafowa gara saatii kudhanii ti.
40 Barattoota dubbii Yohaannis dubbate dhage'anee
Yesuus hordofane keessaa tokkochi, Indiryaasii
obboleessa Simoon Pheexroosii ti. 41 Indiryaas
dursee obboleessa ifii Simoon dhaggee, «Masiihii
dhaggineerra» jedhee itti hime; «Masiihii» jechuun,
«Kiristoos» jechu'u. 42 Achiin duuba Indiryaas Simoon
gara Yesuusii geesse. Yesuus isa ilaalee, «Ati Simoonii

ilma Yohaannisii ti; ammoo haganaa achi, ‹Keefaas›
jedhantee waamanta» jedheen; «Keefaas» jechuun
afaan Giriikiitiin, «Pheexroos» jechu'u; Pheexroos
jechuun, «Rassaa» jechu'u. 43 Guyyaa itti aanu
Yesuus Galiilaa dhaqiisaaf murteeffate. Inni Filiphoos
dhaggee, «Ana hordofi!» jedheen. 44 Filiphoos
akkuma Indiryaasiitii fi Pheexroosii, nama qachaa
Betsayda'aa ti. 45 Filiphoos Naataanaa'el dhaggee,
«Nuuti ka Muuseen kitaaba seeraa keessatti marroo
isaa barreesse, ka raagotille marroo isaa barreessane
dhaggineerra. Inni nama biyya Naaziretii, Yesuusii
ilma Yoseefii ti» jedheen. 46 Naataanaa'el, «Naaziret
keessaa wonni dansaan dhaggamuu dandeettii?»
jedhee Filiphoos gaafate. Filiphoos, «Koyiitii ilaali!»
jedhee deebise. 47 Yesuus yennaa Naataanaa'el gara
isaa dhufuun dhagge, «Kunoo, nami dhugumaan
Israa'elichi, ka dharti tokkolle isa keessa hin jirre!»
jedhee marroo isaa dubbate. 48 Naataanaa'el,
«Eessatti na beetta?» jedhee gaafate. Yesuus,
«Filiphoos adoo si hin waaminuu, muka harru'uu
jala jirtuunuu si dhagge» jedheen. 49 Naataanaa'el,
«Barsiisa'a, ati Ilma Waaqaa ti! Ati mootii Israa'elii ti!»
jedhee deebise. 50 Yesuus, «Yennaa ati muka harru'uu
jala jirtuu si dhagge waan ani jedheef dhugeeffataa?
Ati waan guddoo kana caaluu hin dhaggita» jedhe.
51 Yesuus itti dabalee, «Dhugaa isinitti hima: Ol-
gubbaan banantee, ergantooti Waaqaa Ilma Namaa
irra ol bayaa gad buutuun hin dhaggitan» jedheen.

**2** Guyyaa sadeesso'oo qachaa Qaana'aa ka
lafa Galiila'aa keessa fuudhaa fi heerumatti
jiraayyu. Haati Yesuusiille achi jirtiiyyu. 2 Yesuusii
fi barattooti isaalle gara fuudhaa fi heeruma sanii
waamamaneeran. 3 Yennaa daadhiin woyni'ii
dhumatte, haati Yesuusii, «Daadhii woyni'ii isaan
duraa dhumatte» Yesuusiin jette. 4 Yesuus, «Aayyaa,
waan huju natti himu'uuf hin malle; yennaan tiyya
ammalle hin geenne» jedhee deebise. 5 Achiin
duuba haati Yesuusii, «Waan inni isinitti himu
godha'a» jettee tajaajiltootatti hinte. 6 Yihudooti
aadaa dhugeeffanna'aa ka ittiin ifi qulleessanu waan
qabanuuf, okkotooti gugurdoon dhakaa irraa hujante
jaan achi jirtiiyyu; tokko tokkoon isaanii gara litirii
saddeettamaa haga litirii dhibbaa fi diddamaa qabuu
dande'an. 7 Yesuus tajaajiltootaan, «Okkotoota
san bisaaniin guuta'a» jedhe. Isaanille haga afaanii
guutane. 8 Achiin duuba inni isaaniin, «Amma
budduussa'aatii, itti gaafatamaa jilaatitti geessa'a»
jedhe. Isaanille isaaf geessane. 9 Itti gaafatamaan
jilaalle bisaan daadhii woyni'ii te'e san fiixxisee
ilaale. Tajaajiltooti worri bisaan budduusse beekanuu
malee, inni daadhiin woyni'ii tun eessaa akka dhutte
hin beenne; maarre inni waajibicha waamee, 10
«Nami marti dursee daadhii dansaa namaa kennee,
keessummooti untee quutteen duuba daadhii calcala
namaa kenna. Ati ammoo daadhii dansittii haga
ammaa tursite!» jedheen. 11 Yesuus qachaa Qaana'aa
ka lafa Galiila'aa keessatti bilbaasa qaraa kana
huje; achitti ulfinna ifii mudhisee, barattooti isaalle
isatti dhugeeffatane. 12 Kanaan duuba, Yesuus
haadha ifii, obboleeyyanii fi barattoota ifii woliin
gara Qifirnaahoomii dhaqe; isaan guyyoota diqqaa
achi turane. 13 Guyyaan Jila Irra Dabaramaa
dhikaateeruun, Yesuus gara Yerusaalemii dhaqe. 14
Achitti inni Galma Waaqaa keessatti kolbaa loon,
hoole'ee fi saphaliisa gurgurattu, worra beesee
jijjiiratulle xarapheessaa isaanii bira tee'iisatti jiranuun
dhagge. 15 Maarre inni lichee wodaro'oo dhowatee,
isaan maraa, hoole'ee fi loon, horii maraayyuu Galma
Waaqaa keessaa gad oofe; inni xarapheessaa worra
beesee jijjiiratuu garaggaggalchee beesee isaaniille
bittinneesse. 16 Worra saphaliisa gurguratu saniin,
«Waan kana as keessaa gad baasa'a! Mana Abbaa
kiyyaa addee dikko'oo hin godhina'a!» jedhee ajaje. 17
Barattooti isaa, «Hinaaffaan mana keetii, akka ibiddaa
na guddi» jedhantee ta barreeffante san qaabatane.
18 Yihudooti baallii qabanu, «Ati waan kana godhiisaaf
baallii akka qaddu nu'utti mudhisiisaaf bilbaasa maan
godhuu dandeetta?» jedhanee isa gaafatane. 19
Yesuus, «Galma Waaqaa kana diiga'a! Ani guyyaa
sad keessatti deebisee hin ijaaraa» jedhee deebise.
20 Yihudooti baallii qabanu, «Galma kana ijaariisaaf
woggaa afurtamii jaa fixeera, ati guyyaa sad keessatti
deebittee ijaartaa?» jedhanee isa gaafatane. 21 Galmi
Waaqaa ka Yesuus dubbate sun nafuma Yesuusii ti.
22 Maarre inni du'aa ka'een duuba, barattooti isaa
akka inni tana dubbate qaabatanee, Barreeffama
Woyyichaa fi waan Yesuus dubbate dhugeeffatane.
23 Yennaa Jila Irra Dabaramaa Yesuus Yerusaalem
keessa jiruun, namooti hedduun bilbaasa inni godhe
dhagganee isatti dhugeeffatane. 24 Yesuus ammoo
namoota maraa waan beekuuf, isaan hin addanne.

25 Inni ifiifuu waan gadhaa namaa keessa jiru waan
beekuuf, marroo namootaa akka isatti himu nami
tokkolle hin barbaachinne.

**3** Gosa Fariisaayotaa keessaa sooressi Yihudootaa,
ka Niqoodemoos jedhamu tokko jiraayyu. 2 Inni
halkan tokko gara Yesuusii dhaqee, «Barsiisa'a,
akka ati barsiisaa Waaqa biraa ergame teete
beenneerra. Yoo Waaqi isa woliin jiraate malee
bilbaasa ati hujattu kana eennulle dande'ee hin
huju» jedheen. 3 Yesuus, «Ani dhugaa sitti hima;
eennulle yoo lammeessoo hin dhalatin mootummaa
Waaqaa dhagguu hin dande'u» jedhee deebise.
4 Niqoodemoos, «Nami guddateen duuba attam
dhalatuu dande'a? Lammeessoo gadaamessa haadha
ifii seenee dhalatuu hin dande'aa?» jedhee Yesuus
gaafate. 5 Yesuus deebisee, «Ani dhugaa sitti hima,
eennulle bisaanii fi Ayyaana Woyyichaan yoo hin
dhalatin, mootummaa Waaqaatitti galuu hin dande'u.
6 Nama foonii irraa ka dhalate foon; ka Ayyaana irraa
dhalate ammoo Ayyaana. 7 Waan ani, ‹Lammeessoo
dhalatuu qaddan› si'iin jedheef hin masoonfatin.
8 Bubbeen gara feete bubbitti; ati bubbisiisa isi'ii
hin dhageetta, ammoo eessaa akka dhuttu yookiin
eessa akka deentu hin beettu. Ayyaana irraa ka
dhalate maraayyuu akkasuma» jedhee deebise. 9
Niqoodemoos, «Kun attam te'uu dande'a?» jedhee
Yesuus gaafate. 10 Yesuus, «Ati barsiisaa Israa'elii
teetee waan kana hin beettuu? 11 Ani dhugaa
si'itti hima: Nuuti waan beennu dubbanna; waan
dhaggine dhugaa baana; isin ammoo dhugaa bayiisa
keenna hin fudhattanu. 12 Yennaa ani marroo waan
biyya lafa tanaa isinitti himu yoo hin dhugeeffatin,
yennaa ani marroo waan ol-gubba'aa isinitti himu
attamiin dhugeeffattan ree? 13 Ilma Namaa ka ol-
gubba'aa gad dhufe malee, ka gara ol-gubba'aa
ol baye eennulle hin jiru. 14 «Akkuma Muuseen
lafa goomole'ee keessatti dhudhuufaa sageettu'uu
dongoraa irratti ol fuudhe rarraase, akkasuma Ilmi
Namaalle ol fuudhamee rarraafamuu qaba. 15 Kunille
ka isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka
qabaatuuf. **(aiōnios g166)** 16 Nami isatti dhugeeffatu
maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin
banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf
Ilma ifii tokkochuma san kenne. **(aiōnios g166)** 17 Biyya
lafaa karaa isaatiin akka fayyisuuf malee, akka itti
muruuf Waaqi Ilma ifii gara biyya lafaa hin ergine. 18
«Ka Ilma isaatitti dhugeeffatutti hin murantu; ka isatti
hin dhugeeffanne ammoo, waan inni Ilma Waaqaa
tokkochatti hin dhugeeffatiniif, ammumaayyuu itti
muranteerti. 19 Muraalleen kunoo tana: Ifi gara biyya
lafaa dhufe, namooti ammoo hujiin isaanii hantuu
waan teeteef, ifa caalaa dukkana jaalatane. 20
Ka waan hantuu godhu marti ifa jibba; hujiin isaa
hantuun akka hin mudhanneef gara ifaa hin dhufu. 21
Ka waan dhuga'aa godhu marti ammoo hujiin inni
Waaqaaf ajajamiisaan huje san akka ifi mudhisuuf
gara ifaa dhufa» jedheen. 22 Kanaan duuba Yesuusii
fi barattooti isaa gara lafa Yihuda'aa dhaqane; inni
isaan woliin diqqoo achi bubbulee, kolbaalle cuuphe.
23 Addee Enon jedhantu ta Saalemitti dhiko'oo, bisaan
guddaan waan jiruuf Yohaannis achille'etti cuuphe.
Kolbaalle gara isaa dhaqaa cuuphamaa turte. 24
Yennaa san Yohaannis hidhamee hin jiru. 25 Barattooti
Yohaannisii gariin marroo aadaa qulqulloomiisaa
Yihudicha tokko woliin wol mormiisatti ka'ane. 26
Maarre isaan gara Yohaannisii dhaqanee, «Barsiisa'a,
namichi Yordaanosiin gamatti si woliin jiru, ka ati
marroo isaa dhugaa baate, kunoo amma cuuphiisatti
jira; nami marti gara isaa dhaqiisatti jira!» jedhanee itti
himane. 27 Yohaannis deebisee, «Waaqi yoo kenneef
malee, eennulle waan tokkolle hin qabaatu. 28 ‹Ani
Kiristoosii moti; ammoo isaan dura ergameeraa› akka
ani jedhe isinuu dhugaa tiyya. 29 Ka waajibittii qabu
waajibicha; jaalli waajibichaa, ka isa bira dhaabbatee
qoonqoo isaa caqasu ammoo, yennaa qoonqoo
waajibichaa dhage'u hin gammada. Gammadi sun
kiyya; inni amma muummowe. 30 Inni guddaa te'ee,
ani diqqaa te'uu qaba. 31 «Ka ol-gubba'aa dhufu
mara caala. Ka lafa tanaa kama lafa tanaa ti; waan
lafaalle dubbata; ka ol-gubba'aa dhufu ammoo mara
caala. 32 Inni waan dhaggee fi waan dhage'e dhugaa
baya; ammoo dhugaa baya isaa ka fudhatu hin jiru.
33 Nami dhugaa baya isaa fudhate ammoo, Waaqi
dhugaammessa akka te'e kanaan mirkaneesse. 34
Waaqi Ayyaana ifii safara male waan kennuuf, ka
Waaqi erge dubbii Waaqaa dubbata. 35 Abbaan Ilma
jaalata; waan maralle harka isaatitti kenneera. 36 Ka
Ilmatti dhugeeffatu mara jiruu bara baraa qaba; ka
Ilma Waaqaatiif hin ajajanne ammoo mufii Waaqaa
jala jiraata malee, jiruu hin qabaatu» jedhe. **(aiōnios
g166)**

4 Yesuus Yohaannis caalaa barattoota akka
dabalatiisatti jiruu fi cuuphiisatti jiru worri
Fariisaayotaa dhage'ane. 2 Te'uu malee, ka cuuphe
barattoota isaa ti malee, Yesuusii moti. 3 Maarre
Yesuus waan jedhamiisatti jiru yennaa dhage'e, biyya
Yihuda'aa lakkisee deebi'ee gara Galiila'aa dhaqe. 4
Inni Yennaa achi dhaqu Samaariyaa keessa dabaruu
qabaayyu. 5 Maarre Samaariyaa keessatti inni gara
qachaa Siikaar jedhamuu, ka fichaa Yaaqoob ilma
ifii Yoseefiif kennetti dhikaatuu tokko dhufe. 6 Boolli
bisaanii ta Yaaqoobii achi jirtiiyyu; Yesuus ideemiisaan
dadhabee boolla bisaanii bira tee'e. Yennaan sun
orraa gara saatii jaa ti. 7 Dubartiin Samaariya'aa
takka bisaan woraabbatiisaaf yennaa dhutte, Yesuus
isi'iin, «Bisaan uni'ii naa kenni!» jedheen. 8 Yennaa
san barattooti isaa sagalee bitiisaaf gara qacha'aa
dhaqaneeran. 9 Dubartiin sun, «Ati nama Yihudi'ii
teetee ana dubartii samaariya'aa attam bisaan uni'ii
gaafatta?» jetteen. Yihudooti muduunu'uu fi qorii
samaariyooti itti sooratanutti hin sooratanu. 10 Yesuus
deebisee, «Kennansa Waaqaatii fi ka bisaan uni'ii si
gaafatiisatti jiru kun eennu akka te'e adoo beettee
jiraattee, atinuu silaa isa gaafattee, inni bisaan jiru'uu
si'iif kennaayyu» jedhe. 11 Dubartittiin, «Goottaa kiyya,
ati waan ittiin woraabbattu hin qaddu; boollille qile'e;
bisaan jiru'uu san eessaa fidda ree? 12 Ati abbaa
keenna Yaaqoob ka boolla tana nu'uuf kenne, ka
innii fi ijoolleen isaa, horiin isaa maraayyuu keessaa
unane, hin caaltaa?» jetteen. 13 Yesuus deebisee,
«Bisaan kana ka unu marti deebi'ee hin dheebota;
14 bisaan ani isaaf kennu ka unu ammoo ijjumaa
deebi'ee hin dheebotu. Bisaan ani isaaf kennu sun
isa keessatti madda jiruu bara baraa burqu te'a»
jedhe. **(aiōn g165, aiōnios g166)** 15 Dubartittiin, «Goottaa
kiyya, akka ani ijjumaa hin dheebonnee fi bisaan
woraabiisaaf akka ani as hin deebine, bisaan kana
naaf kenni» jetteen. 16 Yesuus, «Dhaqiitii, abbaa
manaa keeti waamii koy» jedheen. 17 Dubartittiin,
«Ani abbaa manaa hin qabu» jetteen. Yesuus, «
‹Abbaa manaa hin qabu› jedhiis keeti dhuga'a. 18
Ati nama shan heerumteerta; namichi ati amma
woliin jirtu abbaa manaa keetii moti. Wonni ati
jette dhuga'a» jedheen. 19 Dubartittiin, «Goottaa
kiyya, akka ati raagaa teete dhagga. 20 Abbootiin
teenna gaara kana irratti Waaqa waaqonfatane; isin
ammoo Yihudooti addeen Waaqa itti waaqonfannu
Yerusaalem te'uu qaba jettan» jetteen. 21
Yesuus, «Dubartii tana, gaara kana gubba'atti
yookiin Yerusaalemitti yennaan kolbaan Abbaa hin
waaqonfanne akka dhufaartu na dhugeeffadhu. 22
Isin worri Samaariya'aa waan waaqonfattanu hin
beettanu; nuuti ammoo Yihudooti fayyinni Yihudoota
keessaa waan dhufuuf, waan waaqonfannu beenna.
23 Yennaan worri dhuga'aan waaqonfatu, Ayyaanaa
fi dhuga'aan Abbaa waaqonfattu ammoo hin dhutti;
ammumaayyuu dhutteerti. Inni worra akkas dhuga'aan
isa waaqonfatanu barbaada. 24 Waaqi Ayyaana;
worri isa waaqonfatulle Ayyaanaa fi dhuga'aan isa
waaqonfatuu qaba» jedheen. 25 Dubartittiin isaan,
«Masiihiin Kiristoos jedhamu akka dhufu hin beeka;
inni yennaa dhufe waan mara nu'utti hima» jetteen.
26 Yesuus deebisee, «Ani ka si woliin dubbatiisatti
jiruuyyuu isa» jedheen. 27 Yennuma san barattooti
Yesuusii deebi'anee dhufane; Yesuus dubartii woliin
dubbatiisatti jiruun dhagganee masoonfatane; ammoo
isaan keessaa nami tokkolle, «Maan barbaadde?»
yookiin, «Maaf isii woliin dubbatta?» ka jedhe hin
jiru. 28 Achiin duuba dubartittiin okkotee ifii ta bisaanii
achitti lakkittee, gara qacha'aa deebitee dhaxxee,
kolba'aan, 29 «Namicha waan ani godhe mara
natti hime kowa'aatii ilaala'a. Inni Masiihii te'innaa?»
jette. 30 Maarre isaan qachaa keessaa bayanee
gara Yesuusii yaa'ane. 31 Yennuma san keessatti
barattooti, «Barsiisa'a, woy nyaadhu!» jedhanee isa
kadhatane. 32 Inni ammoo, «Ani sagalee nyaadhu ta
isin hin beenne qaba» jedhe. 33 Maarre barattooti,
«Nami woyii sagalee isaa fidee jiraatinaa?» jedhanee
wol gagaafatane. 34 Yesuus isaaniin, «Sagaleen tiyya,
fedhii ka na ergee godhu'uu fi hujii isaa muummessu'u.
35 Isin, ‹Ji'a afuritti hafeera; achiin duuba haammaan
hin geetti› jettanii motii? Ani ammoo isinitti hima; me
fichaa keessan miidhassa'aa ilaala'a; ammumaayyuu
midhaan bilchaatee haamma'aaf geyeera! 36 Worri
haamu ammumaayyuu gatii fudhatiisatti jira; midhaalle
jiruu bara baraatiif wolitti qabiisatti jira; kunille ka
facaasuu fi ka haamu akka woliin gammaduuf
te'a. **(aiōnios g166)** 37 Maarre mammaassi, ‹Tokko
hin facaasa, kuun hin haama› jedhu dhuga'a. 38
Ani waan hin elowin akka haammattanu isin erge;
worri dhibiin elowee, isin eloo isaanii irraa bu'aa
dhaggattane» isaaniin jedhe. 39 Dubartittiin, «Waan
ani godhe mara natti hime» jettee waan dhugaa

baateef worri Samaariya'aa ka qachaa san keessaa
hedduun isatti dhugeeffatane. 40 Maarre worri
samaariya'aa yennaa gara isaa dhufane, isaan woliin
akka turuuf isa gaafatanee, Yesuus guyyaa lamaan
isaan woliin achi ture. 41 Sababa dubbii isaatiif
namooti hedduun dhibiille dhugeeffatane; 42 isaan
dubartitti'iin, «Yoona nuuti wonni dhugeeffannuuf,
waan ati jette calla'aaf adoo hin te'in, nuutinuu isa
dhageenneerra; inni dhugumaan fayyisaa biyya lafaa
akka te'e beenneerra» jedhane. 43 Guyyaa lamaan
duuba, Yesuus ka'ee gara Galiila'aa dhaqe. 44
Inninuu, «Raagaan tokko biyya ifiititti hin ulfaatu»
jedheera. 45 Worri Galiila'aa Jila Irra Dabaramaatiif
gara Yerusaalemii dhaqaneeranuun, yennaa jilaa
sanitti waan inni godhe mara waan dhagganeeranuuf,
yennaa inni Galiilaa geye isa fudhatane. 46 Achiin
duuba Yesuus, addee bisaan gara daadhii woyni'ii
itti jijjiire, gara qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa
keessaa, deebi'ee dhaqe. Qondaalli mootumma'aa
ka Qifirnaahoomitti ilmi isaa dhibameeru tokko achi
jiraayyu. 47 Yesuus Yihudaa irraa gara Galiila'aa akka
dhufeeru yennaa dhage'e, gara isaa dhaqee akka
inni Qifirnaahoom deemee, ilma isaa ka dhibamee
du'iisa geyeeru fayyisuuf isa gaafate. 48 Yesuus
isaan, «Isin bilbaasaa fi baasa dhaggittanu malee
ijjumaa hin dhugeeffattanu» jedheen. 49 Qondaaltichi
mootumma'aalle, «Goottaa kiyya, ilmi kiyya adoo hin
du'in maganne'ee koy!» jedheen. 50 Yesuus isaan,
«Gali; ilmi keeti hin jiraata!» jedheen. Namichille
dubbii Yesuus dubbate dhugeeffatee deeme. 51
Adoo inni galiisatti jiruu, tajaajiltooti isaa karaa irratti
dhagganee, ilmi isaa akka jiru itti himane. 52 Inni
saatii mucaan isaa itti goome isaan gaafatee jennaan,
isaan, «Kalee saatii torbatti dhibeen nafa o'ittu sun isa
lakkitte» jedhanee deebisane. 53 Achiin duuba abbaan
muca'aa saatii Yesuus, «Ilmi keeti hin jiraata» jedhetti
akka teete hubate. Tanaaf innii fi maatiin isaa maraa
dhugeeffatane. 54 Bilbaasi kun ka Yesuus Yihudaa
irraa gara Galiila'aa deebi'ee dhufee, lammeessoo
huje.

5 Kanaan duuba, Yesuus jila worra Yihudootaatiif
gara Yerusaalemii dhaqe. 2 Yerusaalem keessa
karra hoolotaa bira haroon seensuma gaaddisa
qabu shan qaddu takka jirtiiyyu; afaan Hibrootaatiin
«Betzataa» jedhanti. 3 Kolbaan hedduun dhibanteertu,
ballooleen, naafole'ee fi worri nafa laashowe
seensuma gaaddisa qabu san keessa irkatanee
[tacho'iisa bisaanii eegatiisatti jiraniiyyu. 4 Ergamaan
Waaqaa yennaa tokko tokko haroo keessa gad
bu'ee bisaan tachoosa. Bisaan tacho'eeruun duuba
nami dhibamaan dursee haroo keessa gad bu'e,
dhukkuba isa qabeeru mara irraa hin fayyaayyu.]
5 Namichi woggaa soddomii saddeeti dhibamaa
tureeru tokko achi jiraayyu. 6 Yesuus isaa achi
irkatiisatti jiru dhaggee, yennaa hedduu akka inni
akkas dhibamaa ture beekee, «Fayyuu barbaaddaa?»
jedhee isa gaafate. 7 Namichi dhibamaan sun,
«Gootta'a, bisaan yennaa tacho'u nama haroo keessa
na buusu hin qabu; adoo ani seeniisaaf wodhaanuu,
nami dhibiin anaan dura seena» jedhee deebise. 8
Yesuus, «Ka'i, itillee teeti fudhadhuu, deemi» jedheen.
9 Namichi yoosuma fayyee, itillee ifiille fudhatee
deeme. Guyyaan wonni sun teete sanbata. 10 Maarre
Yihudooti, namicha fayye saniin, «Adhi sanbata; itillee
teeti ba'atiisa seerri keenna si dhoogga» jedhane. 11
Inni deebisee, «Namicha na fayyisetti, ‹Itillee teeti
fudhadhuu deemi!› anaan jedhe» isaaniin jedhe.
12 Isaan, «Namichi, ‹Itillee teeti fudhadhuu deemi!›
siin jedhe eennu inni?» jedhanee isa gaafatane. 13
Gumiin addee sanitti waan heddatteertuu fi Yesuusille
achii waan deemeeruuf, namichi fayye sun Yesuus
eennu akka te'e hin beenne. 14 Achiin duuba Yesuus
Galma Waaqaa keessatti isa dhaggee, «Kunoo, amma
fayyiteerta; maarre wonni kana caalu akka sitti hin
dhunne, haganaa achi cubbuu hin hujin» jedheen. 15
Achiin duuba namichi deemee, ka isa fayyise Yesuus
akka te'e, Yihudootatti hime. 16 Maarre sababa
Yesuus sanbataan fayyiseef, Yihudooti isa miidhiisa
jalqabane. 17 Yesuus, «Abbaan kiyya yennaa mara
hujiisatti jira; anille hujuu qaba» isaaniin jedhe. 18
Yesuus seera sanbataa balleessuu qofaa adoo hin
te'in, Waaqi abbaa kiyya jedhee Waaqaan waan ifi
qixxeesseef, Yihudooti isa ijjeesiisaaf jabeessane
barbaadane. 19 Maarre Yesuus deebisee, «Ani
dhugaa isinitti hima, Ilmi ifuma ifiitiin womaa godhuu
hin dande'u; inni woma Abbaan isaa godhuun dhagge
qofaa godha. Woma Abbaan godhu, Ilmille godha. 20
Abbaan Ilma waan jaalatuuf, waan ifii godhu mara
isatti hin mudhisa. Akka isin masoonfattanuuf, waan
kana caaluuyyuu isatti hin mudhisa. 21 Akkuma
Abbaan worra du'ane kaasee jiruu isaanii kennu,
akkasuma Ilmille ka ifii fedheef jiruu kenna. 22

Abbaan eennulle'etti hin muru, ammoo akka muruuf
baallii guutuu Ilmaaf kenneera; 23 Nami martinuu
akkuma abbaa ulfeessu Ilmalle akka ulfeessuuf inni
tana godhe. Ka Ilma hin ulfeessine martinuu, Abbaa
isa ergelle hin ulfeessu. 24 «Ani dhugaa isinitti
hima; nami jecha kiyya dhage'u ka na ergelle'etti ka
dhugeeffatu jiruu bara baraa qaba; inni du'a irraa gara
jiru'uu tareera; isatti hin murantu. **(aiōnios g166)** 25 Ani
dhugaa isinitti hima, yennaan worri du'ane qoonqoo
Ilma Waaqaa dhage'anu dhufaarti; ammumaayyuu
dhutteerti; worri isii dhage'u jiru'uun le'a. 26 Akkuma
Abbaan madda jiru'uu te'e, Ilma ifiille madda jiru'uu
akka te'u godheera. 27 Inni Ilma Namaa waan te'eef,
muraa akka kennu, Abbaan baallii isaaf kenneera.
28 Waan kana hin masoonfatina'a; yennaan worri
du'e marti qoonqoo isaa dhage'u hin dhutti; 29
awwaala ifii keessaalle'ee hin bayan; worri dansaa
hujeeru jiruu dhaggatiisaaf ka'an; worri hantuu hujeeru
akka itti murantuuf ka'an. 30 «Ani baallii tiyyaan
womaa godhuu hin dande'u. Akkuma Abbaa kiyya
irraa dhage'e mura; waan ka na erge fedhu qofa
malee, waan ifii fedhu waan hin gooneef, muraan
tiyya dhuga'a. 31 «Ani yoo waan kiyya dhugaa
baye, dhugaa bayiisi kiyya akka dhuga'aatitti hin
fudhatamu. 32 Ammoo ka anaaf dhugaa bayu ka
dhibiin hin jira, wonni inni marroo tiyyaaf dhugaa
baye sun dhugaa akka teete ani hin beeka. 33
Isin ergantoota teessan gara Yohaannisii ergitane;
inni dhuga'aaf dhugaa baye. 34 Akka isin fayyitanu
tana jedhe malee, ani dhugaa bayiisa namaa hin
fudhadhu. 35 Yohaannis akka xassaa bobe'ee ifuu ti;
isin yenna'aaf ifa isaatitti gammadu'uuf barbaaddane.
36 Ani ammoo dhugaa baya Yohaannisiituu caalaa
dhugaa baya qaba; hujiin akka ani muummessuuf
Abbaan kiyya naa kennee, hujiisatti jiru tun, akka
Abbaan kiyya na erge dhugaa baati. 37 Abbaan kiyya
ka na ergeeyyuu dhugaa naaf bayeera. Isin ijjumaa
qoonqoo isaa hin dhageenne yookiin akka akki isaa
jiru ijjumaa hin dhaggine; 38 ka inni ergetti waan
hin dhugeeffatiniif, jecha isaa gadhaa keessanitti hin
qabanne. 39 Isin Barreeffama Woyyootaan waan
jiruu bara baraa dhaggattanu seetanee, Barreeffama
Woyyoota qorqortan. Barreeffam Woyyooti kunuu
marroo tiyya dhugaa bayan! **(aiōnios g166)** 40 Isin
ammoo jiruu dhaggatiisaaf gara kiyya dhufiisa hin
feetanu! 41 «Ani ulfinna nama irraa hin barbaadu.
42 Ammoo akka isin jaalala Waaqaa hin qanne ani
hin beeka. 43 Ani maqaa Abbaa kiyyaatiin dhufee,
isin ammoo na hin fudhanne; nami dhibiin yoo
maqaa ifiitiin dhufe, isin ammoo isa hin fudhattan. 44
Isin ulfinna wolii irraa dhaggatuu ka barbaaddanu,
ulfinna Waaqa tokkocha irraa dhufu ammoo ka hin
barbaanne, attam natti dhugeeffatiisa dandeettan
ree? 45 Ani Abbaa kiyya duratti waan isin himadhu
hin seyina'a. Muusee isin addii itti godhattanettuu
isin himata. 46 Adoo Muuse'etti dhugeeffattanee
jiraattane, inni waan marroo tiyyaaf barreesseef
natti hin dhugeeffattaniiyyu. 47 Ammoo waan inni
barreesse yoo hin dhugeeffatin, waan ani jedhu attam
dhugeeffatuu dandeettan?» jedhe.

**6** Achiin duuba Yesuus gara Abbaayaa Galiila'aa
ta Xiberiyaas jedhantuun gamatti bu'e. 2 Gumiin
hedduun baasa inni worra dhibamaa fayyisiisaan
tolche waan dhaggiteef isa hordotte. 3 Yesuus gara
gaara tokkoo ol bayee, barattoota ifii woliin tee'e.
4 Yennaa san Jilti Irra Dabaramaa ta Yihudootaa
dhikaatteertiiyyu. 5 Yesuus adaala ifii ilaalee, gumiin
hedduun gara isaa dhufiisatti jirtuun dhaggee,
Filiphoosiin, «Sagalee kolbaan tun nyaattu eessaa
binna?» jedhe. 6 Inni waan Filiphoos jedhu ilaaliisaaf
tana jedhe malee, maan akka godhu hin beekaayyu.
7 Filiphoos, «Daabboon mindaa ji'a saddeetiille
diqquma diqqoolle'een isaan mara hin geettu» jedhe.
8 Barattoota isaa keessaa, Indiryaasiin obboleessi
Simoon Pheexroosii, 9 «Mucaan tokko ka daabboo
garbu'uu xaltaa shanii fi qurxummii lama qabu as jira.
Tun ammoo kolbaa tana maraaf hin geettu» jedheen.
10 Yesuus isaaniin, «Kolbaa teessisa'a» jedhe. Marra
gudda'atti achi jiraayyu; maarre dhiirti gara kuma
shanii gad teteette. 11 Yesuus xaltaa fuudhee, Waaqa
galateeffatee, kolbaa achi tee'iisatti jirtuuf haga isaan
barbaadane qoode; qurxummiille akkasuma tolche.
12 Isaan mara yennaa quufane, inni barattoota ifiitiin,
«Hambaa hatte irraa wonni tokkolle akka hin banne
wolitti qaba'a» jedhe. 13 Maarre isaan xaltaa daabboo
garbu'uu shanan kolbaan nyaatteertuun, hambaa hatte
wolitti qabanee kollonjoo kudhanii lama guutane. 14
Kolbaan yennaa bilbaasa Yesuus huje kana dhaggite,
«Kun dhugumaan raagicha gara biyya lafaa dhufu'uu
jiruuyyu!» jette. 15 Yesuus akka isaan hunnaan isa
qabanee, mootii isa godhachu'uuf dhufaaranu beekee,

qofii ifii ammalle gara gaaraa deeme. 16 Yennaa latti
galgalootte, barattooti Yesuusii gara abbaaya'aa gad
bu'anee, 17 hoboloo takka seenanee, abbaaya'aan
gama gara Qifrinaahomii bu'iisaaf ka'ane. Latti
dukkanoottelle'een Yesuus gara isaanii hin dhunne.
18 Bubbeen waan bubbisiisatti jirtuuf bisaan raafame.
19 Haga kiiloomeetira shanii yookiin jaa shaffisa'aan
laaqaneeranuun, Yesuus bisaan gubbaa ideemaa,
gara hobolo'oo dhufee dhikaatiisatti jiruun dhagganee
bararaqane. 20 Yesuus ammoo, «Wonni anaa, hin
bararaqina'a!» isaaniin jedhe. 21 Achiin duuba isaan
gara hobolo'oo isa fudhatiisa barbaadane; hoboloon
ammoo yoosuma lafa dhaqiisatti jiranu geette. 22
Guyyaa lammeesso'oo kolbaan abbaaya'aan gamatti
hatte, hoboloon takkattiin callaan akka achi jirtu
hubatte. Yesuus barattoota ifii woliin hobolo'oon
akka hin deemin, barattooti ammoo qofuu akka
deemaneeranu kolbaan sun beette. 23 Hobolooti
dhibiin, Xiberiyaas irraa, gara lafa addee Goottaan
galata galcheeruun, kolbaan daabboo itti nyaatteen
dhikaattuu dhufane. 24 Kolbaan, Yesuusii fi barattooti
isaa akka achi hin jirre yennaa dhaggite, hoboloota san
seentee Yesuus barbaadiisaaf, gara Qifirnaahoomii
dhaxxe. 25 Kolbaan abbaaya'aan gamatti yennaa
Yesuus dhaggite, «Barsiisa'a, yoom as dhutte?»
jetteen. 26 Yesuus deebisee, «Ani dhuguma isinitti
hima; isin waan sagalee nyaattanee quuttaneef
na barbaadiisatti jirtan malee, bilbaasa kiyya waan
dhaggitaneefii moti. 27 Sagalee badduuf hin hujina'a;
sagalee jiruu bara baraatiif jiraattuuf ammoo huja'a.
Waaqi Abbaan, chaappaa ifii ka ittiin mirkaneessu
waan isa irratti godheeruuf, Ilmi Namaa sagalee san
isiniif hin kenna» jedhe. (aiōnios g166) 28 Maarre isaan,
«Hujii Waaqi akka hunyuuf barbaadu hujiisaaf maan
goona?» jedhaneen. 29 Yesuus deebisee, «Wonni
akka isin gootanu Waaqi barbaadu, ka inni ergetti
dhugeeffatiisa» jedhe. 30 Isaan, «Akka dhagginee
si'itti dhugeeffannu bilbaasa maan goota? Maan
hujja? 31 Akkuma Barreeffam Woyyichi, ‹Inni sagalee
ol-gubbaa irraa akka nyaatanu isaaniif kenne› jedhu,
Abbootiin teenna lafa goomole'ee keessatti sagalee
mannaa jedhantu nyaatte» jedhaneen. 32 Yesuus,
«Ani dhuguma isinitti hima; ka sagalee ol-gubbaa irraa
isiniif kenne Muuse'ee moti; ka sagalee dhuga'aa ol-
gubbaa irraa isiniif kennu Abbaa kiyya. 33 Sagaleen
Waaqi kennu sun, ka ol-gubbaa irraa gad dhufee, jiruu
biyya lafaatiif kennu» jedheen. 34 Isaan, «Gootta'a,
sagalee tana yennaa mara nu'uuf kenni» jedhaneen.
35 Yesuus isaaniin, «Sagaleen jiru'uu ana; ka gara
kiyya dhufu ijjumaa hin beelotu; ka natti dhugeeffatu
ijjumaa hin dheebotu. 36 Akkuma ani isinitti hime,
isin na dhaggitaneertan; ammoo hin dhugeeffanne.
37 Ka Abbaan kiyya naaf kennu mara gara kiyya
hin dhufa. Ka gara kiyya dhufu ani ijjumaa ifi irraa
hin ari'u. 38 Wonni ani ol-gubbaa irraa gad dhufeef,
fedha ka na ergee godhiisaaf malee, fedha kiyya
godhiisaafii moti. 39 Fedhiin ka na ergee, worri inni
naaf kenne mara guyyaa muumme'ee akka jiru'uuf
isaan kaasu malee, isaan keessaa tokkolle akka ani
balleessuufii moti. 40 Fedhiin Abbaa kiyyaa, nami Ilma
isaa dhaggee itti dhugeeffatu mara jiruu bara baraa
akka qabaatu. Anille guyyaa muumme'ee jiru'uuf isa
kaasa» jedhe. (aiōnios g166) 41 Worri Yihudootaa waan
inni, «Sagaleen ol-gubbaa irraa gad dhutte ana»
jedheef itti gungumiisatti ka'ane. 42 Maarre isaan,
«Namichi kun Yesuusii ilma Yoseefiitii moti? Abba'aa
fi haadha isaa hin beenna. Amma inni attamiin, ‹Ol-
gubba'aa gad bu'e› jedha ree?» jedhane. 43 Yesuus
deebisee, «Wolitti gungumiisa lakkisa'a. 44 Abbaan
na erge yoo isa harkise malee, eennulle gara kiyya
dhufiisa hin dande'u; anille guyyaa muumme'ee du'aa
isa hin kaasa. 45 Raagoleen, ‹Nami martinuu ka
Waaqi barsiise hin te'a› jedhanee barreessaneeran.
Ka Abbaa dhage'uu fi ka isa irraa baratu marti gara
kiyya dhufa. 46 Ka Waaqa biraa dhufe qofattuu Abbaa
dhaggeera male, nami tokkolle Abbaa dhaggee hin
jiru. 47 Ani dhugaa isinitti hima; nami dhugeeffatu jiruu
bara baraa qaba. (aiōnios g166) 48 Sagaleen jiru'uu
ana. 49 Abbootiin teessan lafa goomole'ee keessatti
sagalee mannaa jedhantu nyaatte; te'uu male duute.
50 Sagaleen nami akka hin duuneef akka nyaatu, ol-
gubbaa irraa gad buutu ammoo tana. 51 Sagaleen
jiraattuun ol-gubbaa irraa gad buute ana. Eennulle
yoo sagalee tana nyaate, haga bara baraa hin jiraata.
Sagaleen akka biyya lafaatiif jiruu teetuuf, ani kennu
tun, foon kiyya» isaaniin jedhe. (aiōn g165) 52 Yihudooti,
«Namichi kun attam foon isaa akka nyaannu nu'uu
kenniisa dande'a?» jedhanee wol mormiisatti ka'ane.
53 Yesuus isaaniin, «Ani dhuguma isinitti hima: isin yoo
foon Ilma Namaa hin nyaatin, dhiiga isaalle yoo hin
unin, jiruu ifi keessaa hin qaddanu. 54 Nami foon kiyya
nyaatuu fi dhiiga kiyya unu jiruu bara baraa qaba;

Ani guyyaa muumme'ee du'a keessaa isa hin kaasa.
(aiōnios g166) 55 Foon kiyya sagalee dhuga'aa ti; dhiigi
kiyyalle unii dhuga'aa ti. 56 Ka foon kiyya nyaatuu fi
dhiiga kiyya unu anaan jiraata; Anille isaan jiraadha.
57 Abbaan jiraataan akkuma na erge, Anille sababa
Abba'aa akkuma jiraadhu, nami na nyaatulle sababa
kiyya hin jiraata. 58 Sagaleen ol-gubba'aa gad buute
sun tana ree; isiin ta akka abbootiin teessan nyaattee,
ammoo achiin duuba duuteetii moti. Sagalee tana
ka nyaatu haga bara baraa hin jiraata» jedhe. (aiōn
g165) 59 Yesuus Qifirnaahoomitti Mana Waaqonfannaa
Yihudootaa keessatti yennaa barsiisiisatti jiru tana
dubbate. 60 Barattooti isaa hedduun kana dhage'anee,
«Barsiisi kun guddoo jabaata. Eennutti isa fudhatiisa
dande'a?» jedhane. 61 Yesuus akka barattooti marroo
waan kanaa gungumiisatti jiranu beekee, «Wonni
kun isin gufachiisaa? 62 Ilmi Namaa addee dur jirutti
deebi'ee ol bayiisatti jiruun yoo dhaggitane maan
jettan ree? 63 Ayyaanni Waaqaa jiruu kenna; hunni
namaa womaa bu'aa hin qaddu. Jechi ani isinitti
dubbadhe Ayyaana Waaqaa ti; jiruulle'e. 64 Ammoo
isin keessaa worri hin dhugeeffanne gariin jiran»
isaaniin jedhe. Yesuus ka isa hin dhugeeffannee fi ka
isa dabarsee kennu eennu akka te'e duruu beekeera.
65 Yesuus ede'ee, «Ani waan kanaaf ka Abbaan kiyya
akka gara kiyya dhufu godhe malee, eennulle gara
kiyya dhufiisa hin dande'u isiniin jedhe» jedhe. 66
Waan kanaaf, barattoota isaa keessaa hedduun gara
duubaa deebi'ane; eega san isa woliin hin deenne.
67 Maarre Yesuus barattoota kudhanii lamaaniin,
«Isinille deemuu barbaaddanii?» jedhee gaafate. 68
Simoon Pheexroos, «Gootta'a, gara eennuu deenna?
Ati Jecha jiruu bara baraa kennu qadda. (aiōnios
g166) 69 Ati Woyyicha Tokkocha Waaqaa akka teete
dhugeeffanneerra; beenneerralle'e» jedhaneen. 70
Yesuus deebisee, «Isin kudhanii lamaan ka file anaa
motii? Te'uu malee isin keessaa tokko Seexana»
jedhe. 71 Inni marroo Yihudaa ilma Simoonii nama
biyya keriyootii, ka barattoota kudhanii lamaan
keessaa tokko te'ulle, isa dabarsee kennaaruu
dubbate.

7 Kanaan duuba, Yihudooti baallii qabanu lafa
Yihuda'aa keessa jiranu, isa ijjeesiisaaf waan
barbaadaneef, Yesuus Galiilaa keessa deddeebi'e
malee, Yihudaa keessa deddeebi'uu hin barbaanne.
2 Jilti Yihudootaa ta jila Gose'ee jedhantu
dhikaatteertuun, 3 obboleeyyan Yesuusii isaan,
«Barattooti teeti hujii ati hujiisatti jirtu akka dhagganu,
addee tana lakkisii gara lafa Yihuda'aa deemi. 4
Eennulle guddoo beekkamuu yoo barbaade, waan
hujatiisatti jiru hin dhossu. Ati hujii tana eega hujjee,
biyya lafaatitti ifi mudhisi» jedhaneen. 5 Obboleeyyan
isaatuu isatti hin dhugeeffanne. 6 Yesuus isaaniin,
«Yennaan tiyya ta anaaf teetu ammalle hin geenne.
Yennaan martinuu isiniif ta teetu. 7 Biyyi lafaa isin
jibbiisa hin dandeettu; ani ammoo hujiin isi'ii badduu
akka teete waan himiisatti jiruuf na jibbiti. 8 Isin gara
jilaa dhaqa'a. Yennaan naaf teetu waan hin geyiniif,
ani gara jila tanaa hin dhaqu» jedhe. 9 Inni tana
jedheen duuba lafa Galiila'aatitti hafe. 10 Obboleeyyan
isaa gara jilaa deemaneeranuun duuba, Yesuusille
mudhi'iin adoo hin te'in dhokaataan dhaqe. 11 Jila
irratti Yihudooti baallii qabanu isa barbaadanee, «Inni
eessa jira?» jedhanee gaafatane. 12 Gumii keessatti
marroo isaa guddoo hasaasane. Worri gariin, «Inni
nama dansa'a» jedhe. Worri dhibiin, «Waawwo'o,
inni kolbaa dokonkorsiisatti jira» jedhe. 13 Ammoo
Yihudoota baallii qabanu waan sodaataneef, eennulle
marroo isaa mudhi'iin hin dubbanne. 14 Jilti wodhakkaa
geetteertuun, Yesuus gara Galma Waaqaa dhaqee
barsiisuu jalqabe. 15 Yihudooti baallii qabanu guddoo
maalalanee, «Namichi kun adoo hin baratin attam
akka malee wo beeka?» jedhane. 16 Yesuus deebisee,
«Wonni ani barsiisu ka na erge biraa dhutte malee,
barsiisa kiyyaa moti. 17 Nami fedhii Waaqaa godhiisa
barbaadu marti, wonni ani barsiisu Waaqa irraa
akka dhutte yookiin anummaan ifi keessaa fuudhee
akka dubbadhu hin beeka. 18 Nami ifi keessaa
fuudhee dubbatu, ulfinna ifii waan barbaaduuf tana
godha. Nami ulfinna ka isa ergeetiif huju ammoo
dhugaamessa; dharti takkaalle isa keessa hin jirtu. 19
Muuseen seera isinii kenneeraa motii? Isin keessaa
tokkolle ammoo ka seera eegu hin jiru. Isin maaf na
ijjeesiisaaf barbaaddan?» jedhe. 20 Gumiin deebittee,
«Ati durriisa ifi keessaa qadda! Eentu si ijjeesiisaaf
barbaadiisatti jira?» jetteen. 21 Yesuus, «Ani baasa
tokko hujee jennaan, isin maraayyuu maalalfattane.
22 Muuseen akka isin ilmaan teessan haqanqabaa
qaddanu isin ajaje; haqanqabaa kana ka jalqabe
Muusee adoo hin te'in abbootii teessan teetulle, isin
Sanbatalle'een ilma haqanqabaa qaddan. 23 Seerri
Muuse'ee akka hin banneef, guyyaa Sanbataatiin ilma

tokko haqanqabaa yoo ka qabanu te'e, maaf guyyaa
Sanbataatiin ani nama tokko guutuma guutu'utti
waan fayyiseef natti aartan? 24 Muraa dhuga'aa
mura'a malee, fuula ilaaltanee muruu lakkisa'a» jedhe.
25 Kolbaan Yerusaalemii gariin, «Namichi kun ka
isaan ijjeesiisaaf barbaadanuu motii? 26 Ilaala'a! Inni
badhinumatti dubbatiisatti jira; isaan isa mormanee
womaa hin jenne! Worri baallii qabu akka inni Masiihii
te'e dhugumaan beekanee jiraatanuu? 27 Yennaa
Masiihiin dhufu, inni eessaa akka dhufu eennulle hin
beeku. Namichi kun ammoo eessaa akka dhufe hin
beenna» jedhane. 28 Yesuus adoo Galma Waaqaa
keessatti barsiisuu qoonqoo ol qabatee, «Isin ana
hin beettan; eessaa akka dhufelle hin beettan. Ani
baalluma tiyyaan hin dhunne. Te'uu malee, ka na
erge dhugaamessa. Isin isa hin beettanu; 29 ani
ammoo isa biraa waan dhufee fi inni waan na ergeef
isa hin beeka» jedhe. 30 Achiin duuba isaan isa
qabiisaaf barbaadane; ammoo yennaan isaa waan
hin geyiniif eennulle harkaan isa hin tundhe. 31
Gumii san keessaa hedduun isatti dhugeeffatanee,
«Masiihiin yennaa dhufu, bilbaasa namichi kun godhe
caalaa inni bilbaasa hin godhaa laati?» jedhane.
32 Fariisaayoti gumiin waan kana marroo Yesuusii
hasaasanuun dhageettee, sooreyyiin hayyootaatii fi
Fariisaayoti Yesuus qabiisaaf eedduu Galma Waaqaa
itti ergane. 33 Yesuus, «Ani yennaa gabaadduu
calla'aaf isin woliin jiraadhee, achiin duuba gara ka na
ergee hin deema. 34 Isin na hin barbaaddan; ammoo
na hin dhaggittanu; addee ani jirulle, isin dhufuu hin
dandeettanu» jedhe. 35 Yihudooti baallii qabanu,
«Addee nuuti isa hin dhaggine inni eessa dhaqaara?
Inni addee kolbaan teenna leetu gara qachoota
Giriiki'ii dhaqee, Giriikoota barsiisiisaafii? 36 ‹Isin na
hin barbaaddan; ammoo na hin dhaggittanu; addee
ani jirulle, isin dhufuu hin dandeettanu› jechuun maan
jechuu isaa ti?» jedhane. 37 Guyyaa muummeffata
jilaa, guyyaa guddaa Yesuus ol ka'ee qoonqoo
guddo'oon, «Nami dheebote yoo jiraate gara kiyya
dhufee unuu ti. 38 Akkuma barrreeffam Woyyichi
jedhe, ‹Ka natti dhugeeffatu, maddi bisaan jiru'uu isa
keessaa burqa› » jedhe. 39 Yesuus marroo Ayyaana
Woyyicha worri isatti dhugeeffatu fudhatuutiif tana
jedhe; Yesuus gara ulfinnaa ol waan hin fudhataminiif,
yennaa san Ayyaanni Woyyichi kennamee hin jiru. 40
Gumii san keessaa namooti gariin jecha isaa kana
dhage'anee, «Namichi kun dhugumaan raagicha»
jedhane. 41 Worri dhibiin, «Inni Masiihii» jedhane.
Worri dhibiin ammoo, «Masiihiin Galiilaa irraa hin
dhufaa? 42 Barreeffam Woyyichi, Masiihiin sanyii
mooticha Daawitii keessaa, qachaa Daawiti le'e,
Beeteelem keessatti dhalata jedhaa motii?» jedhane.
43 Maarre sababa Yesuusiitiif gumiin gargar qoodante.
44 Worri gariin isa qabiisaaf barbaade, ammoo
eennulle isa harkaan hin tundhe. 45 Eedduun Galma
Waaqaa gara sooreyyii hayyootaatii fi Fariisaayota
yennaa deebi'anee dhaqane, «Isin maaf isa fidiisa
dhaddane?» jedhanee eedduu Galma Waaqaa
gaafatane. 46 Eedduun Galma Waaqaa, «Akka
namichi kun dubbate eennulle ijjumaa dubbattee hin
beeku» jedhanee deebisane. 47 Worri Fariisaayotaa,
«Isinille sobantanee? 48 Worra baallii qabu yookiin
Fariisaayota keessaa nami isatti dhugeeffateeru jiraa?
49 Gumiin seera Muuse'ee hin beenne tun, abaarsa
Waaqaa jala jirti!» jedhaneen. 50 Namichi duraan
gara Yesuusii dhaqeeru, ka Fariisaayota keessaa
tokko te'e Niqoodemoos, 51 «Akka seera keennaatitti
nama tokko dhage'anee waan inni godheeru adoo hin
dhaggin itti muruun hin dande'amaa?» jedhee gaafate.
52 Isaan, «Atille nama Galiila'aatii? Barreeffama
Woyyicha qorqorii ilaali; raagaan Galiilaa keessaa
akka ijjumaa hin kaane hin dhaggita» jedhaneen. [ 53
Achiin duuba marti isaaniituu gara mana ifii deemane.

**8** Yesuus ammoo gara gaara Ejersaa deeme. 2
Boruyyaa ganama inni gara Galma Waaqaa
deebi'e. Kolbaan marti isa biratti wolitti qabantee,
inni gad tee'ee isaan barsiisuu jalqabe. 3 Barsiisoti
Seeraatii fi Fariisaayoti dubartii gaarayyeeffata irratti
qabante takka ol seensisanee, fuula isaan maraa
dura dhaabbachiisanee, 4 Yesuusiin, «Barsiisa'a,
dubartiin tun gaarayyeeffata irratti qabanteerti. 5
Muuseen Seera keessatti dubartiin akkasii tun
dhaka'aan tumantee akka duutu ajajeera. Ati amma
maan jetta?» jedhane. 6 Isaan sababa ittiin isa
himatanu dhaggatiisaaf, Yesuus xaqariisaaf tana
jedhane. Inni ammoo gad jedhee qubaan lafa irratti
barreessuu jalqabe. 7 Isaan ittuma deddeebi'anee
gaafannaan, inni ol jedhee isaaniin, «Isin keessaa ka
cubbuu hin qanne, dursee dhakaa isi'itti qolaansuu
ti» jedhe. 8 Achiin duuba inni ammalle gad
jedhee lafa irratti barreesse. 9 Isaan yennaa tana

dhage'ane, jaarsole'een jalqabanee, tokko tokkoon,
isaan martinuu bayanee deemane. Yesuus dubartittii
achi dhaabbatiisatti jirtu woliin qofuu hafe. 10 Inni ol
jedhee isi'iin, «Dubartii tana, meet isaan? Nami sitti
mure tokkolle hin jiruu?» jedhe. 11 Isiin deebittee,
«Gootta'a, nami tokkolle hin jiru» jette. Yesuus, «Anille
si'itti hin muru. Deemi; ammoo deebitee cubbuu hin
hujin» jedhe.] 12 Yesuus ammalle isaaniin, «Ani ifa
biyya lafaa ti; ka na hordofu marti ifa jiru'uu hin
qabaata malee, ijjumaa dukkana keessa hin ideemu»
jedhee dubbate. 13 Worri Fariisaayotaa, «Ati amma
ifii keetiif dhugaa bayiisatti jirta; dhugaa bayiisi keeti
fudhatama hin qabu» jedhaneen. 14 Yesuus deebisee,
«Ani ifii kiyyaaf yoo dhugaa bayelle, ani eessaa akka
dhufee fi eessa akka deemu waan beekuuf, dhugaa
bayi kiyya dhuga'a. Isin ammoo eessaa akka ani
dhufe yookiin eessa akka ani deemu hin beettanu. 15
Isin yaada namumma'aatiin murtan; ani nama tokko
irralle'etti hin muru. 16 Ani ammoo yoo murelle, ka
na erge Abbaan na woliin jira; qofii tiyya waan hin
murreef, muraan tiyya dhuga'a. 17 Dhugaa bayi nama
lamaa, fudhatama qaba jedhantee Seera keessan
keessatti barreeffanteerti. 18 Ani ifii kiyyaaf dhugaa
baya; Abbaan na ergelle naaf dhugaa baya» isaaniin
jedhe. 19 Achiin duuba isaan, «Abbaan keeti eessa
jira?» jedhanee isa gaafatane. Yesuus deebisee,
«Isin analle, Abbaa kiyyaalle hin beettanu; adoo na
beettanee Abbaa kiyyaalle hin beettaniiyyu» isaaniin
jedhe. 20 Yesuus Galma Waaqaa keessatti, addee
subbi kennansaa keyamuun biratti adoo barsiisuu
jecha kana mara dubbate. Te'uu malee yennaan isaa
waan hin geyiniif eennulle isa hin qanne. 21 Yesuus
ede'eelle, «Ani hin deema; isin na hin barbaaddan;
ammoo cubbuu teessaniin hin duutan. Addee ani
dhaqu isin dhaqiisa hin dandeettanu» isaaniin jedhe.
22 Maarre Yihudooti, «Inni ‹Addee ani dhaqu isin
dhaqiisa hin dandeettanu› jedha. Wonni akkana
jedhuuf inni ifi ijjeesaaraa laati?» jedhane. 23 Yesuus
deebisee, «Isin worra jalaa ti; ani ammoo ka gubba'aa
ti. Isin ka biyya lafa tanaa ti; ani ammoo ka biyya
lafaatii moti. 24 Ani ‹Ana› akka te'e beettanee yoo
hin dhugeeffatin, cubbuu teessaniin waan duutanuuf,
isin cubbuu teessaniin hin duutan jedhe» jedheen. 25
Isaan, «Ati eennu?» jedhanee isa gaafatane. Yesuus
deebisee, «Kama ani jalqaba irraa kaasee isinitti
hime. 26 Ani marroo teessan waan jedhuu fi waan
isinitti muru hedduu qaba. Teetuu malee, ka na erge
dhugaamessa; anille waan isa irraa dhage'e qofa
biyya lafaatitti dubbadha» jedhe. 27 Isaan marroo
Abba'aa akka Yesuus isaanitti dubbatiisatti jiru hin
hubanne. 28 Maarre inni isaaniin, «Isin yennaa Ilma
Namaa muka irratti ol fuutane, ani eennu akka te'e
hin beettan; achiin duuba baallii tiyyaan womaa akka
ani hin goone hin beettan; ammoo waan Abbaan
akka ani jedhu na barsiise qofaa jedha. 29 Ka
na erge na woliin jira; ani yennaa mara waan isa
gammachiisu waan hujuuf, inni qofii tiyya ana hin
lakkinne» jedhe. 30 Akkuma Yesuus tana dubbateen
worri hedduun isatti dhugeeffate. 31 Maarre Yesuus
Yihudoota worra isatti dhugeeffateen, «Isin barsiisa
kiyyaaf yoo ajajantane, dhugumaan barattoota tiyya;
32 isin dhugaa hin beettan; dhugaalle bilisa isin hin
baatti» jedhe. 33 Isaan deebisanee, «Nuuti sanyii
Abrahaamii ti; ijjumaa eennulle'eef garboolee teenee
hin beennu. Ati, ‹Bilisa baatan› jechuun keeti maan
jechu'u ree?» jedhane. 34 Yesuus deebisee, «Ani
dhugaa isinitti hima; ka cubbuu huju martinuu garbicha
cubbu'uu ti. 35 Garbichi yennaa mara maatii goottaa
ifii woliin hin le'u; ilmi ammoo yennaa mara maatii
san woliin le'a. **(aiōn g165)** 36 Ilmi yoo bilisa isin
baase, isin dhugumaan bilisa hin baatan. 37 Akka isin
sanyii Abrahaamii teetane ani hin beeka. Te'uu malee
isin jecha kiyya waan hin fudhatiniif, na ijjeesiisaaf
barbaaddan. 38 Ani waan Abbaa kiyya biratti dhagge
dubbadha; isin ammoo waan abbaa keessan irraa
dhageettane gootan» jedhe. 39 Isaan deebisanee,
«Abbaan keenna Abrahaam» jedhaneen. Yesuus
deebisee, «Isin dhugumaan ijoollee Abrahaamii
adoo teetanee, hujii Abrahaam huje hin hujjaniiyyu.
40 Isin ana nama dhugaa Waaqa irraa dhage'ee
isinitti hime ijjeesiisaaf barbaaddan. Abrahaam waan
akkanaa hin goone. 41 Isin waan abbaan keessan
huju hujatiisatti jirtan» jedhe. Isaan deebisanee,
«Nuuti ijoollee abbeera'aatii moti; Abbaan nuuti
qannu Waaqa tokkocha qofa» jedhane. 42 Yesuus
isaaniin, «Waaqi dhugumaan Abbaa keessan adoo
te'e, ani waan Waaqa biraa dhufee amma as jiruuf,
na hin jaalattaniiyyu. Isatti na erge malee, ani baallii
tiyyaan hin dhunne. 43 Waan ani jedhu isin maaf
hin hubanne? Wonni hubatiisa dhaddanuuf, Jecha
kiyya dhage'iisaaf hin dandeettanu. 44 Isin ka abbaa
keessan Seexanaa ti; halchaa isaalle godhiisaaf

barbaaddan. Inni jalqabumaa kaasee ka nama ijjeesu;
dhugaan isa keessa waan hin jirreef, dhugaa irra
hin jiru. Inni dharaamessaa fi abbaa dharaa waan
te'eef, yennaa dhara dubbatu, dharuma ifi keessaa
dubbata. 45 Ani ammoo waan dhugaa dubbadhuuf,
isin natti hin dhugeeffattanu. 46 Isin keessaa nami
yakkaa cubbu'uu natti muru eennu? Ani dhugaa yoo
dubbadhu, isin maaf ana hin dhugeeffanne ree?
47 Ka Waaqaa ka te'e, jecha Waaqaa hin dhage'a.
Te'uu malee, isin ka Waaqaa waan hin te'iniif, hin
dhageettanu» jedhe. 48 Yihudooti deebisanee, «Ati
nama samaariya'aa ti; durriisalle ifi keessaa qadda
jechuun keenna dhuga'aa motii?» Yesuusiin jedhane.
49 Yesuus deebisee, «Ani durriisa ifi keessaa hin
qabu. Ani abbaa kiyya ulfeessa; isin ammoo na hin
ulfeessitanu. 50 Ani ulfinna ifiif hin barbaadu. Ka
ulfinna naaf barbaadu ammoo hin jira; ka murulle
isa. 51 Ani dhugumaan isinitti hima; nami jecha kiyya
eegatu marti ijjumaa hin du'u» jedhe. **(aiōn g165)** 52
Yihudooti isaan, «Nuuti amma dhugumaan akka ati
durriisa ifi keessaa qaddu beenneerra! Abrahaam
du'eera; raagotille du'aneeran; ati ammoo, ‹Nami
jecha kiyya eegatu ijjumaa hin du'u› jetta. **(aiōn g165)** 53
Ati abbaa keenna Abrahaam hin caaltaa? Inni du'eera;
raagotille du'aneeran. Ati eennu ifi seeta?» jedhane.
54 Yesuus deebisee, «Ani yoo ifi ulfeesse, ulfinni sun
gatii hin qabu. Ka ana ulfeessu Abbaa kiyya, ka isin
Waaqa keenna jettanu. 55 Te'uu malee isin isa hin
beettanu; ani ammoo isa hin beeka. Ani yoo isa hin
beeku jedhe, akkuma keessan dharaamessa te'a.
Ani ammoo isa beeka, jecha isaalle hin eegadha.
56 Abbaan keessan Abrahaam guyyaa dhufa tiyyaa
dhaggiisaaf gammade; dhaggeelle gammade» jedhe.
57 Yihudooti isaan, «Ati woggaa shantamaayyuu adoo
hin geyin, Abrahaam dhaggitee?» jedhane. 58 Yesuus
deebisee, «Ani dhugaa isinitti hima; Abrahaam adoo
hin dhalatinuu Ani ‹Ana›» jedhe. 59 Maarre isaan
isa tumiisaaf dhakaa fudhatane; Yesuus ammoo ifi
dhossee Galma Waaqaatii bayee deeme.

**9** Yesuus adoo ideemaa dabaruu, namicha ballaa
te'ee dhalateeru tokko dhagge. 2 Barattooti isaa,
«Barsiisa'a, akka namichi kun ballaa te'ee dhalatu
ka cubbuu huje eennu? Isuma mo'o worra isaa ti?»
jedhanee isa gaafatane. 3 Yesuus deebisee, «Inni
yookiin worri isaa cubbuu hin hunye. Hujiin Waaqaa
isa irratti akka mudhattuuf, inni ballaa te'e. 4 Adoo
guyya'aatuu, hujii ka ana ergee hujuu qanna; halkan
nami tokkolle itti hujiisa hin dandeenne hin dhufa.
5 Ani biyya lafaa keessa haga jiru, ifa biyya lafaa
ti» isaaniin jedhe. 6 Yesuus tana jedheen duuba,
lafatti tufee hancufaan dhoqqeesse; dhoqqee san ila
namichaatitti dibee, 7 «Dhaqiitii haroo Siilo'aamiititti
dhiqadhu» jedhe; «Siilo'aam» jechuun ka ergame
jechu'u. Maarre namichi dhaqee, dhiqatee, dhaggaa
deebi'ee dhufe. 8 Ollooti isaatii fi kolbaan tanaan
dura isaa kadhatuun dhaggiteertu, «Namichi kun ka
tee'ee kadhatuu motii?» jedhanee gaafatane. 9 Gariin,
«Isuma» jedhane; ka dhibiin ammoo, «Waawwo'o, isa
fakkaata malee, isaa moti» jedhane. Namichi ammoo,
«Ani isuma» jedhe. 10 Isaan, «Ilti teeti attamiin banante
ree?» jedhanee isa gaafatane. 11 Inni deebisee,
«Namicha Yesuus jedhamutti biyyee dhoqqeessee,
ila tiyyatti dibee, akka ani gara haroo Siilo'aamii
dhaqee dhiqadhu natti hime. Maarre anille dhaqee
dhiqadhee, dhagguu dande'e» jedhe. 12 Isaan, «Inni
amma eessa jira?» jedhanee isa gaafatane. Inni
deebisee, «Ani hin beeku» jedhe. 13 Achiin duuba
isaan namicha dur balla'aa kaan gara Fariisaayotaa
geessane. 14 Guyyaan Yesuus biyyee dhoqqeessee
ila namicha balla'aa fayyise sun guyyaa Sanbataa ti.
15 Fariisaayotille attam akka inni dhagguu dande'e
namicha gaafatane. Namichi deebisee, «Yesuus
dhoqqee ila tiyya dibe; ani dhiqadhee, amma dhagguu
dande'e!» jedhe. 16 Fariisaayoti gariin, «Namichi
kun Sanbataa waan hin ulfeessineef, Waaqa biraa
ka dhufe te'iisa hin dande'u» jedhane. Worri kuun
ammoo, «Nami cubbaalessi attamiin bilbaasota akkasii
hujuu dande'a?» jedhanee odduu isaaniititti gargar
qoqoodam te'e. 17 Maarre Fariisaayoti namicha dur
balla'aa kaaniin, «Marroo namicha ila tiyya bane jettu
kanaa, maan jetta?» jedhanee gaafatane. Namichi
deebisee, «Inni raaga'a» jedhe. 18 Yihudooti baallii
qabanu, namichi kun akka dur ballaa te'eeruu fi amma
dhagguu dande'e, haga worra isaa waamanutti hin
dhugeeffanne. 19 Maarre isaan worraan, «Mucaan
keessan, ka isin ballaa te'ee dhalate jettanu kanaa?
Amma inni attam dhagguu dande'e ree?» jedhanee
gaafatane. 20 Worri isaa deebisee, «Akka inni ilma
keenna te'e, ballaa te'eelle akka dhalate hin beenna.
21 Amma ammoo attamiin akka inni dhagguu dande'e,
yookiin eennu ila isaa akka bane nuuti hin beennu. Inni

nama gudda'a, ifumaafuu dubbatuu hin dande'a; isa
gaafadha'a!» jedhane. 22 Nami akka Yesuus Masiihii
te'e dhugaa baasee dubbatu, Mana Waaqonfannaa
Yihudootaa keessaa akka ari'amu Yihudooti baallii
qabanu waan wolii galaneeranuuf, worri isaa isaan
sodaatee tana jedhe. 23 Waan kanaaf worri isaa,
«Inni nama gudda'a; isa gaafadha'a!» jedhane. 24
Isaan namicha dur ballaa te'ee dhalate lammeessoo
waamanee, «Ati Waaqa ulfeessii dhugaa dubbadhu!
Namichi kun akka cubbaalessaa nuuti hin beenna»
jedhaneen. 25 Namichi deebisee, «Inni cubbaalessa
te'uu yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; waan tokko
qofaa beeka: Ani ballaa te'ee ture, amma ammoo
hin dhagga» jedhe. 26 Isaan, «Inni maan sii godhe?
Inni attamiin ila teeti bane?» jedhanee gaafatane.
27 Inni deebisee, «Ani duruu isinitti himeera, isin hin
caqanne. Maaf ammaalle dhage'uu barbaaddan?
Isinille barattoota isaa te'uu feetanii?» jedhe. 28
Isaan isa arrassanee, «Si'ittuu barataa isaa ti; nuuti
ammoo barattoota Muuse'ee ti. 29 Nuuti akka Waaqi
Muuse'etti dubbateeru hin beenna; namichi kun
ammoo, inni eessaa akka dhufeeyyuu hin beennu!»
jedhaneen. 30 Namichi deebisee, «Wonni kanciraa,
inni eessaa akka dhufe isin hin beettanu! Inni ammoo
ila tiyya bane! 31 Waaqi cubbaaleyyi'iif akka hin
dhageenne nuuti hin beenna; inni worra isa ulfeessuu
fi fedhii isaa muummessuuf dhage'a. 32 Nama ballaa
te'ee dhalate tokko ka ila bane jira jedhamuun, haga
biyyi lafaa dadantee ijjumaa dhage'antee hin beettu.
(aiōn g165) 33 Nami kun Waaqa biraa adoo dhufuu
dhabaatee, waan tokkolle godhuu hin dande'uuyyu»
isaaniin jedhe. 34 Isaan, «Ati cubbu'uun guutantee
dhalattee nu barsiisiisaaf wodhaantaa?» jedhanee
gussanee gad isa baasane. 35 Yesuus akka isaan
namicha gussanee gad baasane dhage'ee, yennaa
isa dhagge, «Ilma Namaatitti hin dhugeeffattaa?»
jedhee isa gaafate. 36 Namichi deebisee, «Goottaa
kiyya, kam inni? natti himi, itti dhugeeffadhaa!»
jedheen. 37 Yesuus isaan, «Ati duruu isa dhaggiteerta,
ka amma si woliin dubbatiisatti jiruuyyu isa» jedhe.
38 Namichi, «Goottaa kiyya! Ani hin dhugeeffadha»
jedhee isaa sagade. 39 Yesuus, «Worri ballaan akka
dhagguu fi worri dhaggu ballaa akka te'u, muriisaaf
ani gara biyya lafaa tana dhufe» jedhe. 40 Worra
Fariisaayotaa ka isa woliin achi jiranu keessaa gariin
isaa tana jedhu dhage'anee, «Dhugumaan nuutilleen
balloota jechuu keetii ree?» jedhanee isa gaafatane.
41 Yesuus isaaniin, «Isin balloota adoo teetanee,
silaa yakkaa hin qaddanuuyyu; amma ammoo hin
dhaggina waan jettanuuf, isin yakkaameyyi'i» jedhe.

**10** Yesuus, «Ani dhugaa isinitti hima, nami gara
gooree hoolotaa balbalaan adoo hin te'in, karaa
dhibi'iin yaabee seenu, hattu'uu fi saamtu'u. 2 Nami
gara gooree hoolotaa balbalaan seenu ammoo, tissee
hoolotaa ti. 3 Ka balbala eegu balbala isaaf hin bana.
Hoolotille qoonqoo isaa hin dhage'an. Inni hoolota
ifii maqa'aan waamaa, dura deemaa gad baasa. 4
Inni hoolota ifii mara yennaa gad baase, isaaniin
dura deema; hoolotille qoonqoo isaa waan beekanuuf
isa hordofan. 5 Isaan qoonqoo ormaa waan hin
beenneef, irraa baqatan malee, isa hin hordofanu»
jedhe. 6 Yesuus mammaassa kana isaanitti hime,
isaan ammoo waan inni jedhe hin hubanne. 7
Yesuus ammalle, «Ani dhugaa isinitti hima: balbalti
hoolotaa ana. 8 Worri dhibiin ka anaan dura dhufe
marti hattu'uu fi saantu'u, hooloti ammoo isaan hin
dhageettu. 9 Balbalti ana. Ka anaan seenu hin fayya;
ol hin seena, gad hin baya, dheedalle hin dhaggata.
10 Hattuun hatiisaaf, ijjeesiisaa fi balleessiisa qofaaf
dhutti. Ani ammoo hooloti jiruu akka dhaggattuu fi
jiruu firinxiixxuu akka qabaattuuf dhufeera» jedhe. 11
Yesuus, «Tisseen dansaan ana. Tisseen dansaan
hoolota ifiitiif lubbuu ifii dabarsee kenna. 12 Tissee
adoo hin te'in, ka qaxaramee tissu, hooloti ta isaa
waan hin te'iniif, yayyiin dhuttuun yennaa dhagge, inni
hoolota lakkisee dheeta; maarre yayyiin buttee hoolota
bittinneessiti. 13 Namichi qaxaramee tissu, waan
qaxaramee tissuuf, hoolotaafille waan hin rakkaneef
lakkisee dheeta. 14 Tisseen dansaan ana. Akkuma
Abbaan na beeku, anilleen isa beeka; akkuma ani
hoolota tiyya beeku, isaanille na beekan. Anille isaaniif
lubbuu tiyya dabarsee kenna. 16 Ani hoolota dhibii
ta gooree tana keessa hin jirre qaba; ani isaanille
fiduu qaba. Isaan qoonqoo tiyya hin dhage'an, gooree
takkaa hin te'an, tisseelle tokkocha. 17 «Ani lubbuu
tiyya deebisee fudhatu'uuf dabarsee waan kennuuf,
Abbaan na jaalata. 18 Ani lubbuu tiyya fedha kiyyaan
dabarsee kenna malee eennulle narraa hin fudhatu.
Ani lubbuu tiyya dabarsee kenniisaa fi deebisee
fudhatiisaaf baallii qaba. Ani ajaja kana Abbaa irraa
fudhadhe» jedhe. 19 Sababa jecha kanaatiif ammalle

Yihudooti yaadaan gargar qoqoodante. 20 Isaan
keessaa nami hedduun, «Inni durriisa ifi keessaa
qaba! Inni maraata'a! Isin maaf isa dhageettan?»
jedhane. 21 Worri dhibiin ammoo, «Tun dubbii nama
durriisa ifi keessaa qabuutii moti! Durriisi ballaa
ila banuu dande'aa?» jedhane. 22 Yennaa san jilti
eebba Galma Waaqaa ka haareffamee Yerusaalem
keessatti jilifamiisatti jirtiiyyu; yennaan sun ganna. 23
Yesuus dalleya Galma Waaqaa keessatti sissaabii
Solomoon jala deddeebi'u keessa ideemiisatti jiruun,
24 Yihudooti isa marsitee, «Ati haga yoomii gadhaa
keenna rarraacha? Ifatti baasii nutti himi: Ati Masiihii?»
jedhanee gaafatane. 25 Yesuus deebisee, «Ani duruu
isinitti himeera, isin ammoo ana hin dhugeeffattanu.
Hujiin ani maqaa Abbaa kiyyaatiin huju naaf dhugaa
baati; 26 isin ammoo hoolee tiyya waan hin te'iinif,
hin dhugeeffattanu. 27 Hooloti tiyya qoonqoo tiyya
dhageetti; ani isaan beeka, isaanille na hordofan.
28 Ani jiruu bara baraa isaaniif kenna, isaanille
ijjumaa hin badanu, eennuulle harka kiyya keessaa
isaan butuu hin dande'u. **(aiōn g165, aiōnios g166)** 29
Abbaan kiyya, ka isaan naaf kenne waan mara caala,
eennulle dande'ee harka Abba'aatii isaan hin butu.
30 Abba'aa fi Ani tokko» isaaniin jedhe. 31 Achiin
duuba Yihudooti dhaka'aan isa tumiisaaf ammalle
dhakaa fudhatte. 32 Yesuus deebisee, «Ani hujii
dansaa hedduu Abbaan natti kenne hujee isinitti
mudhiseera; isaan kana keessaa kamiif dhaka'aan
na tumiisaaf barbaaddan?» jedhe. 33 Yihudooti
deebisanee, «Wonni nuuti dhaka'aan si tumiisaaf
barbaannuuf, waan ati Waaqa faanshessiteef malee,
hujii dansaa keessaa takkaalle'eefii moti, ati adoo
namuma teeteertuu Waaqa ifi goota» jedhaneen. 34
Yesuus deebisee, «Seera keessan keessatti Waaqi
isiniin ‹Isin waaqota› ka jedhe barreeffanteertii motii?
35 Worra jechi Waaqaa isaaniif dhufeen, ‹Isin waaqota›
yoo jedhe, Barreeffam Woyyichi ka hin diiganne yoo
te'e, 36 ‹Ani Ilma Waaqaa ti› waan jedheef, ana
ka Abbaan na filatee gara biyya lafaa na ergeen,
isin ‹Waaqa faanshessita› attam jettan ree? 37
Yoo ani hujii Abbaa kiyyaa hin hunye te'e, natti
hin dhugeeffatina'a. 38 Yoo ani huju te'e ammoo,
natti dhugeeffatuu dhaddanulle, Abbaan na keessa,
Anille Abbaa keessa akka jiru akka beettanuu fi
akka hubattanu, hujii tiyyatti dhugeeffadha'a» isaaniin
jedhe. 39 Isaan ammalle isa qabiisaaf barbaadane;
inni ammoo isaan harkaa miliqe. 40 Achiin duuba
Yesuus ammalle Yordaanosiin gama addee Yohaannis
duraan itti cuuphaa ture deebi'ee dhaqee, achi
bubbule. 41 Namooti hedduun gara isaa dhufane.
Isaan, «Yohaannis bilbaasa tokkolle hin goone,
ammoo marroo namicha kanaa wonni inni dubbate
marti dhuga'a» jedhane. 42 Namooti hedduun achi
jiranu Yesuusitti dhugeeffatane.

**11** Namichi Alaazar jedhamu tokko, ka Bitaaniyaa
keessa le'u dhibame. Bitaaniyaan qachaa
Maariyaamii fi obboleettiin isi'ii Maartaan le'anu.
2 Maariyaamiin tun ta fiqiree miila Gootta'aatitti
naxxee, rifeensa mataa ifiitiin miila isaa haxxe;
Alaazariin dhibame sunille obboleessa isi'ii ti. 3
Obboleettoti Alaazarii: «Gootta'a, nami ati jaalattu
dhibameera» jedhanee Yesuusitti ergane. 4 Yesuus
yennaa tana dhage'e, «Dhibeen tun, ulfinni Waaqaa
akka mudhatuuf, Ilmi Waaqaalle akka ittiin ulfaatuuf
teete malee, Alaazar du'ee akka hafuufii moti» jedhe.
5 Yesuus Maartaa, obboleettii isi'ii Maariyaamii fi
Alaazar hin jaalataayyu. 6 Akka Alaazar dhibame
dhage'ulle, addee jiru san guyyaa lama oole.
7 Achiin duuba inni barattoota ifiitiin, «Me gara
biyya Yihuda'aa deebinee dhandha» jedhe. 8
Barattooti isaan, «Barsiisa'a, dhikoo tana Yihudooti
dhaka'aan si tumiisaaf barbaadaneeran; ati ammalle
achi dhaqiisaaf yaadattaa?» jedhaneen. 9 Yesuus
deebisee, «Guyyaan tokko saatii kudhanii lama qabaa
motii? Maarre nami guyya'aan ideemu, ifa biyya
lafaa tana waan dhagguuf hin gufatu. 10 Nami
halkaniin ideeme ammoo, sababa ifa hin qanneef
hin gufata» jedhe. 11 Yesuus tana jedheen duuba
dabalee, «Alaazar jaalli keenna rafeera, ani ammoo
dhaqee isa hin dammassa» jedhe. 12 Barattooti isaa
deebisanee, «Gootta'a, inni yoo rafee jiraate, hin
fayya» jedhane. 13 Yesuus akka Alaazar du'eeru
dubbatte; isaan ammoo marroo hirriibaa dubbate
seyane. 14 Maarre Yesuus ifa tolchee, «Alaazar
du'eera; 15 ammoo akka isin dhugeeffattanuuf, ani
achi waan hin jiraatiniif gammadeera. Amma ammoo
ka'aa gara isaa dhandhaa!» isaaniin jedhe. 16
Toomaasiin Didimoos jedhamu barattoota dhibi'iin,
«Kowaa me nuutille dhandhee, barsiisaa woliin
duunaa!» jedhe. 17 Yesuus yennaa achi geye, Alaazar
haga awwaalamee guyyaa afur akka te'e dhagge.

18 Bitaaniyaan Yerusaalem irraa gara kiiloomeetira
sadii fagaatti; 19 Yihudooti hedduun Maarta'aa fi
Maariyaam marroo du'a obboleessa isaaniitiif isaan
jajjabeessiisaaf dhufaneeran. 20 Maartaan dhufa
Yesuusii yennaa dhageette, gad itti baate; Maariyaam
ammoo manumatti hatte. 21 Maartaan Yesuusiin,
«Gootta'a, adoo ati as jiraattee, obboleessi kiyya silaa
hin du'uuyyu! 22 Ammoo, ammalle waan ati gaafatte
mara Waaqi akka sii kennu ani hin beeka» jette.
23 Yesuus, isi'iin, «Obboleessi keeti du'aa hin ka'a»
jedhe. 24 Maartaan deebittee, «Guyyaa muumme'ee
yennaa du'aa ka'iisaa, akka inni du'aa ka'u ani hin
beeka» jette. 25 Yesuus, «Du'aa ka'iisaa fi jiruun ana.
Ka natti dhugeeffatu, du'ulle jiru'uun hin le'a; 26 Ka
jiru'uun le'uu fi natti dhugeeffatu marti hin du'u. Ati
kana hin dhugeeffattaa?» isi'iin jedhe. (aiōn g165) 27
Isiin, «Ee Gootta'a, ati Ilma Waaqaa, Masiihii gara
biyya lafaa dhufaaru akka teete ani hin dhugeeffadha»
jetteen. 28 Maartaan kana jetteen duuba, dhaxxee
obboleettii ifii Maariyaam qofuu waantee, «Barsiisaan
as jira, si'ille waamiisatti jira» jetteen. 29 Maariyaamiin
yennaa tana dhageette, ariifattee isa dhaggiisaaf
kaatee baatee gara isa dhaxxe. 30 Yesuus adduma
Maartaan isa itti dhaggite jiraayyu malee, yennaa
san ollaa keessa hin seenneeyyu. 31 Yihudooti isii
jajjabeessiisaaf isii woliin mana keessa jiranu, yennaa
Maariyaamiin ariifattee kaatee baatuun dhaggane,
waan addee awwaalaa dhaxxee boottu seyanee,
isii gula ka'ane. 32 Maariyaam addee Yesuus jiru
geettee, akkuma isa dhaggiteen, miila isaatitti jiddee,
«Gootta'a! Adoo ati as jiraattee, obboleessi kiyya
silaa hin du'u» jetteen. 33 Yesuus bowiisa isi'iitii fi
kolbaan isii woliin jirtulle attam akka bowiisatti jirtu
yennaa dhagge, gadhaan isaalle gaddee, guddisee
laaleffatee, 34 «Eessatti awwaaltane?» jedhee isaan
gaafate. Isaan, «Gootta'a, koyii ilaali» jedhanee
deebisane. 35 Yesuus bowe. 36 Yihudooti, «Attam
akka inni isa jaalate ilaala'a!» jette. 37 Isaan keessaa
gariin ammoo, «Inni nama ballaa fayyiseera, silaa akka
Alaazar hin duune dhoogguu hin dande'uuyyuu?»
jedhane. 38 Yesuus ammalle guddisee laaleffatee,
gara boolla awwaalaa dhaqe. Boolli awwaalaa sun
goda dhakaan afaan irra keyameeru. 39 Yesuus,
«Dhakaa irraa kaasa'a!» jedhee ajaje. Maartaan,
obboleettiin nama du'ee, «Gootta'a, inni haga du'ee
guyyaa afur tureera. Amma ajoweera!» jetteen. 40
Yesuus isi'iin, «Yoo dhugeeffatte ulfinna Waaqaa akka
dhaggitu, ani sitti hin hinnee?» jedhe. 41 Maarre isaan
dhakaa irraa kaasane. Achiin duuba Yesuus ol ilaalee,
«Ee Abba'a, waan na dhageetteef, si galateeffadha.
42 Akka ati yennaa mara naa dhageettu ani hin beeka;
ammoo kolbaan as dhaabbattu tun akka ati ana
ergite akka dhugeeffattuuf tana jedhe» jedhe. 43 Tana
jedheen duuba, Yesuus, «Alaazar, as bayi!» jedhee
qoonqoo guddo'oon waame. 44 Alaazarille harkii fi
miilli isaa woyaa awwaalaatiin xaxamee, fuulli isaalle
woya'aan maramee, gad baye. Yesuus, «Hiika'aatii
lakkisa'a, deemuutii» isaaniin jedhe. 45 Yihudoota
gara Maariyaamii dhufaneeranu keessaa hedduun
waan Yesuus huje dhagganee, isatti dhugeeffatane.
46 Isaan keessaa gariin ammoo gara Fariisaayotaa
dhaqanee waan Yesuus huje itti himane. 47 Maarre
sooreyyiin hayyootaatii fi Fariisaayoti kora murti'ii
waamanee, «Bilbaasota namichi kun hujiisatti jiru
mara ilaala'a! Maan goona? 48 Akkanumaan yoo
isa lakkinne, nami maraa isatti hin dhugeeffata;
worri Rooma'aalle dhufee Galma Waaqaa keennaa
fi kolbaa teenna hin balleessa» jedhane. 49 Isaan
keessaa nami tokko, ka Qayyaaffaa jedhamu, ka
woggaa san hayyuu guddaa te'eeru, «Isin ijjumaa wo
hin beettanu; 50 kolbaan duudiin badu'uu mannaa,
nami tokko kolba'aaf du'uun isiniif woyya; isin ijjumaa
tana hin hubattanuu?» isaaniin jedhe. 51 Inni ifi
keessaa fuudhee tana hin jenne; woggaa san hayyuu
guddaa waan te'eef, Yesuus kolbaa Yihudi'iitiif akka
du'aaru raage. 52 Isaan qofaaf adoo hin te'in, kolbaa
Waaqaa ta bittinnootte maralle wolitti rariisaaf du'a.
53 Guyyaa sanii jalqabanee Yihudooti baallii qabanu
Yesuus ijjeesiisaaf mala dhowane. 54 Tanaaf Yesuus
Yihudaa keessa ifaataan deddeemuu hin dandeenne;
ammoo achi lakkisee gara qachaa Efreem jedhamuu,
ka goomole'een dhikoo jiruu dhaqee, barattoota ifii
woliin achi bubbule. 55 Yennaan Jila Irra Dabarama
Yihudootaa dhikaatteertiiyyu; biyya keessaa namooti
hedduun jilaan dura akka aadaa dhugeeffannaa
isaaniititti ifi qulqulleessu'uuf gara Yerusaalemii ol
bayane. 56 Isaan Yesuus barbaadiisatti waan jiranuuf,
Galma Waaqaa keessa dhaabbatanee, «Maan isinitti
fakkaatti? Inni gara jilaa hin dhufu, hin dhufaa?»
jedhanee wol gaafatane. 57 Sooreyyiin hayyootaatii
fi Fariisaayoti akka isa qabiisa dande'anu, nami

addee Yesuus jiru beeku yoo jiraate, akka himu ajaja
kennaneeran.

12 Jila Irra Dabaramaatiif guyyaan jaan hafeeruun,
Yesuus addee Alaazariin inni du'aa kaase
le'u, Bitaaniyaa dhaqe. 2 Isaan achitti irbaata isaaf
qopheessanee, Maartaan areerte; worra Yesuus woliin
achi addee nyaataa tetee'aneeranu keessaa tokkochi
Alaazar. 3 Achiin duuba Maariyaam fiqiree gatii
guddo'oo ta Naardoos qofa irraa hujante ta litirii takkaa
hidha geettu fuutee, miila Yesuusii lamaanittuu naxxee,
rifeensa mataa ifiitiin haxxe. Fiqqeessi fiqire'ee mana
duudii guute. 4 Barattoota Yesuusii keessaa tokko ka
te'e, Yihudaan nami biyya Keriyootii, ka isa dabarsee
kennaaru, 5 «Fiqireen tun mindaa gara woggaa
tokkootitti dhikaatu gurgurantee maaf hiyyeeyyi'iif
hin kennamin?» jedhe. 6 Inni waan hattuu te'eef,
tana jedhe malee, marroo hiyyeeyyi'iitiif jedheetii
moti. Inni korojoo beese'ee ba'ata; beesee korojoo
keessaalle fudhataa ture. 7 Yesuus ammoo, «Isiin
guyyaa awwaala kiyyaatiif qophii goote waan te'eef,
isii dhiisa'a. 8 Namooti Hiyyeeyyiin yennaa maraa
isin woliin jiran, ani ammoo yennaa maraa isin woliin
hin jiraadhu» jedhe. 9 Worra Yihudootaa keessaa
Kolbaan hedduun Yesuus Bitaaniyaa akka jiru beette;
maarre Yesuus qofaaf adoo hin te'in Alaazarii inni
du'aa kaaselle dhaggiisaaf achi dhaxxe. 10 Sooreyyiin
hayyootaa ammoo Alaazarille ijjeesiisaaf itti malane;
11 sababille Yihudooti hedduun sababa Alaazariitiif
isaan lakkisanee Yesuusitti waan dhugeeffataneef.
12 Boruyyaa Gumiin guddoon Jila Irra Dabaramaatiif
dhutteertu Yesuus gara Yerusaalemii akka dhufiisatti
jiru dhageette. 13 Maarre dameelee meexxi'ii qabattee,
qoonqoo guddo'oon, «Hosaa'inaa! Mootiin Israa'elii
ka maqaa Gootta'aatiin dhufu ka eebbifame!» jedhaa
isa fudhatiisaaf baate. 14 Yesuus ilmayyoo harre'ee
tokko dhaggee irra tee'e. Kunille akkuma Barreeffam
Woyyichi, 15 «Kolbaa Yerusaalemii, hin sodaatina'a!
Mootiin keessan kunoo ilmayyoo harre'ee irra tee'ee
dhufa» jedhu. 16 Barattooti isaa jalqaba irratti kana
hin hubanne; Yesuus gara ulfinnaa ol fudhatameen
duuba ammoo, isaan Barreeffam Woyyichi marroo
isaatiif akka kana jedhee fi isaanille kanuma akka
isaaf godhane qaabatane. 17 Kolbaan yennaa inni
Alaazar awwaala keessaa waamee du'aa kaasu
Yesuus woliin jirtu waan te'e dhugaa bayaa turte. 18
Bilbaasa kana akka inni tolche waan dhageetteertuuf
gumiin isa fudhatiisaaf baate. 19 Kanaaf Fariisaayoti,
«Ilaala'a, nuuti womaa godhuu hin dandeenne!
Kunoo, biyyi lafaa duudiin isa hordofaarti!» woliin
jedhane. 20 Worra yennaa jilaa waaqonfatiisaaf
gara Yerusaalemii dhaqaneeranu keessaa gariin
Giriikoota. 21 Isaan gara nama Betsayidaa Galiilaa
keessa jirtuu, gara Filiphoosii dhaqanee, «Gootta'a,
nuuti Yesuus dhaggiisaaf barbaanna» jedhaneen.
22 Filiphoos dhaqee Indiryaasitti hime; Filiphoosii fi
Indiryaas lamaaniin dhaqanee Yesuusitti himane.
23 Yesuus deebisee, «Yennaan Ilmi Namaa ulfaatu
amma geetteerti. 24 Ani dhugaa isinitti hima: Midhaan
qamadi'ii yoo lafa bu'ee du'e malee, tokkochuma te'ee
hafa. Yoo du'e ammoo, midhaan hedduu buusa. 25
Nami jiruu ifii jaalatu jiruu ifii hin dhaba; nami biyya
lafaa tana keessatti jiruu ifii jibbu ammoo jiruu bara
baraatiif isii eegata. **(aiōnios g166)** 26 Nami na tajaajiluu
barbaadu na hordofuu ti; tanaaf tajaajilaan kiyyalle na
woliin addee ani jiru hin jiraata. Nama na tajaajilu
Abbaan kiyyalle hin ulfeessa» jedhe. 27 Yesuus itti
dabalee, «Amma lubbuun tiyya rakkatteerti, ani maan
jedha? ‹Abba'a, yennaan tun akka natti hin dhunne
oolchi jedha moo?› Akkas akka hin jenne yennaa
rakkinnaa tanaaf dhufe. 28 Abba'a, maqaa keeti
ulfeessi!» jedhe. Achiin duuba qoonqoon ol gubba'aa
dhuttee, «Ulfeesseera, ammalle hin ulfeessa» jette.
29 Gumiin achi dhaabbattee qoonqoo tana dhageette
keessaa gariin, «Wonni mandiisu'u» jette; worri kuun,
«Ergamaa Waaqaatitti isatti dubbate» jedhe. 30
Yesuus ammoo isaaniin, «Qoonqoon tun isiniif jettee
dubbatte malee, anaafii moti. 31 Yennaan biyya
lafaa tanatti murantu amma; bulchaan biyya lafa
tanaa Seexanni amma hin gatama. 32 Ani Yennaa
lafa tana irraa ol kaafame, nama maraa gara kiyya
harkisa» jedhe. 33 Yesuus du'a attamii akka du'uuf
jiru mudhisiisaaf tana jedhe. 34 Gumiin deebittee,
«Masiihiin haga bara baraa akka jiraatu seera
keenna irraa dhageenneerra. Ati attamiin Masiihiin
ol kaafamuu qaba jetta ree? Ilmi namaa kun eennu
inni?» jetteen. **(aiōn g165)** 35 Yesuus deebisee, «Ifi
yennaa gabaaddu'uuf isin woliin hin jiraata. Dukkanti
akka isin hin dhaqqanne, ifa adoo qaddanuu ideema'a;
nami dukkanaan deemu eessa akka deemiisatti jiru
hin beeku. 36 Ijoollee ifaa akka teetanuuf, adoo ifa
qaddanuu, ifatti dhugeeffadha'a» jedheen. Yesuus

tana dubbateen duuba, biraa ideemee isaan duralle'ee
ifi dhosse. 37 Yesuus addee isaan jiranutti bilbaasota
kana mara hujulle, isaan isatti hin dhugeeffanne.
38 Dubbiin raagichi Isaayaas, «Gootta'a, eennutti
waan nuuti itti hinne dhugeeffate? Hunni Gootta'aa
eennutti mudhatte?» ka jedhe akka muummottuuf
tun teete. 39 Maarre isaan dhugeeffatiisa hin
dandeenne, sababille Isaayaas addee dhibiille'etti,
40 «Ilti isaanii akka hin dhaggine, gadhaan isaaniille
akka hin hubanne, gara isaalle deebi'anee akka
hin fayyine, Waaqi ila isaanii jaamseera; gadhaa
isaaniille jabeesseera jedha» jedheera. 41 Isaayaas
ulfinna Yesuusii waan dhaggeef tana jedhee marroo
isaa dubbate. 42 Te'uu malee, Yihudooti worri baallii
qabanu hedduun Yesuusitti dhugeeffatane; ammoo
Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa nu baasan
jedhanee, Fariisaayota waan sodaataneef, isatti
dhugeeffatuu isaanii ifa baasanee hin dubbanne. 43
Isaan ulfinna Waaqa irraa dhaggachuu caalaa ulfinna
nama irraa dhaggachuu jaalatane. 44 Yesuus qoonqoo
guddo'oon, «Nami natti dhugeeffatu ka na ergelle'etti
dhugeeffata malee na qofatti hin dhugeeffatu. 45
Nami na dhaggu ka na ergelle hin dhagga. 46 Ka
natti dhugeeffatu marti dukkana keessatti akka hin
hanneef, ani ifa te'ee gara biyya lafaa dhufeera. 47
Nama jecha kiyya dhage'ee hin eeganetti ka muru
anaa moti; ani biyya lafaa fayyisiisaaf dhufe malee,
itti muriisaaf hin dhunne. 48 Nama na didee Jecha
kiyya hin fudhannetti ka muru hin jira. Jecha ani
dubbadhettuu gaafa guyyaa dhumaa itti mura. 49
Ani baallii tiyyaan hin dubbanne; ammoo Abbaa na
ergetti waan ani jedhee dubbadhu na ajaje. 50 Ajaji
isaa kun gara jiruu bara baraa akka geessu ani hin
beeka. Maarre wonni ani dubbadhu, waan akka ani
dubbadhuuf Abbaan natti hime» jedhe. (aiōnios g166)

**13** Guyyaa Jila Irra Dabaramaatiin dura, Yesuus
biyya lafaa tana lakkisee yennaan gara Abba'aa
deemu akka geetteertu beeke. Inni biyya lafaa
tana keessatti worra ka isaa te'ane yennaa mara
jaalateeraayyu; haga muumme'eetittille isaan jaalate.
2 Yesuusii fi barattooti isaa irbaata irra jiraniiyyu.
Seexanni duraanuu Yihudaan ilma Simoonii ka nama
biyya Keriyootii, akka Yesuus dabarsee kennuuf,
yaada isa keessa keyeera. 3 Yesuus akka Abbaan
baallii guutuu isaa kenneeru beeke; akka Waaqa biraa
dhufee fi gara Waaqaalle akka deemu beeke. 4 Maarre
inni irbaata irraa ka'ee, woyaa lafa keyatee, fooxaa
ittiin haxowanu hidha ifiititti marate. 5 Achiin duuba inni
bisaan qorii itti dhiqatanutti cossee, miila barattoota
ifii dhiqee fooxaa hidha ifiititti marateeruun haxowe.
6 Simoon Pheexroos bira geyee jennaan, Simoon
Pheexroos, «Gootta'a, sitti miila kiyya dhiqaa?»
jedheen. 7 Yesuus isaan, «Waan ani hujiisatti jiru
ati amma hin beettu, duubarra ammoo hin hubatta»
jedhe. 8 Pheexroos deebisee, «Ati ijjumaa miila kiyya
hin dhixxu!» jedheen. Yesuus deebisee, «Yoo ani miila
keeti hin dhiqin, na biraa qooda hin qaddu» jedheen.
(aiōn g165) 9 Simoon Pheexroos deebisee, «Gootta'a,
eegasuu, miila kiyya qofaa motii, harkaa fi mataa
kiyyalle dhiqi!» jedheen. 10 Yesuus deebisee, «Nami
nafa dhiqate, nafi isaa duudiin qulqulluu waan te'eef,
miila ifii malee, nafa dhiqachuu hin barbaachisu. Isin
qulqullu'u; te'uu malee, isin marti qulqullu'uu moti»
jedheen. 11 Yesuus duraanuu ka isa dabarsee kennu
waan beekeeruuf, «Isin marti qulqullu'uu moti» jedhe.
12 Yesuus miila isaanii dhiqeen duuba, woyaa fudhatee
uffatee, addee ifiititti deebi'ee tee'ee, «‹Waan ani isinii
godhe hubattanee?› jedhee gaafate. 13 ‹Barsiisa'a,
Goottaalle› jettanee na waantan; akkas jechuun
keessan dhuguma; sababilleen aninuu akkuma san.
14 Ani, Goottaan keessanii fi barsiisaan keessan,
miila keessan eega dhiqee, isinille miila wolii dhiquu
qaddan. 15 Akkuma ani isiniif godhe isinille akka
gootanu, fakkeenna isinii te'eera. 16 Ani dhugaa isinitti
hima: Garbichi goottaa ifii hin caalu, ergantichille ka
isa erge hin caalu. 17 Isin dhugaa tana beettanee, hujii
irra yoo oolchitane ka badhaatane. 18 «Ani marroo
isin maraatiif dubbatiisatti hin jiru; ani worra filadheeru
hin beeka; ammoo Barreeffam Woyyichi, ‹Namichi
sagalee tiyya nyaate garagalee natti ka'e!› jedhu
muummowuu qaba. 19 Yennaa inni muummowe,
isin akka Ani Isa te'e akka dhugeeffattanuuf, adoo
inni hin te'in dura amma ani tana isinitti hima. 20
Ani dhugaa isinitti hima: Nami ka ani erge fudhatu
na fudhata; nami na fudhatulle ka na erge fudhata»
isaaniin jedhe. 21 Yesuus tana dubbateeruun duuba,
yaada ifiitiin rakkatee, «Ani dhugaa isinitti hima: Isin
keessaa tokkochi dabarsee na hin kenna» jedhee
ifa tolchee dubbate. 22 Barattooti marroo eennuutiif
akka inni dubbate wollaalanee, wol ilaalane. 23
Barattoota keessaa tokko, ka Yesuus isa jaalatu,
Yesuusitti aanee tee'eeraayyu. 24 Simoon Pheexroos,

barataa sanitti qiphifatee, «Marroo eennuutiif akka
Yesuus dubbatiisatti jiru gaafadhu» jedheen. 25
Maarre tanaaf barataan sun ittuma Yesuusitti hiiqee,
«Gootta'a, eennu inni?» jedhee gaafate. 26 Yesuus
deebisee, «Ka ani cassaa daabbo'oo tana unata
keessa cuuphee tuuqachiisu isa» jedheen; maarre inni
cassaa daabbo'oo fuudhee, ilma Simoonii, Yihudaa
nama biyya keriyootii tuuqachiise. 27 Yihudaan
akkuma cassaa daabbo'oo fudhateen, Seexanni
isatti gale; Yesuus isaan, «Waan hujaartu dafii huji!»
jedheen. 28 Worra irbaata irra jiru san keessaa
Yesuus maaf tana akka isaan jedhe nami tokkolle ka
beeke hin jiru. 29 Yihudaan beesee waan qabatuuf,
barattooti gariin jilaaf waan isaanii barbaachisu
dhaqee akka bitu, yookiin hiyyeeyyi'iif waan tokko
akka kennuuf, Yesuus itti hime seyane. 30 Yihudaan
cassaa daabbo'oo fudhatee yoosuma gad baye.
Yennaan sun halkan. 31 Yihudaan gad bayeen duuba,
Yesuus, «Ilmi Namaa amma ulfaateera; Waaqille
isaan ulfaateera. 32 Waaqi isaan yoo ulfaate, Waaqille
isa hin ulfeessa; ariifateelle isa hin ulfeessa. 33 Ijoollee
tiyya, ani yennaa guddoo isin woliin hin jiraadhu.
Isin na barbaadu'uuf jirtan; ani ammoo, ‹Addee
ani dhaqiisatti jiru isin dhaqiisa hin dandeettanu›
jedhee waanuma Yihudoota baallii qabanutti hime
amma isinitti hima. 34 Ani ajaja haareya isinii kenna:
Wol jaaladha'a. Akka ani isin jaaladhe, isinille wol
jaaladha'a. 35 Isin wol yoo jaalattane, namooti marti
akka isin barattoota tiyya teetane hin beekan» jedhe.
36 Simoon Pheexroos, «Gootta'a, eessa dhaqaarta?»
jedhee isa gaafate. Yesuus deebisee, «Addee ani
dhaqaaru amma na hordottee hin dandeettu; duuba
ammoo ana hin hordotta» jedheen. 37 Pheexroos,
«Gootta'a, amma si hordofiisa maaf hin dandeenne?
Ani lubbuu tiyyalle si'iif dabarsee hin kenna» jedheen.
38 Yesuus deebisee, «Ati dhugumaan lubbuu teeti
naaf dabarsitee hin kennitaa? Ani dhugaa sitti hima:
Adoo lukkuun hin iyyin ati yennaa sadiin na mormatta»
jedheen.

**14** Yesuus barattoota ifiitiin, «Gadhaan keessan hin
raafamin, Waaqatti dhugeeffadha'a; analle'etti
dhugeeffadha'a! 2 Mana Abbaa kiyyaa keessa
addeen leeto'oo heddu'utti jira; anille addee isiniif
qopheessiisaaf deemaara. Adoo isiin hin jirre teetee
ani silaa tana isinitti hin himuuyyu. 3 Dhaqee addee
isiniif qopheesseeruun duuba, addee ani jiru akka
leetanuuf, deebi'ee dhufee isin fudhadha. 4 Karaa
addee ani dhaqaaru geessu san isin hin beettan»
jedhe. 5 Toomaas isaan, «Gootta'a, addee ati
dhaqaartu nuuti hin beennu; maarre nuuti attamiin
karaa achi geessu beekuu dandeenna?» jedhe. 6
Yesuus deebisee, «Karaan, dhuga'aa fi jiruun ana;
anaan malee, eennulle gara Abba'aa hin dhufu. 7
Adoo na beettanee jiraattanee Abbaa kiyyalle hin
beettaniiyyu. Ammaan jalqaddanee isa hin beettan,
isalle dhaggitaneertan» jedheen. 8 Filiphoos isaan,
«Gootta'a, Abbaa nu'utti mudhisi; sun nu geetti»
jedheen. 9 Yesuus deebisee, «Isin mara woliin ani
yennaa dheertuu tee'eera; Filiphoos! Ati haga ammaa
na hin beettuu? Ka ana dhagge Abbaa dhaggeera. Ati
maaf, ‹Abbaa nu'utti mudhisi› jetta ree? 10 Filiphoos!
Akka ani Abba'aan jiru, Abbaalle anaan jiru ati hin
dhugeeffattuu? Ani Jecha isinitti dubbadhu, baallii
tiyyaan hin dubbadhu. Abbaa, na keessa jiraatuttuu,
hujii ifii huja. 11 Ani Abba'aan, Abbaalle anaan akka
jiru yennaa ani dubbadhe na dhugeeffadha'a. Yookiin
sababa waan Ani hujeetiif natti dhugeeffadha'a. 12
Ani dhugaa isinitti hima: Nami natti dhugeeffatu waan
ani huju hin huja; ani gara Abba'aa waan deemuuf
inni waan kana caaluuyyuu hin huja. 13 Abbaan
karaa Ilmaatiin akka ulfaatuuf, waan isin maqaa
kiyyaan gaafattane mara, ani hin godha. 14 Waan
mara maqaa kiyyaan yoo na gaafattane, ani hin
godha» jedhe. 15 Yesuus deebisee, «Isin yoo na
jaalattane, ajaja kiyya hin eeggattan. 16 Ani Abbaa
hin gaafadha, innille Jajjabeessaa dhibii, ka haga
bara baraa isin woliin jiraatu isiniif hin kenna. (aiōn
g165) 17 Inni Ayyaana dhuga'aa ti. Biyyi lafaa waan
isa hin dhaggineef yookiin isa hin beenneef, isa hin
fudhattu. Isin ammoo waan inni isin keessaa fi isin
woliin jiraatuuf, isa hin beettan. 18 «Akka ijoollee
haadhaa fi abbaa hin qannee qofi isin hin lakkisu;
ani deebi'ee gara keessan hin dhufa. 19 Yennaa
diqqo'oon duuba biyyi lafaa deebitee na hin dhaggitu;
isin ammoo na hin dhaggitan; ani jiraataa waan te'eef,
isinille hin jiraattan. 20 Ani Abbaa kiyyaan, isin anaan,
anille isiniin akka jiru, guyyaa san hin beettan. 21
«Nami na jaalatu, nama ajaja kiyya fudhatee eegatu.
Abbaan kiyya ka ana jaalatu hin jaalata; anille isa hin
jaaladha, ifille isatti hin mudhisa» jedhe. 22 Yihudaa
nama biyya Keriyootii adoo hin te'in, Yihudaan dhibiin,

«Gootta'a, biyya lafaatitti adoo hin te'in, attamiin
nu'utti ifi mudhitta?» jedhe. 23 Yesuus deebisee,
«Nami na jaalatu Jecha kiyya hin eegata. Abbaan
kiyya isa hin jaalata; anii fi Abbaa kiyya gara isaa
dhunnee woliin hin leena. 24 Nami na hin jaalanne
Jecha kiyya hin eegatu. Jechi isin dhageettanu kun,
ka Abbaa na ergeeti malee, kiyyaa moti. 25 «Ani
amma adoo isin woliin jiruu tana isinitti himeera.
26 Jajjabeessaan Ayyaanni Woyyichi, ka Abbaan
maqaa kiyyaan ergu, waan mara isin hin barsiisa;
waan ani isinitti hime maralle isin hin qaabachiisa.
27 «Nageya isin bira keya; nageya kiyyalle isiniif
hin kenna. Nageenni ani isinii kennu, nageya akka
biyyi lafaa isinii kennituutii moti. Gadhaan keessan
hin raafamin; hin sodaatinille'e. 28 ‹Ani deemaara,
ammoo deebi'ee gara keessan hin dhufa› akka isiniin
jedhe dhageettaneertan; adoo na jaalattanu teetee,
Abbaan na waan caaluuf, gara Abba'aa deemuu
kiyyatti silaa hin gammaddaniiyyu. 29 Tun yennaa
teete akka dhugeeffattanuuf, duraan dursee adoo
tun mara hin te'in, amma isinitti himeera. 30 Ka
biyya lafaa tana bulchu Seexanni waan dhufiisatti
jiruuf, kanatti dabalee yoona guddoo isin woliin hin
dubbadhu. Inni na irratti hunna hin qabu; 31 ammoo
akka ani Abbaa jaaladhu biyyi lafaa akka beettuuf,
waan Abbaan na ajaje mara huja; ka'aa me addee
tanaa deennaa» jedhe.

15 Yesuus, «Muki woyni'ii dhugichi Ana; ka dhaabee
guddisu Abbaa kiyya. 2 Damee natti jirtu ta
midhaan hin buunne mara inni muree hin gata;
dameen midhaan buuttu ammoo caalchitte akka
midhaan buuttuuf, qaccee kutee qulqulleessa. 3
Jecha ani isinitti dubbadheen isin ammumaayyuu
qulqulloontaneertan. 4 Anaan jiraadha'a, anille isiniin
hin jiraadha. Dameeleen ifumaan midhaan buuttee
hin dandeettu; muka woyni'iititti yoo jiraatte qofa
midhaan buutti. Akkasuma isinille yoo anaan hin
jiraatin midhaan buusuu hin dandeettanu. 5 «Ani
muka woyni'ii ti, isin dameele'e. Ka anaan jiraatu, ka
anille isaan jiraadhu, inni midhaan hedduu hin buusa;
anaan malee womaa godhuu hin dandeettanu. 6 Ka
anaan hin jiraanne mara akka dameele'ee gatamee
goga; dameeleen akkasii wolitti qabantee ibiddatti
gatantee gubanti. 7 Isin yoo anaan jiraattane, jechi
kiyyalle isin keessa yoo jiraate, waan feetane mara
yoo gaafattane hin dhaggattan. 8 Midhaan hedduu
isin buuttanuun Abbaan kiyya ulfaata; barattoota
tiyya te'uu keessanille mudhittan. 9 Akkuma Abbaan
kiyya na jaalate anille isin jaaladhe; jaalala kiyyaan
jiraadha'a. 10 Akkuma ani ajaja Abbaa kiyyaa eegadhe
jaalala isaatiin jiraadhu, isinille ajaja kiyya yoo
eegattane, jaalala kiyyaan hin jiraattan. 11 «Gammadi
kiyya isin keessa akka jiraatuuf, gammadi keessanille
guutuu akka te'uuf tana dubbadhe. 12 Ajaji kiyya
kana: akkuma ani isin jaaladhe, isinille wol jaaladha'a.
13 Nami tokko jiruu ifii jaalota ifiitiif dabarsee kenniisa
irra caalaa, jaalala caalu hin qabu. 14 Waan ani isin
ajaje yoo gootane isin jaalota tiyya. 15 Haganaa achi
garboota tiyya isiniin hin jedhu, sababille garbichi
waan goottaan isaa godhu hin beeku. Ani waan Abbaa
kiyya irraa dhage'e mara waan isinitti himeeruuf,
jaalota tiyya isiniin jedheera. 16 Anatti isin filate
malee, isin na hin filanne. Isin dhaxxanee midhaan
jiraatu hedduu akka buuttanu, ani isin muudeera.
Maarre waan maqaa kiyyaan gaafattane mara Abbaan
kiyya isiniif hin kenna. 17 Eegasuu ani akka isin wol
jaalattanuuf isin ajaja» jedhe. 18 «Biyyi lafaa yoo
isin jibbite, isiniin duraa akka na jibbiteertu beeka'a.
19 Isin ka biyya lafaa adoo teetanee, biyyi lafaa ka
isi'ii ka te'e silaa hin jaalattiiyyu. Isin ka biyya lafaa
waan hin te'inii fi waan ani biyya lafaa tana keessaa
isin filadheef biyyi lafaa isin jibbiti. 20 Jecha ani,
‹Garbichi goottaa ifii hin caalu› jedhee isinitti hime
qaabadha'a. Na miidhanee yoo jiraatane, isinille hin
miidhan; Jecha kiyyaaf ajajamanee yoo jiraatane,
jecha keessanille'eef hin ajajaman. 21 Isaan ka na
erge waan hin beenneef, isinille kiyya waan teetaneef,
kana mara isin irratti godhan. 22 Adoo ani dhufee
isaanitti hin dubbatin te'ee, silaa cubbuu isaanitti
hin teetuuyyu. Amma ammoo cubbuu ifiitiif sababa
dhikeeffatanu hin qabanu. 23 Nami na jibbu Abbaa
kiyyalle hin jibba. 24 Adoo hujii nami dhibiin ijjumaa
hujee hin beenne odduu isaaniititti hin hujatin te'ee,
silaa cubbuu isaanitti hin teetuuyyu; amma ammoo
isaan waan ani huje adoo dhagganeeranuu, anaa
fi Abbaa kiyyalle jibbane. 25 Kunille, ‹Sababuma
malee na jibbane› jedhamee jechi Seera isaanii
keessatti barreeffame akka muummowuuf te'e. 26
«Ani Ayyaana dhuga'aa Jajjabeessaa, ka Abbaa biraa
dhufu, isiniif hin erga. Inni naaf dhugaa hin baya. 27

Isinille jalqabaa jalqaddanee na woliin waan jirtanuuf,
dhugaa hin baatan» jedhe.

16 Yesuus, «Dhugeeffannaa teessan irraa akka
isin hin gufanneef, ani tana maraa isinitti hime.
2 Mana Waaqonfannaa Yihudootaa keessaa isin
baasan; nami isin ijjeesu tokko, waan Waaqaaf
tajaajilu yennaan itti fakkaattu hin dhutti. 3 Isaan
waan Abbaa yookiin na hin beenneef waan kana
mara isin irratti godhan. 4 Waan kana godhiisaaf
yennaan isaanii yoo geette, waan ani isinitti hime
akka qaabattanuuf tana isinitti hime. «Ani isin woliin
waan jiruuf, jalqaba irratti dubbii tana isinitti hin
hinne» jedhe. 5 Yesuus, «Ani ammoo amma gara
ka ana ergee deemaara; isin keessaa nami tokkolle,
‹Eessa dhaqaarta?› jedhee na hin gaafatu. 6 Ani
waan tana isinitti himeef ammoo, gadhaan keessan
gaddaan guutameera. 7 Ani ammoo dhugaa isinitti
hima: ani yoo deeme isinii woyya; sababille ani
yoo hin deemin, Jajjabeessaan gara keessan hin
dhufu. Ani yoo deeme ammoo, isa gara keessan
hin erga. 8 Inni yennaa dhufe, marroo cubbu'uu,
marroo balchumma'aatii fi marroo mura'aa kolbaa
biyya lafaatitti hin mudhisa. 9 Isaan waan natti hin
dhugeeffatiniif, marroo cubbu'uu inni isaanitti hin
mudhisa; 10 Ani gara Abba'aa waan deemuuf, isinille
deebitanee waan na hin dhaggineef, inni marroo
balchumma'aa hin mudhisa. 11 Bulchaa lafa tanaatitti
waan duruu muranteertuuf, inni marroo mura'aa
mudhisa. 12 «Ani waan hedduu isinitti himu qaba,
amma ammoo qalbeeffatiisa hin dandeettanu. 13
Ayyaanni dhuga'aa yennaa dhufe, inni gara dhuga'aa
mara isin hin geessa. Inni ifirraa fuudhee hin dubbatu,
ammoo waan dhage'ee fi waan dhufu'uu jiru dubbata.
14 Inni waanuma ani jedhu fuudhee waan isinitti
himuuf, ulfinna naaf hin kenna. 15 Wonni Abbaan
qabu martinuu tiyya; tanaaf ani, ‹Ayyaanni Woyyichi
waanuma ani jedhe fuudhee isinitti hima› jedhee
isinitti dubbadhe. 16 «Yennaa diqqo'oon duuba na
hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba
deebitanee na hin dhaggitan» jedhe. 17 Barattoota
isaa keessaa gariin, « ‹Yennaa diqqo'oon duuba na
hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba
deebitanee na hin dhaggitan; akkasuma inni ani
gara Abba'aalle waan deemuuf› nu'uun jechuun isaa
kun maan?» jedhanee wol gagaafatane. 18 Ittuma
deebi'anee, « ‹Yennaa diqqoo› jechuun kun maan?
Marroo maanii akka inni dubbatiisatti jiru nuuti hin
beennu» jedhane. 19 Yesuus akka isaan isa gaafatiisa
barbaadane beekee, « ‹Yennaa diqqo'oon duuba na
hin dhaggitanu, ammalle yennaa diqqo'oon duuba
deebitanee na hin dhaggitan› waan ani jedheef,
isin wol gagaafattanii? 20 Ani dhugaa isinitti hima:
isin waacittanee boottan, biyyi lafaa ammoo hin
gammaddi; isin hin gadditan, gaddi keessan ammoo
gara gammadaa hin jijjiirama. 21 Dubartiin takka
yennaa deyiisa geettu, yennaan ciniinsu'uu waan
geetteef hin gadditi; yennaa daa'imi dhalate ammoo,
daa'imi gara biyya lafaa waan dhufeef gammaddee,
rakkinna ifii deeti. 22 Isin amma gaddiisatti jirtan; ani
ammoo deebi'ee isin hin dhagga; gadhaan keessan
hin gammada; gammada keessan eennulle isin
irraa hin fudhatu. 23 «Guyyaa san, isin womaa na
hin gaafattanu. Ani dhugaa isinitti hima: Waan isin
maqaa kiyyaan Abbaa gaafattanu mara Abbaan isiniif
hin kenna. 24 Haga ammaa maqaa kiyyaan waan
tokkolle hin gaafanne; gammadi keessan guutuu akka
te'uuf, gaafadha'a hin fudhattan» isaaniin jedhe. 25
Yesuus, «Kana mara isinitti himiisaaf fakkeennaan
dubbadheera. Yennaan ani fakkeennaan hin dubbanne
hin dhutti; marroo Abba'aa ammoo ifa tolchee isinitti
hima. 26 Guyyaa san, isin maqaa kiyyaan hin
gaafattan; ani Abbaa isiniif gaafadha isiniin hin jedhu.
27 Isin waan ana jaalattaneef, akka ani Waaqa biraa
dhufelle waan dhugeeffattaneef, Abbaanuu isin hin
jaalata. 28 Ani Abbaa biraa bayee gara biyya lafaa
dhufe; amma biyya lafaa lakkisee deebi'ee gara
Abba'aa deemaara» jedhe. 29 Achiin duuba barattooti
isaa, «Ati amma fakkeenna malee, ifa tolchitee
dubbatiisatti jirta. 30 Amma akka ati waan mara
beettu, gaaffii nami qabu adoo inni si hin gaafatinille
akka beettu nuuti beenneerra. Tanaaf akka ati Waaqa
biraa dhutte nuuti hin dhugeeffanna» jedhaneen. 31
Yesuus deebisee, «Isin amma dhugeeffattaneertanii?
32 Yennaan isin qofi na lakkittanee namuu gara mana
ifii bittinnowu dhufiisatti jirti; ammaayyuu dhutteerti;
ani qofii tiyya hin hafa. Abbaan na woliin waan
jiruuf, ani ammoo qofi hin jiru. 33 Anaan nageenni
akka isinii te'uuf ani tana isinitti himeera. Biyyi lafaa
isin hin rakkitti; ammoo jabaadha'a! Ani biyya lafaa
injifadheera» jedhe.

**17** Dubbii tana dubbateen duuba, Yesuus gara ol-
gubba'aa ol ilaalee, «Abba'a, yennaan geetteerti.
Ilmi keeti ulfinna akka sii kennuuf, Ilma keeti ulfeessi.
2 Sababille worra ati isaaf kennite maraaf, jiruu bara
baraa akka kennuuf, ati kolbaa mara irratti baallii
isaaf kenniteerta. **(aiōnios g166)** 3 Jiruu bara baraa
jechuun si Waaqa tokkocha dhugaamessaa fi Yesuus
Kiristoosii ati ergite beekiisa. **(aiōnios g166)** 4 Hujii ati
akka ani hujuuf natti kennite muummessiisaan lafa
irratti ani si ulfeesseera. 5 Abba'a! Ulfinnuma adoo
biyyi lafaa hin dadamin dura ani si biratti qabu san,
amma ifi biratti naaf kenni. 6 «Biyya lafaa keessaa
worra ati naaf kenniteef maqaa keeti beessiseera.
Isaan keetiiyyu, ati ammoo naaf kennite. Isaan jecha
keeti eegataneeran; 7 amma isaan wonni ati naaf
kennite maraa si biraa akka dhutte beekaneeran. 8
Jecha ati naaf kennite ani isaaniif kenneera; isaanille
fudhataneeran; akka ani si biraa dhufe dhugumaan
beekaneeran; akka ati na ergitelle dhugeeffataneeran.
9 «Ani isaaniif daadimadha; worri ati naaf kennite
keeti waan te'aneef, isaaniif daadimadha malee, biyya
lafaatiif hin daadimadhu. 10 Ka ani qabu maraa keeti,
ka atille qaddu maraa kiyya; ulfinni kiyya isaaniin
mudhata. 11 Ani amma gara keeti dhufaara; haganaa
achi biyya lafaa keessa hin jiraadhu; isaan ammoo
biyya lafaa keessa jiran. Abbaa woyyu'u! Akkuma
nuuti tokko teene, worri ati naaf kennitelle tokko
akka te'anuuf, maqaa keeti ka anaaf kenniteen,
isaan eegi. 12 Yennaa isaan woliin jiru, maqaa keeti
ka ati naaf kenniteen ani isaan eegeera; ani isaan
tisseera; Barreeffam Woyyichi akka muummowuuf,
isaan keessaa ilma badi'ii malee, tokkolle ka bade
hin jiru. 13 Ani amma gara keeti dhufaara; isaan
gammada kiyya guutuu akka qabaatanuuf, dubbii
tana biyya lafaa keessatti dubbadha. 14 Ani dubbii
teeti isaanii kenneera; akkuma ani ka biyya lafaa hin
te'in, isaanille ka biyya lafaa waan hin te'iniif, biyyi
lafaalle isaan jibbite. 15 Ani akka ati hamaalessa
irraa isaan eedduuf si gaafadha malee, akka ati
biyya lafaa keessaa isaan baattuuf si hin gaafadhu.
16 Akkuma ani ka biyya lafaa hin te'in, isaanille ka
biyya lafaatii moti. 17 Jechi keeti dhuga'a; dhuga'aan
isaan woyyoonsi. 18 Akkuma ati gara biyya lafaa
ana ergite, anille gara biyya lafaa isaan ergeera. 19
Isaan dhuga'aan ka woyyoomane akka te'anu, ani
isaaniif jedhee ifi woyyoonsa. 20 «Worra dubbii isaanii
dhage'ee natti dhugeeffatuufille gaafadha malee,
isaan calla'aaf hin gaafadhu. 21 Ani akka isaan
maraa tokko te'anu daadimadha. Abba'a! Akkuma ati
anaan jirtu anille akkuma si'iin jiru, isaanille nu'uun
akka jiraatanu, akka ati na ergitelle biyyi lafaa akka
dhugeeffattuuf daadimadha. 22 Akkuma atii fi ani
tokko teene, isaanille tokko akka te'anuuf, ulfinnuma
ati naaf kennite, anille isaaniif kenne. 23 Ani isaaniin,
atille anaan akkuma jirtu, isaanille ijjumaa tokko akka
te'anu, biyyi lafaalle akka ati na ergitee fi akkuma
na jaalatte, isaanille akka jaalatte akka beettuuf
daadimadha. 24 «Abba'a! Ati isaan naaf kenniteerta;
addee ani jiru na woliin akka isaan jiraatanu, biyyi
lafaa adoo hin dadamin dura waan na jaalatteef,
ulfinna ati naaf kennite, akka isaan dhagganuuf
barbaada. 25 Abbaa balcha'a! Biyyi lafaa si hin
beenne; ani ammoo si beeka; isaan kunille akka ati
na ergite beekaneeran. 26 Ani akka isaan si beekanu
godheera; jaalalli ati na jaalatte isaan keessa akka
jiraatuuf, anille isaan keessa akka jiraadhu, ammalle
ittuma akka beekanu hin godha» jedhe.

**18** Yesuus daadimata kana daadimateen duuba,
barattoota ifii woliin dhooqa Qedirooniitiin
gama dhaqe. Addee san oorru'utti jira. Yesuusii
fi barattooti isaa oorruu san seenane. 2 Yesuusii
fi barattooti isaa yennaa hedduu achitti waan
wol dhagganuuf, Yihudaan dabarsee isa kenne
addee san hin beekaayyu. 3 Maarre Yihudaan
loltoota worra Rooma'aa, eeddota Galma Waaqaa
ka sooreyyii hayyootaatiin ergamanee fi Fariisaayota
guuratee gara addee oorru'uu san dhaqe; isaan
meya woraanaa hidhatanee faanosi'ii fi xassaa
qabataneeran. 4 Yesuus waan itti dhufaaru beekee,
gara duraa itti deemee, «Eennu barbaaddan?»
isaaniin jedhe. 5 Isaan deebisanee, «Yesuusii biyya
Naaziretii ti» jedhane. Inni, «Aninuu isa» isaaniin
jedhe. Yihudaan isa dabarsee kennelle isaan woliin
achi dhaabbateeraayyu. 6 Yennaa Yesuus, «Aninuu
isa» jedhe gara duubaa sissiqanee lafatti jigane.
7 Ammalle Yesuus, «Eennu barbaaddan?» jedhee
isaan gaafate. Isaan, «Yesuusii Naaziretii ti» jedhane.
8 Yesuus deebisee, « ‹Aninuu isa› jedhee isinitti
himeera. Isin, na yoo barbaadiisatti jiraattane, worra
kana lakkisa'a deemanuu ti» jedhe. 9 Dubbiin inni
tanaan dura, «Abba'a, worra ati naaf kennite keessaa
tokkolle hin ganne» jedhe akka muummottuuf tana

dubbate. 10 Simoon Pheexroos, shallaagaa qabateeru
buqqifatee, garbicha hayyicha gudda'aa dhowee, gurra
isaa middicha irraa kute. Maqaan garbicha saniille
Maalkoos. 11 Yesuus Pheexroosiin, «Shallaagaa keeti
gonofa'atti deebisi! Muduunuu rakko'oo ta Abbaan
kiyya akka ani unuuf naaf kenne ani hin unuu?»
jedhe. 12 Achiin duuba loltooti worra Rooma'aa worra
isaan ajajuu fi Yihudoota Galma Waaqaa eeganu
woliin Yesuus qabanee, hidhanee, 13 matooma gara
Haannaas isa geessane. Haannaas abbaa-soddaa
Qayyaaffa'aa ti; Qayyaaffaan bara san Hayyicha
Guddaa te'eeraayyu. 14 Qayyaaffaan kunille, nami
tokko kolbaa maraaf yoo du'e woyya jedhee Yihudoota
baallii qabanu ka gorse. 15 Simoon Pheexroosii
fi barataan dhibiin Yesuus hordofane. Barataan
dhibiin sun Hayyicha Guddaa biratti beekkamaa waan
te'eef, Yesuus woliin gara dalleya mana hayyicha
gudda'aa seene. 16 Pheexroos ammoo karra duratti
hafe. Barataan dhibiin, Hayyicha Guddaa biratti
beekkame sun gad bayee, durrittii karra eeddutti
himee, Pheexroos ol seensise. 17 Durrittiin karra
eeddu Pheexroosiin, «Ati barattoota namicha sanii
keessaa tokkoo motii?» jette. Pheexroos deebisee,
«Waawwo'o, anaa moti» jedhe. 18 Boojjiin waan
jirtuuf, tajaajiltootaa fi worri eeddotaa ibidda cile'ee
gabbisanee, naannoo isaa dhaabbatanee, o'ifatiisatti
jiran. Pheexroosille isaan woliin dhaqee dhaabbatee
o'ifate. 19 Hayyichi guddaan marroo barattoota
isaatii fi marroo barsiisa isaa Yesuus gaafate. 20
Yesuus deebisee, «Ani mudhinnatti nama maratti
dubbadheera; yennaa mara mana Waaqonfannaa
Yihudootaatii fi Galma Waaqaa keessatti addee
kolbaan marti wolitti qabantutti barsiiseera. Ani
dhossa'atti waan tokkolle hin dubbanne. 21 Ati maaf
na gaafatta ree? Kolbaa na dhageette gaafadhu.
Isaan waan ani jedhe hin beekan» jedheen. 22 Yennaa
Yesuus tana jedhe, worra eeddotaa ka achi jiranu
keessaa tokko, «Hayyicha gudda'atti attam akkas
deebittee dubbatta?» jedhee isa kabale. 23 Yesuus
deebisee, «Yoo ani dokonkora dubbadhee jiraadhe,
dokonkora san nama as jirutti himi. Yoo ani sirrii
dubbadhee jiraadhe ammoo ati maaf na dhootta?»
isaan jedhe. 24 Achiin duuba Haannaas, akkuma
inni hidhamee jiruun, gara Qayyaaffaa hayyicha
gudda'aa isa erge. 25 Simoon Pheexroos adoo
achi dhaabbatee ibidda o'ifatiisatti jiruu, worri dhibiin
isaan, «Atille barattoota isaa keessaa tokkoo motii?»
isaan jedhane. Pheexroos ammoo, «Waawwo'o,
anaa moti» jedhee mormate. 26 Garboota hayyicha
gudda'aa keessaa tokko, firri namicha Pheexroos
gurra irraa kutee, «Isa woliin oorruu keessatti ani si
hin dhagginee?» jedhee isa gaafate. 27 Pheexroos
ammalle mormate; yoosuma lukkuun iyyite. 28
Barii halkaniin Yesuus mana Qayyaaffa'aatii gara
galma bulchaa biyyaa geessane. Yihudooti baalli
qabanu nyaata Jila Irra Dabaramaa nyaatiisaaf akka
dande'anu, qulqullinna aadaa dhugeeffannaa isaanii
eegatiisaaf waan barbaadaneef, galma bulchaa biyyaa
hin seenne. 29 Tanaaf Philaaxoos gara isaanii gad
bayee, «Wonni isin namicha kana ittiin himattanu
maan?» jedheen. 30 Isaan deebisanee, «Adoo
inni yakkaa tokko hin hujin nuuti gara keeti isa
hin finnuuyyu» jedhaneen. 31 Philaaxoos isaaniin,
«Isinunti isa fuudha'aatii, akka seera keessaniititti
itti mura'a» jedhe. Isaan, «Nuuti nama tokkolle
ijjeesu'uuf seerri nuuf hin kennu» jedhanee deebisane.
32 Dubbiin Yesuus du'a attamii akka du'uuf jiru
dubbate akka muummottuuf tun teete. 33 Philaaxoos
gara galma ifii deebi'ee seenee, Yesuus waamee,
«Ati mootii Yihudootaatii?» jedhee isa gaafate. 34
Yesuus deebisee, «Gaaffii tana si'umatti gaafata
moo yookiin worra dhibi'itti marroo tiyya sitti hime?»
jedhe. 35 Philaaxoos deebisee, «Ati nama Yihudi'ii
na seetaa? Kolbuma teetii fi sooreyyii hayyootaatitti
gara kiyya dabarsee si kenne. Ati maan gooteerta?»
jedhe. 36 Yesuus deebisee, «Mootummaan tiyya ta
biyya lafa tanaatii moti; adoo mootummaan tiyya ta
biyya lafa tanaa teetee, akka ani worra Yihudoota
baallii qabanutti dabarfamee hin kennanne, silaa
hordofattooti tiyya naaf hin lolaniiyyu. Mootummaan
tiyya ammoo ta biyya lafa tanaatii moti» jedhe. 37
Maarre Philaaxoos, «Ati mootii Yihudootaatii ree?»
jedhee isa gaafannaan, Yesuus deebisee, «Akka
ani mooti'ii atinuu jette. Ani marroo dhuga'aatiif
dhugaa bayiisaaf dhaladhee, gara biyya lafaa dhufe.
Ka dhuga'aa ka te'e na hin dhage'a» jedhe. 38
Philaaxoos, «Dhugaan maan inni?» jedhee gaafate.
Achiin duuba Philaaxoos gara kolba'aa deebi'ee
gad bayee, «Ani yakkaa isa himachiittu tokkolle isa
irratti hin dhaggu. 39 Ammoo ani yennaa Jila Irra
Dabaramaa, yennaa mara nama hidhameeru tokko
akka isinii hiiku barattaneertan. Mootii Yihudootaa

akka ani isiniif hiiku barbaaddanii?» isaaniin jedhe. 40
Jennaan isaan, «Waawwo'o, isaa moti! Barabbaa nuu
hiiki!» jedhane itti hogisane; Barabbaan nama nama
saamaa ture.

**19** Achiin duuba Philaaxoos Yesuus fuudhee
dhaansise. 2 Worri loltootaa dameelee qore'ee
irraa kallacha hujanee mataa isaatitti keyane; achiin
duuba woyaa dhiillee itti uffisane. 3 Gara isaalle
dhufaa, «Mootii Yihudootaa jiraadhu!» jedhaa isa
kakkabalane. 4 Philaaxoos ammalle gad bayee
gumi'iin, «Waan isa himachiisu tokkolle akka ani hin
dhaggin akka ilaaltanu, kunoo, gara keessan gad
isa hin baasa» jedhe. 5 Maarre Yesuus kallacha
qore'ee keyatee, woyaa dhiilleelle uffatee gad baye.
Philaaxoos, «Kunoo! Namichi!» isaaniin jedhe. 6
Sooreyyiin hayyootaatii fi eeddoti Galma Waaqaa
yennaa isa dhaggane, «Fannis! Fannisi!» jedhanee
hogisane. Philaaxoos isaaniin, «Isin fuudha'aatii,
fannisa'a. Ani yakkaa tokkolle isa irratti hin dhaggine»
jedhe. 7 Gumiin, «Nuuti seera tokko qanna; inni
Ilma Waaqaa ifi godheera, akka seera keennaatitti
du'uu qaba» jette. 8 Philaaxoos yennaa tana dhage'e,
ittuma caalchisee sodaate. 9 Philaaxoos gara galma
ifii deebi'ee, «Ati eessaa dhutte?» jedhee Yesuus
gaafate. Yesuus ammoo waan tokkolle hin deebinne.
10 Philaaxoos, «Ati natti hin hintuu? Akka ani si
hiikiisaa fi si fannisiisaafille baallii qabu hin beettuu?»
isaan jedhe. 11 Yesuus deebisee, «Waan Waaqaan
baalliin sii kennanteef malee, ati silaa baallii na irratti
hin qadduuyyu. Tanaaf nami dabarsee sitti na kenne,
yakkaamessa cubbuu cubbuu caaltee ti» jedhe.
12 Philaaxoos yennaa tana dhage'e, karaa Yesuus
ittiin hiiku dhaggatiisaaf wodhaane. Gumiin ammoo,
«Yoo isa hiitte, ati jaala mootii moototaa, ka biyya
Rooma'aatii moti; nami mootii tokko ifi godhu marti,
mootii moototaa, ka biyya Rooma'aatiin mormee isa
lolu» jettee ittuma hogitte. 13 Philaaxoos yennaa dubbii
tana dhage'e, Yesuus gad baasee, addee dhakaa
baxxicha jedhantutti barcumaa mura'a irra tee'e;
addeen sun afaan Ibrootaatiin, «Gabataa» jedhanti.
14 Guyyaan sun ka Jila Irra Dabaramaatiif qophowanu,
gara saatii jaa ti. Philaaxoos kolba'aan, «Kunoo,
mootiin keessan» jedhe. 15 Isaan, «Ijjeesi! Ijjeesi!
Fannis!» jedhanee ittuma hogisane. Philaaxoos,
«Mootii keessan fannisuu?» jedhee isaan gaafate.
Sooreyyiin hayyootaalle, «Nuuti mootii moototaa ka
biyya Rooma'aa malee, mootii hin qannu!» jedhanee
deebisane. 16 Achiin duuba Philaaxoos akka Yesuus
fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne. Isaanille
Yesuus fuudhanee deemane. 17 Achiin duuba Yesuus
fannoo ifii ba'atee, gara addee, «Buqqii mata'aa»
yookiin afaan Ibrootaatiin, «Golgootaa» jedhantu
dhaqe. 18 Isaan achitti isa fannisane; namoota
dhibiille lamaan, maddii maddi'itti, Yesuus wodhakkaa
isaaniititti fannisane. 19 Philaaxoos waan ittiin beessisu
tokko barreessee fannoo gubbaa keye. Wonni inni
barreesse, «Yesuus nama biyya Naaziretii, mootii
Yihudootaa» jetti. 20 Addeen Yesuus itti fannifame
qachaa bira waan teeteef, barreeffama san kolbaa
heddu'utti dubbise. Beessisi sun afaan Ibrootaatiin,
afaan Rooma'aatii fi afaan Giriikiitiin barreeffame.
21 Sooreyyiin hayyootaa Philaaxoosiin, «Namichi
kun, ‹Ani mootii Yihudootaa ti› jedheera jedhi malee,
‹Mootii Yihudootaa› jettee hin barreessin» jedhane.
22 Philaaxoos deebisee, «Ani waan barreesse
barreesseera» jedhe. 23 Loltooti Yesuus fannisaneen
duuba, woyaa isaa addee afuritti qoodanee, tokko
tokkoon qooda ifii fudhatane. Isaan ruufalle fuudhane;
ruufi isaa ammoo gubba'aa haga jalaatitti dhowameera
malee, hodhaa hin qabu. 24 Loltooti, «Ruufa
kana hin tarsaannu; hixaa itti buufannee, akka
eennu gewu ilaalluu ti!» woliin jedhane. Barreeffam
Woyyichi, «Woyaa tiyya qoodamane, ruufa kiyyatti
hixaa buufatane» jedhu akka muummowuuf kun
te'e. Loltootille kanuma godhane. 25 Fannoo
Yesuusii cinaa, haati isaa, obboleettiin haadha isaa,
Maariyaamiin niitiin Qilopha'aatii fi Maariyaamiin
Magdalaa dhaabbataneeraniiyyu. 26 Yesuus haadha
ifiitii fi barataa ifii ka jaalattu achi dhaabbatanuun
yennaa dhagge, haadha ifiitiin, «Haadha tiyya, inni
ilma keeti» jedheen. 27 Achiin duuba barattichaan,
«Isiin haadha teeti» jedheen. Yennaa sanii jalqabee
barattichi mana isaa akka leetuuf gara mana ifii isii
fudhate. 28 Yesuus amma wonni marti hobba'iisa
beekee, akka Barreeffam Woyyichi muummowuuf,
«Ani dheebodhe» jedhe. 29 Qoriin daadhiin woyni'ii
dhangaggoottu'uun guutanteertu takka achi jirtiiyyu;
maarre isaan ispoonjii daadhii woyni'ii dhangaggoottuu
xuuxachiisanee, damee muka hisoophi jedhamuu
irra keyanee, gara afaan isaa ol qabane. 30 Yesuus
daadhii dhangaggoottuu san unee, «Hobbaate!»


jedhe. Achiin duuba mataa gad qabatee lubbuu
ifii dabarsee kenne. 31 Guyyaan sun guyyaa itti
qophowanu guyyaa jimaata waan te'eef, guyyaan itti
aanulle guyyaa Sanbata jila guddo'oo waan te'eef,
Yihudooti baallii qabanu reeffi namootaa guyyaa
Sanbataatiin fannoo gubbaa akka hin oolleef, miila
worra fannifamaneeranuu cassanee, fannoo irraa gad
buusiisaaf, Philaaxoos gaafatane. 32 Maarre loltooti
dhaqanee miila worra Yesuus woliin fannifameeruu,
dursanee miila namicha matoomaa, achiin duuba
miila namicha kaaniille cassane. 33 Isaan yennaa
gara Yesuusii dhufane ammoo, inni duraanuu akka
du'eeru dhagganee, miila isaa hin cassine. 34 Te'uu
malee, loltoota keessaa tokkochi, woraana ifiitiin
cinaacha Yesuusii woraannaan yoosuma dhiigii fi
bisaan keessaa jige. 35 Kana ka dhagge, akka
isin dhugeeffattanuuf dhugaa bayeera; dhugaan
inni bayelle dhuga'a; wonni inni dubbatulle dhugaa
akka teete hin beeka. 36 Kun Barreeffam Woyyichi,
«Lafeen isaa tokkolle hin caddu» ka jedhu akka
muummowuuf te'e. 37 Barreeffam Woyyichi dhibiin,
«Isaan kama woraanane san hin dhaggan» jedha.
38 Kanaan duuba, Yoseefiin biyya Armaatiya'aa,
ka Yihudoota baallii qaddu sodaatee, dhokaataan
hordofataa Yesuusii te'eeru, reeffa Yesuusii fannoo
irraa fuudhiisaaf Philaaxoos gaafate. Philaaxoos
eeyyamee jennaan, Yoseef dhaqee reeffa Yesuusii
fuudhe. 39 Niqoodemoos, ka duraanuu halkaniin gara
Yesuusii dhufeeru, qumbi'ii fi hargiisa wolitti makame,
gara kiiloogiraama soddomii afurii qabatee, Yoseef
woliin addee san dhaqe. 40 Namooti lamaan reeffa
Yesuusii fuudhanee akka aadaa Yihudooti reeffa
maranutti, fiqiree woliin woyaa qoolaan marane. 41
Addee inni itti fannifame san oorru'utti jira; oorruu san
keessa godi awwaalaa haarenni ka nami tokkolle itti
hin awwaalaminitti jira. 42 Guyyaa worri Yihudootaa
itti qophowanu waan te'eef, godi awwaalaalle dhikoo
waan te'eef, reeffa Yesuusii achitti awwaalane.

**20** Guyyaa dilbataa ganama, barii halkan,
Maariyaamiin qachaa Magdala'aa gara goda
awwaalaa dhaxxee, dhakaan afaan goda awwaalaa
irraa fuudhameeruun dhaggite. 2 Isiin gara Simoon
Pheexroosiitii fi barataa kaanii, ka Yesuus isa jaalatee,
rukkittee dhaxxee, «Goottaa goda awwaalaa keessaa
fuudhaneeran; isaan eessa akka isa keyaneeranu
nuuti hin beennu» jettee isaanitti hinte. 3 Achiin duuba
Pheexroosii fi barataan kuun gara goda awwaalaa
dhaqane. 4 Isaan lamaanuu woliin rukkisanee,
barataan kuun ammoo Pheexroos caalaa ariifatee
rukkisee, dursee goda awwaalaa bira geye. 5
Inni gad jedhee woyaa qoolaa ta ittiin marante
achitti dhagge malee, keessa hin seenne. 6 Simoon
Pheexroos isa duubaan dhufee, boolla awwaalaa
keessa seenee, woyaa qoolaatii 7 fi woyaa mataa
Yesuusiititti maraneeranulle achitti dhagge. Woyaan
mataa Yesuusiititti maraneeranu, woyaa qoolaa ta
ittiin marane woliin adoo hin te'in qofuu marantee
achi jirti. 8 Achiin duuba barataan Pheexroos dursee
goda awwaalaa bira geye kuunille, keessa seenee,
dhaggee dhugeeffate. 9 Isaan Barreeffama Woyyicha,
«Inni du'aa ka'uu qaba» jedhu haga ammaa hin
hubanne. 10 Achiin duuba barattooti lamaan sun
gara manaa deebi'anee galane. 11 Maariyaam goda
awwaalaatiin ala dhaabbattee bowiisatti jirtiiyyu. Adoo
bowiisatti jirtuu, gad jettee goda awwaalaa keessa
ilaaltee, 12 ergantooti Waaqaa lamaan uffana adii
uffatanee, addee reeffi Yesuusii dur jiru, tokkochi
gara mata'aatiin, kuun gara miilaatiin tee'aneeranuun
dhaggite. 13 Isaan, «Dubartii tana, maaf bootta?»
jedhanee isii gaafatane. Isiin deebittee, «Goottaa
kiyya fuudhaneeran; eessa akka isa keyaneeranu ani
hin beeku!» jette. 14 Achiin duuba isiin garagaltee
Yesuus achi dhaabbateeruun dhaggite; ammoo akka
inni Yesuus te'e hin beenne. 15 Yesuus, «Dubartii
tana, maaf bootta? Ati eennu barbaadda?» jedhee isii
gaafate. Isiin, nama oorruu eegu isa seetee, «Goottaa
kiyya, ati yoo isa asii fuutee jiraatte, eessa akka isa
keette natti himi, ani dhaqee isa fudhadhaa» jetteen.
16 Yesuus, «Maariyaam» isi'iin jedhe. Isiin gara isaa
garagaltee afaan Ibrootaatiin, «Rabbunii» jetteen;
akkas jechuun, «Barsiisaa» jechu'u. 17 Yesuus, «Ana
hin qabin! Sababille ani haga ammaa gara Abba'aa ol
hin baane. Ammoo gara obboleeyyan tiyyaa dhaqiitii,
‹Ani gara Abbaa kiyyaatii fi Abbaa keessanii, gara
Waaqa kiyyaatii fi Waaqa keessanii ol bayaara›
jedhiitii isaanitti himi!» jedhee isi'itti hime. 18 Maarre
Maariyaamiin gara qachaa Magdala'aa dhaxxee
akka Goottaa dhaggiteertuu fi waan inni isi'itti hime
barattootatti hinte. 19 Dilbata san galgala, barattooti
Yihudoota baallii qabanu waan sodaataneef, wolitti
dacha'anee balbala cufataneeranuun, Yesuus dhufee

odduu isaanii dhaabbatee, «Nageenni isiniif te'u!»
jedhe. 20 Tana jedheen duuba, cinaacha ifiitii fi harka
ifii lamaan isaanitti mudhise. Barattooti Goottaa waan
dhagganeef guddoo gammadane. 21 Yesuus ammalle,
«Nageenni isiniif te'u. Akkuma Abbaan na erge, anille
isin erga» isaaniin jedhe. 22 Achiin duuba inni hafuura
isaanitti baafatee, «Ayyaana Woyyicha fudhadha'a!
23 Isin yoo cubbuu kolba'aa araarantane, isaan
araara hin dhaggatan; isin yoo hin araaramin, isaan
araara hin dhaggatanu» jedhe. 24 Barattoota kudhanii
lamaan keessaa, Toomaas, «Lakkuu» ka jedhame,
yennaa Yesuus dhufe isaan woliin hin jiru. 25 Maarre
barattooti dhibiin, «Nuuti Goottaa dhaggineerra!»
jedhanee itti himane. Toomaas isaaniin, «Madaa
misimaaraa harka isaa lamaaniituu dhaggee, quba
kiyya yoo keye malee, madaa cinaacha isaa keessalle
harka kiyya yoo keye malee, ani hin dhugeeffadhu»
jedhe. 26 Torbaan tokkoon duuba ammalle barattooti
isaa wolitti qabamanee mana keessa jiraniiyyu;
Toomaasille isaan woliin jira. Balbalti cufanteertuun,
Yesuus ammoo dhufee odduu isaanii dhaabbatee,
«Nageenni isiniif te'u» jedhe. 27 Achiin duuba inni
Toomaasiin, «Quba keeti as fidii irra keyii, harka
kiyya lamaan ilaali; harka keetille diriirsiitii madaa
cinaacha kiyyaa keessa keyi. Dhugeeffadhu malee,
hin mamin!» jedhe. 28 Toomaas deebisee, «Goottaa
kiyya, Waaqa kiyya!» jedhe. 29 Yesuus isaan, «Waan
na dhaggiteef dhugeeffattee? Worri adoo ana hin
dhaggin dhugeeffatu ka badhaadhe!» jedhe. 30
Yesuus bilbaasota hedduu, ka kitaaba kana keessatti
hin barreeffamin, barattoota ifii duratti hujeera. 31
Bilbaasoti kun ammoo akka Yesuus Masiihii te'ee
fi Ilma Waaqaalle te'e, itti dhugeeffatiisaan maqaa
isaatiin jiruu akka dhaggattanu barreeffamane.

**21** Kanaan duuba, Yesuus qarqara abbaayaa
Xiberiyaasiititti ammalle barattoota ifiititti
mudhate. Akki inni itti mudhatelle akkas: 2
Simoon Pheexroos, Toomaas, «Lakkuu» ka jedhame,
Naataanaa'el nami qachaa Qaana'aa ka lafa Galiila'aa,
ilmaan Zabdewoosiitii fi barattooti Yesuusii ta dhibiin
lamaan woliin jiraniiyyu. 3 Simoon Pheexroos,
«Ani qurxummii guuriisa dhaqaara» isaaniin jedhe.
Isaanille, «Nuutille si woliin dhandhaa» jedhaneen.
Maarre isaan gad bayanee hoboloo yaabane. Halkan
san ammoo waan tokko hin qabanne. 4 Yennaa
aduun baatu, Yesuus qarqara bisaanii dhaabbate;
barattooti ammoo akka Yesuus te'e hin beenne. 5
Achiin duuba inni isaaniin, «Ijoolle! Qurxummii woyii
qaddanii?» jedhee isaan gaafate. Isaan, «Waawwo'o»
jedhanee deebisane. 6 Inni isaaniin, «Hobolo'oon gara
middaatitti caccoo teessan buusa'a, hin guurattan»
jedhe. Isaanille caccoo buusanee qurxummii hedduu
waan qabaneef, harkisuu dadhabane. 7 Barataan
Yesuus isa jaalate, Pheexroosiin, «Gootta'aa be!»
jedhe. Pheexroos akka inni Goottaa te'e yennaa
dhage'e, woyaa facaafatu ta ifi irraa baafateeru uffatee
gara abbaaya'aa utaale. 8 Barattooti kuun gara ciqilee
dhibba lamaa callaa lafa irraa waan fagaataneeranuuf,
caccoo qurxummiin guutte harkisaa, hoboloo keessa
tee'anee, gara qarqara abbaaya'aa dhufane. 9 Isaan
yennaa qarqaratti bayane, daabbo'oo fi qurxummii
kashila cile'ee irra jirtu achitti dhaggane. 10 Achiin
duuba Yesuus isaaniin, «Qurxummuma amma
qabattane irraa fida'a» jedhe. 11 Simoon Pheexroos
hoboloo yaabee, caccoo qurxummiin gugurdoon
dhibbaa fi shantamii sadii keessa guutte, gara lafaa
harkise; adoo qurxummiin haga kana heddattuu,
caccoon hin tarsaane. 12 Yesuus isaaniin, «Kowa'aa
diiranteeffadha'a!» jedhe. Isaan Goottaa te'uu isaa
waan beekaneef, barattoota keessaa tokkolle, «Ati
eennu?» jedhee gaafatiisaaf ka itti game hin jiru. 13
Maarre Yesuus dhufee, daabboo fuudhee, isaaniif
kenne; qurxummiille akkasuma godhe. 14 Yesuus eega
du'aa ka'e, barattootatti mudhatuun isaa tun yennaa
sadeesso'oo ti. 15 Diiranteeffatanee ka'aneeranuun
duuba, Yesuus Simoon Pheexroosiin, «Simoonii
ilma Yohaannisii, worra kana caalaa na jaalattaa?»
jedhe. Inni, «Ee, Goottaa, akka si jaaladhu atuu hin
beetta» jedhee deebise. Yesuus isaan, «Ilmoolee
tiyya dheedisiisi» jedhe. 16 Yesuus lammeessoo,
«Simoonii ilma Yohaannisii, na jaalattaa?» jedheen.
Inni, «Ee, Gootta'a, akka si jaaladhu atuu hin beetta»
jedhee deebise. Yesuus, «Buruusoo tiyya tissi»
jedheen. 17 Yesuus yennaa sadeesso'oo, «Simoonii
ilma Yohaannisii, na jaalatta?» jedhe. Pheexroos
waan inni sadeessoo, «Ana jaalattaa?» jedhee
isa gaafateef gaddee, «Gootta'a, ati waan mara
beetta; akka si jaaladhu atuu hin beetta» jedheen;
Yesuus, «Hoolee tiyya bobbaasi. 18 Ani dhugaa si'iin
jedha: Ati yennaa dargaggeessaa, hidhattee gara
barbaadde deentaayyu; yennaa dulloonte ammoo,

harka keeti diriirfatteen, nami dhibiin sitti hidhee gara
ati hin jaalanne si geessa» jedheen. 19 Yesuus tana
jedhiisaan, Pheexroos du'a attamii du'ee Waaqa
akka ulfeessu'uuf jiru mudhise. Achiin duuba Yesuus,
«Na hordofi!» isaan jedhe. 20 Pheexroos garagalee
barataan Yesuus isa jaalatu kuun Yesuus hordofuun
dhagge; barataan kun ka irbaata irratti gara Yesuusii
ittuma hiiqee, «Gootta'a, ka dabarsee si kennaaru
eennu inni?» jedhee gaafate. 21 Pheexroos yennaa
isa dhagge, «Gootta'a, namichi kun maan te'a ree?»
jedhee Yesuus gaafate. 22 Yesuus, «Haga ani dhufutti
akka inni le'u ani yoo fedhe maanti si dhibe? Na
hordofi» jedheen. 23 Maarre oduun, «Barataan kun hin
du'u» jettu worra Yesuus hordofu oddu'utti odeeffante.
Yesuus ammoo, «Haga ani dhufutti akka inni le'u ani
yoo fedhe maanti si dhibe?» jedhe malee, inni hin du'u
hin jenne. 24 Ka waan kana dhugaa bayee fi ka waan
kanalle barreesse baratuma kana; nuutille wonni
inni dhugaa baye dhugaa akka teete hin beenna.
25 Wonni Yesuus huje dhibiin heddu'utti jira. Marti
isi'iituu tokko tokkoon adoo barreeffantee jiraattee,
silaafuu biyyi lafaa duudiin kitaabota barreeffamanu
kana dandeettee hin ba'attuuyyuu jedhee herrega.




*Qachaan woyyichi, Yerusaalemiin haaretti, akka waajibittii dhirsa ifiitiif ifi seefattee, qophoottee ol-gubbaa irraa Waaqa biraa gadi buutuun dhagge. Ani qoonqoo guddoo takkalle dhage'e; isiin barcumaa mootumma'aa san biraa, «Kunoo, bultumi Waaqaa ulfaataan odduu kolba'aa jira; kolbaa wolille'een hin jiraata; isaanille kolbaa isaa hin te'an. Waaqinuu isaan woliin le'a; Waaqa isaaniille te'a.»*

Mudhii Yohaannisii 21:2-3

# Mudhii Yohaannisii

19 Kanaan duuba qoonqoo, qoonqoo kolbaa
bindilla'aa fakkaattu, qoonqoo guddoo ol-gubbaa
irraa dhage'e; isiille, «Halle luuyyaa! Fayyisiis, ulfinnii
fi hunni ta Waaqa keennaa ti! 2 Muraan isaa
dhuga'aa fi sirrii waan teeteef, inni sagaagaltuu
guddittii sagaagalummaa ifiitiin lafa balleessite sanitti
mureera; dhiiga tajaajiltoota ifii ta isiin dhangalaattelle
baaseera» ta jettu. 3 Ammalle itti dabalanee, «Halle
luuyyaa! Aarri qachaa gubatu sanii, bara baraa haga
bara baraa ol ka'a» jedhane. **(aiōn g165)** 4 Maanguddooti
diddamii afurii fi dadi lubbuu qaddu arfan gadi
lafatti jiganee, Waaqa barcumaa mootummaa ifii
irra tee'eeruuf sagadanee, «Ameen, halle luuyyaa!»
jedhane. 5 Qoonqoon takka barcumaa mootumma'aa
biraa baatee, «Isin tajaajiltooti isaa marti, isin worri
isa sodaattanu, diqqa'aa fi guddaan, Waaqa keenna
leellisa'a!» jette. 6 Kanaan duuballe waan akka
qoonqoo kolbaa bindilla'aa, ta akka shookkessa
bisaan yaa'uutii fi gikkeessa mandiisuu jaddu'uu
fakkaattu takka dhage'e, isiille, «Halle luuyyaa!
Goottaan keenna Waaqi, ka waan mara dande'u
mooti'i. 7 Guyyaan jila fuudha Hoolichaa waan geyee
fi waajibittiin isaalle waan ifi qopheeffatteef, kowa'a
gammannee ililllinnaa! Ulfinnalle isaaf kennina! 8
Woyaan quncee talba'aa irraa hujante, ta calalaxxuu
fi qulqullittiin, akka isiin uffattuuf isi'ii kennante» ta
jettu; woyaan quncee talba'aa irraa hujante sunille
hujii balchittii kolbaa Waaqaa ti. 9 Ergamaan Waaqaa
sun anaan, « ‹Worri gara jila fuudha Hoolichaa
waamame worra badhaadhe› jedhii barreessi» jedhe.
Itti aanseelle, «Kun jecha Waaqaa dhugicha» naan
jedhe. 10 Anille isaaf sagadiisaaf miila isaatitti jige;
inni ammoo, «Lakkisi! Tana hin godhin! Anille, si'ii fi
obboleeyyan teeti ta dhugaa baya Yesuusii fudhatte
woliin tajaajila'a; dhugaa bayi Yesuusii Ayyaana
raagaa waan te'eef, Waaqaaf sagadi» naan jedhe. 11
Achiin duuba ol-gubbaan banantee, fardi adiin tokkolle
achi jiruun dhagge. Farda san irralle, «Addatama'aa
fi dhugaamessa» ka jedhamu tee'eeraayyu; inni
balchumma'aan mura, hin lolalle'e. 12 Ilti isaa akka
bobe'a ibiddaa ti; mataa ifii irralle'etti kallacha bacaa
qaba. Maqaan isa malee nami tokkolle hin beenne
isa irratti barreeffameera. 13 Inni woyaa dhiiga
keessa cuuphanteertu uffateera; maqaan isaalle
Jecha Waaqaa ti. 14 Loltooti ol-gubba'aa woyaa
quncee talba'aa irraa hujante adi'ii fi qulqullittii
uffatanee, fardoo adaadii irra tetee'anee isa gula
deemiisatti jiraniiyyu. 15 Shallaagaan qara qabu
ka inni ittiin gosa biyya adda addaa dhowu afaan
isaa keessaa baye; ulee bokku'uu ta sibiilaatiille'een
isaan hin bulcha. Inni addee daadhiin woyni'ii ta mufii
hantuu Waaqa waan mara dande'uu itti cunfantu hin
dhiita. 16 Woya'aa fi gudeeda isaa irratti maqaan,
«Mootii moototaatii fi Goottaa goottotaa» jedhu
barreeffameera. 17 Achiin duuba ergamaan Waaqaa
tokko aduu keessa dhaabbateeruun dhagge. Innille
allaattota wodhakkaa gubba'aa keessa koolaan
kaatu mara qoonqoo guddo'oon waamee, «Kowa'a,
irbaata guddaa Waaqi isinii qopheesseef wolitti
qabama'a! 18 Foon moototaa, foon abbootii duula,
foon hunnaameyyi'ii, foon fardo'ootii fi worra fardoo
irra tee'uu, akkasuma foon nama maraa, ka garbaatii
fi ka garba hin te'inii, ka diqqa'aatii fi gudda'aa
kowa'aatii nyaadha'a!» jedhe. 19 Achiin duuba
bineensii fi moototi lafa irraa loltoota ifii woliin, ka
farda irra tee'eeruu fi loltoota isaa loliisaaf wolitti
qabamaneeranuun dhagge. 20 Bineensi sun ammoo
qabame; raagichi dharaamessi fuula isaa duratti
bilbaasota godhaa ture sunille isa woliin qabame.
Inni, worra beessisa bineensaa ifi irraa qabuu fi worra
fakkii isaatiif sagade, bilbaasota kanaan dokonkorse.
Lamaanuu, akkuma lubbu'uun jiranuun abbaayaa
dhakaa bobe'uun gubattutti qolaanfamane. **(Limnē Pyr
g3041 g4442)** 21 Worri hafanelle, shallaagaa afaan ka
farda irra tee'eeruu keessaa bayuun ijjeefamane;
allaattiin sun marti foon isaanii nyaattee quutte.

20 Achiin duuba ergamaan Waaqaa dhibiin, ka
furtuu boolla qile'eetii fi wodaroo sibiilaa harkaa
qabu tokko ol-gubbaa irraa gadi bu'uun dhagge.
**(Abyssos g12)** 2 Inni jawwee qabee woggaa kumaaf
hidhe; jawween tun ta Diyaabiloos yookiin Seexana
jedhantu, dhudhuufaa durii ti. 3 Haga woggaan kum
tokko sun muummottutti, akka jawween deebitee
gosa biyya adda addaa hin dokonkorsineef qile'etti
isii qolaansee, itti cufee chaappaa itti dhowe. Achiin
duuba yennaa diqqo'oof hiikamuu qaddi. **(Abyssos
g12)** 4 Kanaan duuba barcumoota mootumma'aa
dhagge; barcumoota mootumma'aa san irra worri
akka muruuf baalliin kennanteertu tetee'eraayyu.

Akkasuma lubboota worra marroo dhugaa baya
Yesuusiitii fi Jecha Waaqaatiif mormi kutamee dhagge.
Isaan bineensaaf yookiin fakkii bineensaatiif hin
saganne; adda yookiin harka ifii irratti beessisa
bineensa sanii hin godhanne. Isaanille du'aa ka'anee
Kiristoos woliin woggaa kuma tokkoof mowan. **5** Worri
du'e ka hafe ammoo, haga woggaan kum tokko sun
muummotutti du'aa hin kaane. Kun du'aa ka'a qaraa
ti. **6** Worri du'aa ka'a qaraa kana keessatti qooda
qabu worra badhaadhee fi worra woyyu'u. Duuti
lammeesso'oo isaan irratti baallii hin qaddu; isaan
hayyoota Waaqaatii fi Kiristoosii te'an; isa wolille'een
woggaa kuma tokkoof mowan. **7** Yennaa woggaan
kum tokko sun muummotte, Seexanni addee itti
hidhame sanii hin hiikama; **8** gosa biyya adda addaa
ta maddii lafaa arfanuu keessa jirtu: Gosa Googiitii fi
Maagoogii dokonkorsaa, lolaaf wolitti isaan qabiisaaf
hin baya; laakkossi isaaniille akka maansa cinaa
abbaaya'aa ti. **9** Isaan gara lafa maraa bayanee, addee
kolbaan Waaqaa jirtuu fi qachaa Waaqaan jaalatame
marsane; te'uu malee ibiddi ol-gubba'aa irraa bu'ee
isaan nyaate. **10** Seexanni isaan dokonkorselle, addee
bineensii fi raagichi dharaamessi jiranu, abbaayaa
ibiddaa fi dhakaa bobe'uutitti qolaanfame. Isaaniille
halkanii fi guyyaa, bara baraa haga bara baraa
farran. **(aiōn g165, Limnē Pyr g3041 g4442)** **11** Achiin duuba
barcumaa mootumma'aa adi'ii fi ka isa irra te'eeru
dhagge. Ol-gubba'aa fi latti isa duraa baqatane;
addeelle isaaniif hin dhagganne. **12** Worri du'e
diqqa'aa fi guddaan, barcumaa mootumma'aa san
dura dhaabbateeruun dhagge; kitaabotille banamane.
Kitaab dhibiille kitaab jiru'uu baname; akkuma
kitaabota san keessatti barreeffamee jirutti, worra
du'etti akkuma hujii isaaniititti murame. **13** Abbaayaan
guddoolle worra du'e ka isii keessa jiru kennite; du'aa
fi addeen worri du'e jiru worra du'ane ka isaan keessa
jiranu kennane; tokko tokkottuu akkuma hujii isaatitti
itti murame. **(Hadēs g86)** **14** Achiin duuba du'aa fi addeen
worri du'e jiru abbaayaa ibiddaatitti qolaanfamane;
abbaayaan ibiddaa sun du'a lammeesso'oo ti. **(Hadēs
g86, Limnē Pyr g3041 g4442)** **15** Nami maqaan isaa kitaaba
jiru'uu keessatti bareeffamee hin dhaggamin marti
abbaayaa ibiddaatitti qolaanfame. **(Limnē Pyr g3041
g4442)**

**21** Achiin duuba ol-gubbaa haareyaa fi lafa
haareya dhagge; ol-gubbaan duriitii fi latti durii
dabaraneeran, abbaayaan guddoolle deebitee hin
jiraattu. **2** Qachaan woyyichi, Yerusaalemiin haaretti,
akka waajibittii dhirsa ifiitiif ifi seefattee, qophoottee
ol-gubbaa irraa Waaqa biraa gadi buutuun dhagge. **3**
Ani qoonqoo guddoo takkalle dhage'e; isiin barcumaa
mootumma'aa san biraa, «Kunoo, bultumi Waaqaa
ulfaataan odduu kolba'aa jira; kolbaa wolille'een hin
jiraata; isaanille kolbaa isaa hin te'an. Waaqinuu isaan
woliin le'a; Waaqa isaaniille te'a. **4** Imimmaan duudii
ila isaanii irraa haqa; wonni durii waan dabarteertuuf,
haganaa achi duuti, yookiin gaddi, yookiin bootti,
yookiin farri hin jiraattu» jedhe. **5** Ka barcumaa
mootumma'aa irra tee'eeru sunille, «Kunoo, ani
waan mara haareya godha!» jedhe; itti dabaleelle,
«Jechi kun addatama'aa fi dhugaa waan te'eef
barreessi» naan jedhe. **6** Akkasuma, «Muummotte!
Alfa'aa fi Omeegaan, jalqabaa fi muummeen ana; ka
dheeboteef madda bisaan jiru'uu irraa toluma kenna.
**7** Ka injifatu, kana duudii hin dhaala; anille Waaqa
isaaf te'a, innille ilma naaf te'e. **8** Qoodi worra yara'aa,
worra hin dhugeeffannee, worra battiyye'ee, worra
nama ijjeesuu, worra sagaagaluu, worra xanuu, worra
waaqa dharaa waaqonfatuutii fi worra dharaameyyi'ii
ammoo, abbaayaa dhakaa bobe'uutii fi ibiddaatitti
qolaanfamuu hin te'a. Kun du'a lammeesso'oo ti»
naan jedhe. **(Limnē Pyr g3041 g4442)** **9** Ergantoota
Waaqaa torba, ta qorii torba ta balaa muumme'ee
torbaan guutanteertu harkatti qabataneeranu keessaa
tokkochi dhufee, «Koy; haadha manaa ta Hoolichaa,
waajibittii sitti mudhisa» naan jedhe. **10** Ayyaanalle'een
gara gaara gudda'aa fi dheera'aa tokko na geessee,
qachaan woyyichi Yerusaalem, ol-gubbaa keessaa
Waaqa biraa gadi bu'uun natti mudhise. **11** Qachaan
sun ulfinna Waaqaatiin ifiisatti jiraayyu; calalaqi
isaalle akka dhakaa gatii guddo'oo, akka Yaasphisii,
qulqulluu akka cabbi'ii ti. **12** Dalleya dhaka'aa
gudda'aa fi dheeraa, ka karra kudhanii lama qabu
qaba; karroota san irra ergantooti Waaqaa kudhanii
lama dhaabbatanee eegiisatti jiran; maqaan gosa
Israa'elii ka kudhanii lamaaniituu irratti barreeffameera.
**13** Karaa aduun baatuun karra sad, karaa oliitiin
karra sad, karaa gadiitiin karra sad, karaa aduun
seentuun karra saditti jira. **14** Dalleenni dhaka'aa
ka qachaa sanii hundee kudhanii lama qaba; isaan
san irralle'etti, maqaan ergantoota Hoolichaa ka
kudhanii lamaaniituu barreeffameera. **15** Ergamaan

Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiru sun mikii ulee
worqi'ii ta ittiin qachaa, karrootaa fi dalleya dhaka'aa
miku qabaayyu. 16 Dheerinnii fi badhinni qachaa
sanii haguma tokko te'ee, maddii arfaniinuu wol
qixxe'e; ergamaan Waaqaa qachaa san ulee ittiin
mikanuun mikee, dheerinni isaa staadiyaa kuma
kudhanii lama te'e; badhinnaa fi ol dheerinni isaalle
haguma san te'e. 17 Ergamaan Waaqaa dalleya
dhaka'aa san mike; yennaa ergamaan Waaqaa
mike, waan ittiin mikanu ka beekkameen ciqilee
dhibba tokkoo fi afurtamii afur te'e. 18 Dalleenni
dhaka'aa sun dhakaa Yaasphisiitiin hujameera;
qachaan sunille worqii qulloontee akka daaw'iti'ii ca'a
jetteen hujameera. 19 Hundeen dalleya qacha'aa
dhakaa gatii guddo'oo ka adda addaatiin seefameera.
Dhakaan gatii guddo'oo ka hundeen irra dhaabbate
sunille: ka qaraa Yaasphis, ka lammeesso'oo
Safiiros, ka sadeesso'oo Kaalqedon, ka arfeesso'oo
Simaaragidos, 20 ka shaneesso'oo sardoniikis, ka
jayeesso'oo saardiyon, ka torbeesso'oo kirisoliixos,
ka saddeetesso'oo beerilos, ka sagaleesso'oo
tophaaziyon, ka kudhaneesso'oo kirisophiraasos,
ka kudha tokkeesso'oo Hiiyaakinxos, ka kudha
lammeesso'oo ametiisxos. 21 Karri kudha lamaanuu
dooqa kudha lama qaddi; karri sunille tokko tokkonuu
dooqa irraa hujameera; karaan qachaa sanii worqii
qulqulluu akka daaw'itii ifa ifi keessa dabarsituutiin
hujameera. 22 Waaqi Goottaan waan mara dande'uu
fi Hoolichi Galma Waaqaa ka qachaa sanii waan
te'aneef, qachaa san keessatti Galma Waaqaa ani hin
dhaggine. 23 Ulfinni Waaqaa, qachaa saniif ifa waan
kennuu fi Hoolichille ifa isaa waan te'eef, qachaa
saniif aduun yookiin jiin akka issuuf hin barbaachisu.
24 Gosi biyya adda addaa ifa qachaa sanii keessa
deddeeman; moototi lafaalle karra ifii ta ulfinnaa
gara qachaa sanii fidan. 25 Halkan achi waan hin
jirreef, karri qachaa sanii guyyaa tokkolle hin cufantu.
26 Ulfinnii fi guddinni gosa biyya adda addaa gara
qachaa kanaa galan. 27 Worra kitaaba jiru'uu, ka
Hoolichaa keessatti barreeffame malee, worri battii
hujuu fi worri dhara dubbatu duudiin itti hin galu.

**22** Achiin duuba ergamaan Waaqaa laga bisaan
jiru'uu, ka akka cabbi'ii calalaqu, barcumaa
mootummaa Waaqaatii fi Hoolichaa irraa yaa'uun
natti mudhise. 2 Lagi sunille hodhicha guddicha
qachaa sanii wodhakkaa lola'iisatti jiraayyu. Laga san
gamaa fi gamana muki jiru'uu jira; muki kun wogga'atti
yennaa kudha lama waan midhaan buusuuf, ji'uma
ji'aan midhaan irraa dhaggama. Baalli muka kanaalle
ka gosi biyya adda addaa ittiin fayyitu. 3 Haganaa
achi wonni Waaqaan abaaramu tokkolle achitti hin
dhaggamu. Barcumaan Waaqaatii fi Hoolichaa qachaa
san keessa jiraata; tajaajiltooti isaalle isa waaqonfatan.
4 Isaan fuula isaa hin dhaggan, maqaan isaalle adda
isaanii irratti hin jiraata. 5 Haganaa achi halkan hin
jiraatu; Waaqi Goottaan ifa isaanii waan te'uuf, ifi
issa'aa, yookiin ifi adu'uu isaaniif hin barbaachisu.
Isaan bara baraa haga bara baraatitti hin mowan.
(aiōn g165) 6 Ergamaan Waaqaalle, «Jechooti kun ka
addatamanee fi dhugaammeyyi'i. Waaqi Goottaan
Ayyaanota raagotaaf kennu, waan dhiko'otti te'u,
tajaajiltoota ifiititti mudhisiisaaf, ergamaa ifii ergeera»
anaan jedhe. 7 Yesuusille, «Kunoo, ani dafee hin
dhufa; nami jecha raagaa, ka kitaaba kanaa eeggatu,
ka badhaadhe» jedhe. 8 Ka waan kana dhage'ee fi
dhagge, ana Yohaannis. Yennaa waan kana dhaggee
fi dhage'e, ergamaa Waaqaa ka waan kana natti
mudhiseef sagadiisaaf, miila isaatitti gadi jige. 9 Inni
ammoo, «Lakkii! Waan akkasii godhuu hin qaddu! Ani
si'ii fi obboleeyyan teeti raagotaa fi worra jecha Kitaaba
kanaa eeggatu maraa woliin tajaajila'a; Waaqaaf
sagadi» naan jedhe. 10 Itti dabaleelle, «Yennaan
waan geetteertuuf, jecha raagaa, ka Kitaaba kanaa
chaappa'aan hin cufin. 11 Ka hantuu huju, ittuma
hujuu ti; battichille ittuma battowuu ti; balchaalle
ittuma balchoomuu ti; woyyichille ittuma woyyoomuu
ti» jedhe. 12 «Kunoo, ani dafee hin dhufa! Nama
tokko tokkoofuu gatii akkuma hujii isaatitti kennulle
qabadheera. 13 Alfa'aa fi Omeegaan, ka duraatii fi
ka duubaa, ka jalqabaatii fi ka muumme'ee ana.»
14 Muka jiru'uu irraa midhaan nyaatiisaa fi karaa
karraatiin gara qachaa sanii seeniisaaf, akka haqa
qabaatu, worri woyaa ifii dhiqatu ka badhaadhe. 15
Worri sareeleen, worri xanu, sagaagaltooti, worri
nama ijjeesu, worri waaqa dharaa waaqonsu, worri
dhara jaalatuu fi sobu mara ammoo alatti hafa. 16
«Akka dhugaa baya tana isiniif kennuuf, ani Yesuus
ergamaa kiyya wolde'oota kiristaanaatiif ergeera;
ani hiddaa fi sanyii Daawitii ti; ani bakkalcha bari'ii
ifaalessa.» 17 Ayyaanaa fi waajibittiin, «Koy» jedhan;
ka dhage'ulle, «Koy» jedhuu ti; ka dheebote mara
dhufuu ti; ka barbaadulle mara bisaan jiru'uu toluma

fudhatuu ti. **18** Ani nama jecha raagaa, ka Kitaaba
kanaa dhage'u mara ifi eeggachiisa; eennulle jecha
kana irratti waan tokkolle yoo ede'e, Waaqi balaa
Kitaaba kana keessatti barreeffame isatti ede'a; **19**
eennulle jecha raagaa ka Kitaaba kana keessatti
bareeffame keessaa waan tokkolle yoo dhidhise,
Waaqille muka jiru'uutii fi qachaa woyyicha kitaaba
kana keessatti barreeffamane keessaa qooda isaa
dhidhisa. **20** Ka waan kana dhugaa bawu, «Ee, dafee
hin dhufa» jedha. Ameen! Goottaa Yesuus, koy. **21**
Badhaadhi Goottaa Yesuusii, kolbaa Waaqaa woliin
jiraatu. Ameen!

# 66 Verses

Gujii Oromo at AionianBible.org

The Bible is a library of 66 books in the Protestant Canon written by 40 different men over a span of 1,500 years from 1435 BC to 65 AD with one consistent message. From the first page through the last, Jesus. Genesis promised our deliverer is coming, Jesus. Moses said our better prophet is coming, Jesus. Isaiah prophesied our Messiah will be a suffering servant, Jesus. John announced our Anointed One is here, Jesus. Jesus himself testified he is our Lord God, Yahweh. The gospels agree our conqueror of death has risen, Jesus. The Apostles witnessed our victor ascend to his throne in Heaven, Jesus. And Revelation promises Jesus' return for our final judgment. Are you ready? Read the Bible cover to cover at AionianBible.org and answer these questions. How did I get here? Why am I here? How do I determine right or wrong? How can I escape condemnation? What is my destiny? Begin with the primer verses below.

**Dadaa** **9:8** Achiin duuba Waaqi Nohii fi ilmaan isaa ta isa woliin jirtuun, **9:9** «Kunoo ani isinii fi sanyii teessan worra isiniin duubaa woliin gondooroo tiyya hin gondoora; **9:10** akkasuma dada lubbuu qabu ka isin woliin jiru mara, sinbirroota mara, horii mara, bineensota mara, waan isin woliin hoboloo guddittii san keessaa bayane mara woliin gondooroo tiyya hin gondoora. **9:11** Ani ijjumaa dada lubbuu qabu bisaan badi'iitiin lafa irraa deebi'ee akka hin balleessineef, bisaan badi'ii ijjumaa deebi'ee lafa akka hin balleessine, ani isin woliin gondooroo tiyya hin gondoora. **9:12** Gondooroo ani isinii fi dada lubbuu qabu ka isin woliin jiruuf, dhaloota dhufu maralle'ee gondoore tanaaf beessisa kana kenna: **9:13** ani hiituu tiyya duumensa keessa keya; hiituun tunille beessisa Gondooroo anaa fi biyyaa lafaa oddu'utti te'e hin teeti.

**Bayiisaa** **14:13** Muuseelle deebisee, «Worra Gibxi'ii ka adha dhaggitanu kana deebitanee lammeessoo waan hin dhaggineef, hin sodaatina'a; jabaadha'aatii dhaabbadha'a; adha Mootiin Waan Maraa isin baasiisaaf, waan inni tolchu ilaala'a. **14:14** Mootiin Waan Maraa isiniif waan loluuf itita'a» jedhe.

**Lewwootaa** **20:26** Ani Mootiin Waan Maraa woyyicha waan te'eef, isin kiyya akka teetanu gosa biyya adda addaa keessaa waan isin adda baaseef, isinille naaf woyyuu te'a'a.

**Laakkossaa** **6:24** « ‹Mootiin Waan Maraa isin eebbisu, isin eegu! **6:25** « ‹Mootiin Waan Maraa fuula ifii isiniif issu, isin mararu! **6:26** « ‹Mootiin Waan Maraa fuula ifii gara keessan deebifatu, nageya isiniif kennu!› jedhiin.

**Keessa Deebii** **18:18** Ani raagicha akka keetii kolbaa isaanii oddu'uu isaaniif hin kaasa; jecha kiyya afaan isaa keessa hin keya; inni waan ani ajaju mara isaanitti hin hima. **18:19** Nama jecha kiyya ka inni maqaa kiyyaan dubbatu caqasuu didu mara ani hin adaba.

**Iyaasu'uu** **1:7** Atummaan jabaadhuu, jajjabaadhu! Seera Muuseen tajaajilaan kiyya si ajaje duudi'iif ajajamuu keeti mirkaneeffadhu. Addee dhaxxu maratti wonni marti qajeelaan akka sii teetu Seera kana irraa gara middaatitti yookiin gara bita'aatitti hin gorin. **1:8** Kitaab Seeraa kun afaan keeti keessaa hin dhabamin. Waan isa keessatti barreeffame duudii akka muummessitu, halkanii fi guyyaa isa yaadadhu; yoo tana goote, wonni marti qajeelaan sii teeti. **1:9** Ani Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti, ‹Addee ati dhaxxu maratti si woliin waan jiruuf jabaadhuu, jajjabaadhu, hin sodaatin, hin nayinille'e!› jedhee si ajajee hin jiruu?» jedhe.

**Abbootii Mura'aa** **2:7** Bara Iyaasu'uutii fi bara jaarsolee isaan duuba le'anee, waan gugurdoo Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'eliitiif godhe mara dhagganeetitti, kolbaan Waaqa waaqonfatte.

**Ruutii** **1:16** Ruuti ammoo, «Si biraa akka deemu yookiin duubatti akka deebi'u na hin uttisin! Addee ati deentu, anille hin deema; addee ati leetu, anille hin le'a; kolbaan teeti kolbaa tiyya, Waaqi keeti Waaqa kiyya

naa hin te'a. **1:17** Addee ati itti duututti, anille hin du'a; achitti hin awwaalama, du'a malee wonni si irraa gargar na baasu yoo jiraatte, Mootiin Waan Maraa natti muruu ti!» jette.

**1 Saamu'elii** **16:7** Mootiin Waan Maraa ammoo Saamu'eliin, «Ani waan isa tuffadheef bifa isaa yookiin dheerinna hojjaa isaa hin ilaalin; Mootiin Waan Maraa akka nami ilaalu hin ilaalu; nami fuula ilaala; Mootiin Waan Maraa ammoo qalbii ilaala» jedhe.

**2 Saamu'elii** **7:22** Ee, Goottaa Mootii Waan Maraa, ati attam attam gudda'a! Ka akka keetii tokkolle hin jiru; akkuma gurra keennaan dhageenne, si malee Waaqi dhibiin hin jiru.

**1 Moototaa** **2:3** Addee ati dhaxxu maratti, wonni ati gootu duudiin akka si'iif milkoottu, waan Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si irraa barbaadu muummessi; karaa isaa irra ideemi; akkuma Seera Muuse'ee keessatti barreeffante, sirna, ajaja, seeraa fi seerata isaa eegadhu.

**2 Moototaa** **22:19** biyyi tunii fi kolbaan biyya tanaa akka badduu fi akka abaarantu ta ani dubbadhe yennaa dhageette, gadhaan keeti tuqamee Mootii Waan Maraa duratti ifi gad qaddee, gadditee woyaa teeti tarsaattee, na duratti waan bootteef, anille si'iif dhage'eera.

**1 Dabarsi'i** **29:17** Waaqa kiyya, ati gadhaa namaa akka qorqortuu fi yaada qajeela'atti akka ati gammaddu ani hin beeka. Tanaaf, ani waan kana maraayyuu fedha kiyyaan, yaada qajeela'aan kenneera; kolbaan teeti ta asitti dachaateertulle fedha ifiitiin kennansa sii kenniisaaf attam akka gammadelle ani dhaggeera.

**2 Dabarsi'i** **7:14** kolbaan tiyya ta maqaa kiyyaan waammantu yoo gad ifi qaddee, daadimattee fuula kiyyaa yoo barbaaddee, karaa ifii hamaa irraa yoo deebite, ani ol-gubbaa irraa isaaniif hin dhage'a; cubbuu isaaniille isaaniif araaramee, lafa isaanii hin fayyisa.

**Izra'aa** **7:10** Izraan seera Waaqaa qorqoree hujii irra oolchiisaaf, akkasuma ajaja Waaqaa, seeraa fi sirna Waaqaa kolbaa Israa'elii duudii barsiisiisaaf jiruu ifii duudii kenneera.

**Nahimiya'aa** **6:3** Maarre anille ergantoota isaanitti ergee, «Ani hujii guddoo waan hujiisatti jiruuf, gad dhufuu hin dande'u; haga ani dhiisee gara keessan gad dhufutti, hujiin maaf dhaabbatti ree?» jedheen.

**Asteerii** **4:14** Yennaa akkanaa tana ati cadhittee yoo ilaalte, Yihudoota ka qarqaaruu fi ka baasu addee dhibi'ii hin dhufa; atii fi maatiin abbaa keetii ammoo hin dhumattan. Giittii te'iis keeti yennaa akkanaa tanaaf te'uu maanti beeka?» jedhee Asteeritti erge.

**Iyoobii** **19:25** Ka na wodu jiraataa akka te'e, muummee irralle'etti, dhugaa bayiisaaf lafa irra akka dhaabbatu hin beeka.

**Faaru'uu** **23:1** Mootiin Waan Maraa tissee kiyya; ani womaa hin dhabu. **23:2** Inni marra bisilee keessatti akka ani foorfadhu godha; gara bisaan dansa'aa na geessa. **23:3** Inni jabeenna haareya naa kenna; maqaa ifiitiif jedhee daandii balchaa irra na sooressa. **23:4** Ani dhooqa gaaddisa du'aa keessa yoo ideemelle, ati waan na woliin jirtuuf, Ani waan hantuu natti dhuttu hin sodaadhu. Uleen teetii fi borjoon teeti na jajjabeessan. **23:5** Adoo diinoti kiyya dhagganuu, ati nyaata naaf qopheessita. Mataa kiyya zayitii ejersaa muudda; muduunuun tiyyalle guuttee irraa dhangalaati. **23:6** Dhugumaan, bara jiruu tiyyaa mara, dansummaan teetii fi marartiin teeti na gula deeman; bara le'ii tiyyaa mara mana Mootii Waan Maraa keessa hin le'a.

**Fakkeennaa** **3:5** Gadhaa tokkochaan Mootii Waan Maraatitti addadhu; hubantii teetitti hin irkatin. **3:6** Karaa keeti maraan isa beeki; inni daandii teeti si'iif hin qajeelcha.

**Lallabaa** **3:10** Ani hujii ulfaattuu Waaqi namootatti fe'e dhaggeera. **3:11** Waaqi waan mara yennaa isi'iititti miidhassee dadeera. Inni halchaa yennaa dhuma hin qannee yaada namootaa keessa keyeera; te'uu malee isaan waan Waaqi jalqabaa haga dhumaatitti godhu beekuu hin dande'anu.

**Faaruu Solomoonii** **2:4** Inni gara mana gammadaa na geesse; beessisi jaalala isaa na irra jira.

**Isaayaasii** **9:6** Annuun nuuf dhalateera; ilmi nuuf kennameera; Baalliin gurmuu isaa irra hin jiraatti; maqaan isaa, «Gorsaa maade'ee, Waaqa hunnaamessa, abbaa bara baraa, qondaala nageyaa» hin jedhama. **9:7** Baalliin isaatii fi nageenni isaa dhuma hin qabanu; inni barcumaa mootummaa Daawitii irra tee'ee, mootummaa isaa hin bulcha; haqaa fi balchumma'aan dhaabee, ammaan jalqabee haga bara baraatitti isii hin jabeessa; hinaaffaan Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee, tana hin gooti.

**Ermiyaasii** **1:4** Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee, **1:5** «Ani gadhaa haadha teetii keessatti adoo si hin dadin si beeke; adoo ati hin dhalatin adda si baafadhee, gosa biyya adda addaatiif, raagaa akka teetu si filadhe» naan jedhe. **1:6** Anille deebisee, «Maalo'o, Goottaa Mootii Waan Maraa, ani ijoollee waan te'eef attam akka dubbadhu hin beeku» jedhe. **1:7** Mootii Waan Maraa ammoo anaan, «Gara ani si ergu mara dhaqiitii, waan ani si ajaju mara godhi malee, ‹Ani ijoolle'e› hin jedhin. **1:8** Ani si baasiisaaf si woliin waan jiruuf, isaan hin sodaatin» jedhe. **1:9** Achiin duuba Mootiin Waan Maraa harka ifii diriirsee hidhii tiyya tuqee, anaan, «Kunoo ani jecha kiyya ka ati dubbattu afaan keeti keessa keyeera; **1:10** akka buqqituu fi akka diiddu, akka balleessituu fi akka garagalchitu, akka ijaartuu fi akka dhaaddu, gosa biyya adda addaatii fi mootota irratti si muudeera» jedhe.

**Gadda Ermiyaasii** **3:21** Teetulle yennaa waan tokko qaabadhu, addii qaba: **3:22** Jaalalli Waaqaa ka bara baraa waan te'eef, marartii isaa ta dhuma hin qanne irraa ta kaate nuuti badiisa dhanne. **3:23** Jaalallii fi marartiin isaa barii mara haareya; addatamummaan isaa guddo'o.

**Hizqi'elii** **36:26** Ani qalbii haareya isiniif hin kenna; ayyaana haareya isin keessa hin keya. Ani mataa jabeenna keessan ka akka dhaka'aa isin keessaa baasee, qalbii ajajantu isiniif hin kenna. **36:27** Ani ayyaana kiyya isin keessa hin keya; akka seerata kiyyaatitti akka isin ideentanuu fi ajaja kiyya miidhassitanee akka eegattanu hin godha.

**Daani'elii** **3:16** Shaadraak, Meshaakii fi Abed-neegoon mootichaan, «Ee Nebukadnezaar, waan kana irratti nuuti deebii falmataa siif kennuu hin barbaachisu. **3:17** Ee mooticha, nuuti bobe'a ibiddaa keessatti yoo darbatanelle, Waaqi nuuti tajaajillu nu baasuu hin dande'a; harka keeti keessalle'ee nu hin baasa. **3:18** Yoo nu baasuu dhabelle, nuuti waaqota keeti akka hin tajaajille, fakkii worqi'ii ta dhaaddelle akka hin waaqonfanne beeki» jedhane.

**Hose'aa** **6:6** Ani ciincaa caalaa jaalala bara baraa, kennansa gubamu caalaa ana Waaqa beekiisa keessan barbaada.

**Yo'elii** **2:28** Ani Mootiin Waan Maraa, «Kanaan duuba, Ayyaana kiyya nama mara irratti hin dhangalaasa; ilmaanii fi ijoolleen durraa teessan raaga hin dubbatan; jaarsoleelle oojjuu hin oojjatan; dargaggootille mudhii hin dhaggan. **2:29** Yennaa san, ani tajaajiltoota tiyya dhiiraa fi dubartii irratti Ayyaana kiyya hin dhangalaasa. **2:30** «Gubba'aa fi lafa irratti, waan baasaa, dhiigaa fi ibidda, duumensa aaraalle hin mudhisa. **2:31** Guyyaan Mootii Waan Maraa gudda'aa fi sodaachisaan adoo hin dhufiniin dura, aduun hin dukkanootti; jiin dhiiga hin uffata. **2:32** Worri maqaa Mootii Waan Maraa waamu marti hin fayya; akkuma ani Mootiin Waan Maraa jedhe, worri ani waame gaara Xiyoonii irratti, Yerusaalem keessalle'etti hafee hin fayya» jedhe.

**Amosii** **5:24** Ammoo haqi akka bisaan lagaa, balchummaalle akka madda hin gonnee lolaatuu ti.

**Obaadiyaa** **1:15** «Guyyaan ani Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa maratti muru dhikaateera; Edoom, akkuma ati nama irratti goote si'i irralle'etti hin godhama; hujiin teeti hantuun mataa keetitti hin deebiti.

**Yoonaasii** **2:6** Ani gaarota jalatti, lafa balbalti haga bara baraa natti cufantetti gad bu'e. Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya ati ammoo, jiru'uun qilee keessaa na baatte. **2:7** Yennaa jiruun tiyya na dadhaddetti, Mootii

Waan Maraa kiyya, ani gara keeti daadimadhe; Galma woyyicha keeti keessalle'ee daadimata kiyya naa dhageette. **2:8** Worri waaqota dharaa waaqonsu badhaadha dhaggatiisaaf malane hin dhaban. **2:9** Ani ammoo faaruu leellisaatiin; ciincaa si'iif hin dhikeessa. Waan waadaa si'iif galelle hin godha. Fayyinni Mootii Waan Maraa irraa dhufa» jedhe.

**Miikiyaasii** **6:8** Ee nama, Mootiin Waan Maraa waan dansaa sitti mudhiseera. Mootiin Waan Maraa maan si irraa barbaada? Haqa akka hujjuuf, marartii akka jaalattuuf, gad ifi qabiisaan Waaqa keeti woliin akka ideentuufii motii ree?

**Naahomii** **1:2** Waaqi hinaatticha; Mootii Waan Maraa ka haluulle bawu; inni mufii jadduu ifiitiin diinota ifii irratti balaa buusa. **1:3** Waaqi hunnaa guddoo qaba, ammoo ariifatee hin aaru; Yakkaamessa adabu male hin lakkisu. Karaan isaa bubbe'ee fi danbalii keessa; duumensi bukuu miila isaa ti.

**Anbaaqoomii** **3:17** Muki harru'uu midhaan buusuu dhabulle, muki woyni'ii midhaan buusuu dhabulle, muki ejersaalle midhaan kennuu dhabulle, fichaan midhaan baasuu dhabulle, hooleen gooree keessaa dhabantulle duwwaa hattulle loon moonaa keessaa dhabamanulle, **3:18** tun marti teetulle ani Mootii Waan Maraatitti hin gammada; Waaqa fayyisaa kiyyatti gammadee firinxiixa. **3:19** Mootiin Waan Maraa Waaqi hunna tiyya. Inni miila kiyya akka miila gadansaa hin jabeessa; gaara irralle akka deemu na hin godha. Sooressitoota faarsitootaatiif: Meya ribu'uutiin ta faarfatantu.

**Sefaaniyaa** **3:17** Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si woliin jira; hunni isaa injifannoo sii kenniti; inni guddoo sitti hin gammada; jaalala ifiitiin jiruu teeti hin haaressa; inni faaru'uun si'itti hin gammada» hin jedhan.

**Haagee** **1:4** «Kolbaa tiyya! Manni kiyya diigameeruun, isin ifiif mana keessan ka seefamee ijaarameeru keessa le'uun yenna'aa ree? **1:5** Me haala keessa jirtanu ilaala'a! **1:6** Bacaa facaafattanee, diqqaa galfattane; hin nyaattan, ammoo hin quuttanu; hin untan, ammoo dheebuu hin baatanu; woli irratti uffattan, ammoo boojjii hin baatanu; mindaan isin hujjanee dhaggattanulle akka waan subba urata qabu keessa keyanee ti. **1:7** Kun maaf akka isin irra geye ilaala'a!

**Zakaariyaasii** **12:10** «Ani ayyaana mararti'iitii fi ayyaana daadimataa sanyii Daawitiitii fi worra Yerusaalem keessa le'u irratti hin dhangalaasa. Isaan ka woraanane san na hin ilaalan; akka nama mucaa tokkochaaf bowuutitti hin bowan; akka nama du'a ilma angafichaatiif guddoo gadduulle hin gaddan.

**Milkiyaasii** **4:2** Isin worra maqaa kiyya sodaattanuuf ammoo aduun balchummaa isiniif fidduu fi ta koolli isi'ii fayyinna ifi keessaa qabu isiniif hin baati; isin akka waatolee gooree keessaa gad baatee hin burraaxxan. **4:3** Isin yennaa san worra hamoota san irra hin sirbitan; guyyaa ani waan kana godhu san faana teessan jalatti daadhaa hin te'an.

**Maatewoosii** **28:18** Yesuus gara isaanii dhufee, «Baalliin duudiin ol-gubba'aa fi lafa irratti naaf kennanteerti. **28:19** Tanaaf gara gosa biyya adda addaa deema'aatii maqaa Abba'aa, maqaa Ilmaatii fi maqaa Ayyaana Woyyichaatiin isaan cuuphaa, barattoota tiyya godha'a. **28:20** Waan ani isin ajaje maralle akka eegatanu barsiisa'a. Anille yennaa mara haga muummee biyya lafaa isin woliin jira» isaaniin jedhe. **(aiōn g165)**

**Maarqoosii** **1:14** Yohaannisiin cuuphaan gara mana hidha'aa dabarfamee kennameen duuba, Yesuus gara Galiila'aa dhufee, Oduu Gammadaa ta Waaqa irraa dhutte lallabe. **1:15** Inni, «Barri muummaweera, mootummaan waaqaa dhikaatteerti, cubbuu irraa deebi'aatii Oduu Gammadaatitti dhugeeffadha'a!» jedhe. **1:16** Yesuus Abbaayaa Galiila'aa qarqaraan adoo dabaruu, guurtuu qurxummi'ii ka te'ane Simoonii fi Indiryaasiin obboleessi Simoonii caccoo tiyyoo Abbaaya'atti afanuun dhagge. **1:17** Inni isaaniin, «Ana faana kowa'a! Ani guurtuu namaa isin tolcha» jedhe. **1:18** Isaanille yennuma san caccoota ifii achitti dhiisanee, isa faana deemane.

**Luqaasii** **4:18** «Ayyaanni Gootta'aa ana irra jira, worra hiyyeeyyi'iif Oduu Gammadaa akka himuuf na muudeera. Worra booji'ameef bilisummaa akka lassuuf, worra ballaa akka dhaggisiisuuf, worra miicame akka baasuuf,

**Yohaannisii** **3:16** Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf Ilma ifii tokkochuma san kenne. **(aiōnios g166)** **3:17** Biyya lafaa karaa isaatiin akka fayyisuuf malee, akka itti muruuf Waaqi Ilma ifii gara biyya lafaa hin ergine.

**Hujii Ergantootaa** **1:7** Yesuus isaaniin, «Yenna'aa fi bara Abbaan kiyya baallii ifiitiin murteesse beekuu hin dandeettanu; **1:8** ammoo yennaa Ayyaanni Woyyichi isin irratti bu'u, hunna hin dhaggattan; yennaa san Yerusaalemitti, lafa Yihuda'aa duudi'itti, Samaariya'aa fi biyya lafaa duudi'itti dhugaa bayoota tiyya hin teetan» jedhe.

**Rooma'aa** **11:32** Waaqi nama maraaf marartii mudhisiisaaf jedhee, ajajamuu diduu jalatti kolbaan mara ta hidhante akka teetu godhe. **(eleēsē g1653)** **11:33** Durummaan Waaqaa attam attam guddo'o! Beekkumaa fi qarummaan isaa attam attam gad fagaatti! Muraa isaa qorqoriisa eentu dande'a? Karaa isaa eentu hubatiisa dande'a? **11:34** Barreeffam Woyyichi, «Yaada Gootta'aa eentu beeka? Yookiin eentu gorsa isaaf kennu'uu dande'a ree? **11:35** Yookiin akka inni deebisee isaaf kennuuf, eentu kennansa Waaqaaf kenneera ree?» jedha. **11:36** Sababille wonni maraa isaan dadamee, karaa isaatii fi isaaf jiraata. Ulfinni haga bara baraa isaaf te'u! Ameen! **(aiōn g165)**

**1 Qorontoosii** **6:9** Jallaameyyiin Mootummaa Waaqaa akka hin dhaalle hin beettanuu? Hin sobamina'a! Sagaagaltooti yookiin worri waaqota dharaa waaqonsu, yookiin gaarayyeffattooti, yookiin dhiirti dhiira bukkoonsitu, **6:10** yookiin hattooti yookiin joljoltooti, yookiin ka machowu yookiin worri maqaa namaa balleessu, yookiin worri saamu Mootummaa Waaqaa hin dhaalu. **6:11** Isin keessaa gariin worra akkanaa turtane. Isin ammoo maqaa Goottaa Yesuus Kiristoosiitii fi Ayyaana Waaqa keennaatiin cubbuu dhiqattanee, kolbaa Waaqaa teetanee balchoontaneertan.

**2 Qorontoosii** **5:17** Tanaaf eennulle Kiristoosiin yoo jiraate inni dada haareya; dadi dullattiin tartee, dadi haaretti dhutteerti. **5:18** Tun duudiin Waaqa karaa Kiristoosiitiin ifi woliin nu araarsee fi tajaajila araarsiisaa nu'uu kenneen teete. **5:19** Tunille Waaqi Kiristoosiin kolbaa biyya lafaa duudii ifi woliin araarsiisatti jiraayyu jechu'u; yakkaa namootaalle itti hin laakkonne; nu'ulle'eef jecha namoota Goottaa woliin araarsinu kenne. **5:20** Waaqi karaa keennaan namoota waan yaamuuf, nuuti bakka bu'oota Kiristoosii ti; tanaaf, «Waaqa woliin araarama'a» jennee maqaa Kiristoosiitiin isin kadhanna. **5:21** Akka nuuti worra karaa Kiristoosiin tokkummaa dhugaamettii Waaqaa woliin qoodamu teenu, Waaqi Kiristoosii cubbuu hin qanne, akka cubbuu teenna mara ba'atu godhe.

**Galaatiya'aa** **1:6** Badhaadha Kiristoosiitiin ka isin waame irraa garagaltanee, gara oduu gammadaa ta biraa ariifattanee deebi'uun keessan na baaseffachiitteerti. **1:7** Worri isin kem'i godhiisaa fi Oduu Gammadaa ta Kiristoosii daddasiisaaf barbaadu waan jiruuf tana jedhe malee, dhugumaan Oduun Gammadaa ta biraa hin jirtu.

**Efesoonii** **2:1** Isin sababa yakka'aa fi cubbuu teessaniitiif duutaneertaniiyyu. **2:2** Yennaa san isin karaa hamaa biyya lafaa gula deentane; ayyaana amma kolbaa Waaqaaf hin ajajanne toowatu, bulchaa hunnoota ayyaanota qilleensa keessaatiif ajajantane. **(aiōn g165)** **2:3** Dhugumaan marti keennaayyuu akkuma isaanii halchaa foon keennaatii fi qalbii teennaa waan guutu mara hujataa, akkuma halchaa teennaatitti jiraanne. Nuuti akka dadama keennaatitti, akkuma namoota kaanii, mufii Waaqaa jala jirraayyu. **2:4** Waaqi mararti'iin dureessaa ammoo, jaalala guddaa nu jaalate irraa ka ka'e, **2:5** yakkaa teennaan yennaa nuuti duuneerruuyyuu, inni Kiristoosiin gara jiru'uu nu fide. Isin badhaadha Waaqaatiin fayyitaneertan. **2:6** Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin isa woliin du'a keessaa nu kaasee, isuma woliin addee ol-gubba'aa keessa

nu teessise. **2:7** Durummaa badhaadha ifii ta hagana hin jedhanne, ta arjummaa ifiitiin karaa Kiristoos Yesuusiitiin nutti mudhise, baroota dhufulle mudhisiisaaf inni tana godhe. **(aiōn g165)** **2:8** Isin badhaadha Waaqaatiin karaa dhugeeffanna'aatiin fayyitane malee, hujii teessaniinii moti; isiin tun kennaa Waaqaa ti. **2:9** Akka nami tokkolle ittiin ifi hin jajne, huji'iinii moti. **2:10** Nuuti hujii harka isaa waan teeneef, hujii inni duraan dursee qopheesse akka hunyuuf, Waaqi karaa Kiristoos Yesuusiitiin hujii dansa'aaf nu dade.

**Filiphisiiyuusii** **3:7** Amma ammoo Kiristoosiif jedhee, waan bu'aa naaf qabu maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti laakkoweera. **3:8** Kana calla'aa moti; Goottaa kiyya Yesuus Kiristoos beekuun, waan mara waan caaluuf, ani waan maraa akka waan bu'aa hin qanneetitti hin laakkowa; Kiristoos bu'aa kiyya godhatiisaaf kun maraa naaf waan bu'aa hin qanne te'eera; akka kosi'iille laakkoweera. **3:9** Akkisiin ani ka Kiristoosii te'ee dhaggame. Maarre balchummaan tiyya ta seera eeggatiisaan dhaggante adoo hin te'in, Kiristoositti dhugeeffatiisaan ta dhaggante; balchummaan tun Waaqa irraa dhutti; dhugeeffannaa irralle'etti hundootti.

**Qolosaayisii** **1:15** Kiristoos Waaqa ilaan hin dhagganneef fakkeenna dhugaamessa. Inni angafa waan dadame maraa ti. **1:16** Sababilleen wonni ol-gubba'aa fi lafa irra jiru, wonni mudhatuu fi hin mudhanne, hunnootii fi bulchitooti ol-gubba'aa, dura aantole'ee fi worri baallii qabanu duudiinuu isaan dadamane. Waaqi waan duudii karaa isaatii fi isaaf dade. **1:17** Inni waan duudi'iin duraa jira; wonni duudiin isaan wol qaqqabatee dhaabbate. **1:18** Inni wolde'a kiristaanaa ka nafa isaa te'eef mata'a; waan maraan ka durse te'iisaaf, du'aa ka'iisalle'een ka qaraatii fi ka jalqabaa ti. **1:19** Guutummaa waaqumma'aa Ilma isaa keessa akka jiraattu, fedha Waaqa Abba'aa waan te'eef tun teete. **1:20** Waaqi waan ol-gubbaa jirulle te'ee, waan lafa irra jiru mara ifi woliin araarse; dhiiga Ilma ifii ka fannoo irratti jigeen nageya buuseera.

**1 Tasalonqe'ee** **4:1** Muummee irratti, obboleeyyan tiyya, Waaqa gammachiisiisaaf attam akka leetanu nu irraa barattaneertan. Ammaa tana dhugumaan akka san le'iisatti jirtan; tana caalaalle akka gootanu, maqaa Goottaa Yesuusiitiin isin gaafataa isin gorsina. **4:2** Nuuti baallii Goottaa Yesuusiitiin ajaja isinii kennine hin beettan. **4:3** Waaqi akka isin sagaagalummaa irraa fagaattanee woyyoontanu fedha. **4:4** Nami duudiin haadha manaa woyyumma'aa fi ulfinnaan qabatee eegatiisa beekuu ti. **4:5** Akka worra Yihudoota hin te'inii, ka Waaqa hin beennee halchaa foonii badduu hin qabaatin.

**2 Tasalonqe'ee** **3:6** Obboleeyyan teenna! Kiristaana harka maratee tee'uu fi akka barsiisa nu'u irraa fudhatetti hin leene irraa akka fagaattanu, maqaa Goottaa Yesuus Kiristoosiitiin isin ajanya. **3:7** Nuuti yennaa isin bira turre harka marannee hin teenne. Fakkeenna keenna fudhatiisa akka maltane isinuu miidhaassitanee hin beettan. **3:8** Nuuti nama tokkolle'etti ba'aa akka hin teene, halkanii fi guyyaa eloonnee hunye malee, sagalee nama tokkoolle akkasumaan hin nyaanne. **3:9** Wonni nuuti tana gooneef fakkeenna keenna akka fudhattanuuf malee, waan nu'uuf barbaachisu isin irraa dhaggatiisaaf baallii dhanneetii moti. **3:10** Nuuti yennaa isin bira jirru, «Nami hujiisa jibbu hin nyaatin» jennee ajaja isiniif kennineerra.

**1 Ximootewoos** **2:1** Amma waan duudi'iin dura, iyyannoon, daadimannaan, worra dhibi'iif daadimatu'uu fi galata dhikeessuun Waaqa duratti nama duudi'iif akka godhamuuf gorsa. **2:2** Nageyaa fi sarmiisaan, Waaqa soda'aa fi adaba dansa'aan akka leenu, moototaa fi worra baallii ol aantuu qabu duudi'iif daadimadha'a. **2:3** Daadimati akkasii Waaqa fayyisaa keenna duratti dansa'aa fi ka fudhatama qabu. **2:4** Inni nami duudiin akka fayyuu fi dhugaa akka beeku barbaada. **2:5** Waaqi tokkocha; wodhakkaa jiraatee Waaqaa fi nama ka wolitti araarsu tokkocha; inni nama te'ee ka mudhate Yesuus Kiristoos.

**2 Ximootewoos** **2:8** Akkuma ani Oduu Gammadaa keessatti lallabe, Yesuus Kiristoosii du'a keessaa ka'e, ka sanyii Daawitii keessaa dhalate, qaabadhu. **2:9** Ani Oduu Gammadaa waan lallabeef akka yakkaamessaa hidhameelle rakkataa jira. Jechi Waaqaa ammoo hin hidhamu. **2:10** Tanaaf, worri fooyame fayyinnaa fi ulfinna bara baraa ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufu akka dhaggatuuf jedhee waan duuchii hin ossadha. **(aiōnios g166)**

**Tiitoos** **2:11** Waaqi badhaadha ifii ka nama maraaf fayyinna kennu mudhiseera. **2:12** Badhaadhi kun cubbu'uun jiraatiisaa fi halchaa badduu biyya lafaa akka lakkinnee, bara kana keessatti ifi qabannee, qajeellee, akka nama Waaqaatitti akka jiraannu barsiisa. **(aiōn g165)** **2:13** Addii gammachiittuu fi ulfinnaan mudhatiisa Waaqa guddaa fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii hin eeganna. **2:14** Kiristoos hammeenna duudii irraa akka nu fayyisuu fi waan dansaa hujiisaaf akka dharraanu, kolbaa ifii qulleeffatiisaaf mataa ifii dabarsee nuu kenneera.

**Filemoon** **1:3** Abbaa keenna Waaqaa fi Goottaa Yesuus Kiristoos biraa badhaadhii fi nageenni isiniif te'u! **1:4** Daadimata kiyya keessatti yennaa si qaabadhu, yennaa mara Waaqa galateeffadha. **1:5** Sababille dhugeeffannaa ati Goottaa Yesuusitti qadduu fi jaalala ati kolbaa Waaqaa maraaf qaddu dhage'eera. **1:6** Hubantii guutuu waan dansa'aa ka nu Kiristoosiin qannuu maraa akka qabaattuuf, dhugeeffannaa teeti worra dhibi'iif qoodiisatti akka jabaattu hin daadimadha. **1:7** Obboleessa kiyya, gadhaa kolbaa Waaqaa waan jajjabeessiteef jaalala keeti irraa ani gammadaa fi jajjabeenna guddaa dhaggadheera.

**Ibroota** **1:1** Bara durii Waaqi karaa adda addaatiin, yennaa hedduu karaa raagotaatiin abbootii teennatti dubbateera. **1:2** Ammaa ammoo bara duubaa kanatti karaa Ilma ifii ka waan mara akka dhaalu godheetiin nutti dubbate; biyya lafaa duudiille isumaan dade. **(aiōn g165)** **1:3** Inni calalaqa ulfinna Waaqaa ti; akki isaa guutumatti Waaqaan wol qixxe'e. Jecha ifii hunna qabeessaan waan dadame duudii utubeera. Kolbaalle cubbuu irraa qulqulleesseen duuba, ol gubba'atti midda Waaqa hunnaamessaa tee'eera.

**Yaaqoobii** **1:16** Obboleeyyan tiyya ta jaalatantane, hin sobamina'a. **1:17** Arjummaa dansa'aa fi kennansi mijuun mara abbaa ifa ol-gubba'aa dade, ka akka gaaddisaa garagaggaliis yookiin jijjiiramiis bira hin jirre biraa dhufa. **1:18** Nuuti dada isaa maraaf angafa akka teenuuf, Waaqi fedhii ifiitiin jecha dhuga'aatiin nu uume.

**1 Pheexroosii** **3:18** Kiristoos gara Waaqaa nu dhikeessiisaaf jedhee, adoo balchaa te'ee jiruu, nu worra balchummaa hin qanneef sababa cubbuu teennaatiif, yennaa maraaf yennaa takkatuu du'e. Inni fooniin du'ee ayyaanaan ammoo jiraataa te'e.

**2 Pheexroosii** **1:3** Waaqa ulfinnaa fi dansummaa ifiitiin nu waame beekiisaan, hunni Waaqummaa isaa, waan jiruu teennaa fi ayyaantummaa dhuga'aatiif nuu barbaachisu duudii kenniteerti. **1:4** Ulfinnaa fi dansummaa isaatiin, waadaa isaa ka akka malee gudda'aatii fi ka gatii gudda'aa dhagganneerra; karaa waan kanaatiin, sababa halchaa baddu'uutiin ta kaate, badii biyya lafaa keessa jirtu jalaa baatanee, amala Waaqumma'aa worra qoodamu teetaneertan.

**1 Yohaannisii** **2:1** Ijoollee, akka isin cubbuu hin hunyeef tana isiniif barreessa; eennulle cubbuu yoo huje ammoo, wobii Abbaa biraa qanna; innille Yesuus Kiristoosii balchicha. **2:2** Inni woreega gumaa cubbuu teennaa ti; cubbuu biyya lafaa duudi'iif malee, cubbuu teenna calla'aaf moti.

**2 Yohaannisii** **1:7** Akka Yesuus Kiristoos fooniin gara biyya lafaa dhufe worri dhugaa hin baanne, worri nama dokonkorsanu hedduun gara biyya lafaa bayaneeran. Eennulle nami akkasii nama nama dokonkorsuu fi nama Kiristoos mormu.

**3 Yohaannisii** **1:4** Ijoolleen tiyya dhuga'aan jiraachuu isi'ii dhage'iisaan irra wonni na gammachiisu hin jiru.

**Yihuda'aa** **1:3** Jaalota tiyya! Marroo fayyinna woliin qoodannuu isiniif barreessiisaaf ani guddoo barbaadeeraayyu; amma ammoo marroo dhugeeffannaa yennaa takka'atti yennaa maraaf Waaqi kolbaa ifiitiif kennee, jabaattanee akka falmattanu isin gorsiisaaf barreessuun, barbaachisaa te'ee natti dhage'ameera. **1:4** Worri Waaqa hin sodaanne gariin, dhokaataan luuxanee wodhakkaa teenna seenaneeran. Isaan worra badhaadha Waaqa keennaa akka fedhane le'iisatti jijjiiranuu fi Yesuus Kiristoos callaan bulcha'aa fi Goottaa akka te'e mormanu. Akka isaanitti muramu yennaa heddu'uun duraa barreeffameera.

**Mudhii Yohaannisii** **3:19** Ani worra jaaladhu duudii hin xixa, hin adaballe'e. Tanaaf jabaadhu, cubbuu irralle'ee deebi'i. **3:20** Kunoo, ani balbala dura dhaabbadhee balbala dhodhowa; eennulle qoonqoo tiyya dhage'ee yoo balbala naaf bane, ani seenee isa woliin nyaadha, innille na woliin nyaata. **3:21** Akkuma ani injifadhee Abbaa kiyya woliin barcumaa mootummaa isaa irra tee'e, nami injifatulle na woliin barcumaa mootummaa tiyyaa irra akka tee'u hin tolcha. **3:22** «Nami gurra dhage'u qabu, waan Ayyaanni Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uuti!» jedha.

# Reader's Guide

Gujii Oromo at AionianBible.org/Readers-Guide

The Aionian Bible republishes public domain and Creative Common Bible texts that are 100% free to copy and print. The original translation is unaltered and notes are added to help your study. The notes show the location of eleven special Greek and Hebrew Aionian Glossary words to help us better understand God's love for individuals and for all mankind, and the nature of afterlife destinies.

Who has the authority to interpret the Bible and examine the underlying Hebrew and Greek words? That is a good question! We read in 1 John 2:27, *"As for you, the anointing which you received from him remains in you, and you do not need for anyone to teach you. But as his anointing teaches you concerning all things, and is true, and is no lie, and even as it taught you, you remain in him."* Every Christian is qualified to interpret the Bible! Now that does not mean we will all agree. Each of us is still growing in our understanding of the truth. However, it does mean that there is no infallible human or tradition to answer all our questions. Instead the Holy Spirit helps each of us to know the truth and grow closer to God and each other.

The Bible is a library with 66 books in the Protestant Canon. The best way to learn God's word is to read entire books. Read the book of Genesis. Read the book of John. Read the entire Bible library. Topical studies and cross-referencing can be good. However, the safest way to understand context and meaning is to read whole Bible books. Chapter and verse numbers were added for convenience in the 16th century, but unfortunately they can cause the Bible to seem like an encyclopedia. The Aionian Bible is formatted with simple verse numbering, minimal notes, and no cross-referencing in order to encourage the reading of Bible books.

Bible reading must also begin with prayer. Any Christian is qualified to interpret the Bible with God's help. However, this freedom is also a responsibility because without the Holy Spirit we cannot interpret accurately. We read in 1 Corinthians 2:13-14, *"And we speak of these things, not with words taught by human wisdom, but with those taught by the Spirit, comparing spiritual things with spiritual things. Now the natural person does not receive the things of the Spirit of God, for they are foolishness to him, and he cannot understand them, because they are spiritually discerned."* So we cannot understand in our natural self, but we can with God's help through prayer.

The Holy Spirit is the best writer and he uses literary devices such as introductions, conclusions, paragraphs, and metaphors. He also writes various genres including historical narrative, prose, and poetry. So Bible study must spiritually discern and understand literature. Pray, read, observe, interpret, and apply. Finally, *"Do your best to present yourself approved by God, a worker who does not need to be ashamed, properly handling the word of truth."* 2 Timothy 2:15. *"God has granted to us his precious and exceedingly great promises; that through these you may become partakers of the divine nature, having escaped from the corruption that is in the world by lust. Yes, and for this very cause adding on your part all diligence, in your faith supply moral excellence; and in moral excellence, knowledge; and in knowledge, self-control; and in self-control patience; and in patience godliness; and in godliness brotherly affection; and in brotherly affection, love. For if these things are yours and abound, they make you to be not idle nor unfruitful to the knowledge of our Lord Jesus Christ,"* 2 Peter 1:4-8.

# Glossary

Gujii Oromo at AionianBible.org/Glossary

The Aionian Bible un-translates and instead transliterates eleven special words to help us better understand the extent of God's love for individuals and all mankind, and the nature of afterlife destinies. The original translation is unaltered and a note is added to 64 Old Testament and 200 New Testament verses. Compare the meanings below to the Strong's Concordance and Glossary definitions.

***Abyssos*** g12
*Greek:* proper noun, place
*Usage:* 9 times in 3 books, 6 chapters, and 9 verses
*Meaning:*
Temporary prison for special fallen angels such as Apollyon, the Beast, and Satan.

***aïdios*** g126
*Greek:* adjective
*Usage:* 2 times in Romans 1:20 and Jude 6
*Meaning:*
Lasting, enduring forever, eternal.

***aiōn*** g165
*Greek:* noun
*Usage:* 127 times in 22 books, 75 chapters, and 102 verses
*Meaning:*
A lifetime or time period with a beginning and end, an era, an age, the completion of which is beyond human perception, but known only to God the creator of the aiōns, Hebrews 1:2. Never meaning simple endless or infinite chronological time in Greek usage. Read Dr. Heleen Keizer and Ramelli and Konstan for proofs.

***aiōnios*** g166
*Greek:* adjective
*Usage:* 71 times in 19 books, 44 chapters, and 69 verses
*Meaning:*
From start to finish, pertaining to the age, lifetime, entirety, complete, or even consummate. Never meaning simple endless or infinite chronological time in Koine Greek usage. Read Dr. Heleen Keizer and Ramelli and Konstan for proofs.

***eleēsē*** g1653
*Greek:* verb, aorist tense, active voice, subjunctive mood, 3rd person singular
*Usage:* 1 time in this conjugation, Romans 11:32
*Meaning:*
To have pity on, to show mercy. Typically, the subjunctive mood indicates possiblity, not certainty. However, a subjunctive in a purpose clause is a resulting action as certain as the causal action. The subjunctive in a purpose clause functions as an indicative, not an optative. Thus, the grand conclusion of grace theology in Romans 11:32 must be clarified. God's mercy on all is not a possibility, but a certainty. See ntgreek.org.


***Geenna*** g1067
*Greek:* proper noun, place
*Usage:* 12 times in 4 books, 7 chapters, and 12 verses
*Meaning:*
Valley of Hinnom, Jerusalem's trash dump, a place of ruin, destruction, and judgment in this life, or the next, though not eternal to Jesus' audience.

***Hadēs*** g86
*Greek:* proper noun, place
*Usage:* 11 times in 5 books, 9 chapters, and 11 verses
*Meaning:*
Synonomous with Sheol, though in New Testament usage Hades is the temporal place of punishment for deceased unbelieving mankind, distinct from Paradise for deceased believers.


***Limnē Pyr*** g3041 g4442
*Greek:* proper noun, place
*Usage:* Phrase 5 times in the New Testament
*Meaning:*
Lake of Fire, final punishment for those not named in the Book of Life, prepared for the Devil and his angels, Matthew 25:41.

***Sheol*** h7585
*Hebrew:* proper noun, place
*Usage:* 66 times in 17 books, 50 chapters, and 64 verses
*Meaning:*
The grave or temporal afterlife world of both the righteous and unrighteous, believing and unbelieving, until the general resurrection.


***Tartaroō*** g5020
*Greek:* proper noun, place
*Usage:* 1 time in 2 Peter 2:4
*Meaning:*
Temporary prison for particular fallen angels awaiting final judgment.




*Abrahaam biyya ifiitii bayee, addee akka dhaalaa fudhatu akka dhaquuf yennaa waamame gara itti dhaqaaru beekuu dhabulle, dhaqiisaaf dhugeeffanna'aan ajajame.* - Ibroota 11:8




*Mootichi biyya Gibxi'ii kolbaan akka deentuuf yennaa gad lakkise, Waaqi, «Lolli yoo isaanitti ka'e kolbaan tun yaada ifii jijjiirattee, gara biyya Gibxi'ii deebiti» jedhee waan yaadeef, karaa lafa Filisxeemotaatiin isaan hin sooressine.* - Bayiisaa 13:17




*«Ilmi namaa tajaajjilisaaf, namoota hedduulle wodiisaaf lubbuu ifii kenniisaaf dhufe malee, tajaajilamiisaaf hin dhunne» jedhe.* - Maarqoosii 10:45




*Ana Phawuloosii tajaajilaa Yesuus Kiristoosii te'ee fi ergamaa te'iisaaf waamamee, Oduu Gammadaa ta Waaqaa akka lallabuuf Waaqi file irraa:* - Rooma'aa 1:1

# Creation 4004 B.C.

| | |
|---|---|
| Adam and Eve created | 4004 |
| Tubal-cain forges metal | 3300 |
| Enoch walks with God | 3017 |
| Methuselah dies at age 969 | 2349 |
| God floods the Earth | 2349 |
| Tower of Babel thwarted | 2247 |
| Abraham sojourns to Canaan | 1922 |
| Jacob moves to Egypt | 1706 |
| Moses leads Exodus from Egypt | 1491 |
| Gideon judges Israel | 1245 |
| Ruth embraces the God of Israel | 1168 |
| David installed as King | 1055 |
| King Solomon builds the Temple | 1018 |
| Elijah defeats Baal's prophets | 896 |
| Jonah preaches to Nineveh | 800 |
| Assyrians conquer Israelites | 721 |
| King Josiah reforms Judah | 630 |
| Babylonians capture Judah | 605 |
| Persians conquer Babylonians | 539 |
| Cyrus frees Jews, rebuilds Temple | 537 |
| Nehemiah rebuilds the wall | 454 |
| Malachi prophecies the Messiah | 416 |
| Greeks conquer Persians | 331 |
| Seleucids conquer Greeks | 312 |
| Hebrew Bible translated to Greek | 250 |
| Maccabees defeat Seleucids | 165 |
| Romans subject Judea | 63 |
| Herod the Great rules Judea | 37 |

(The Annals of the World, James Uusher)

# Jesus Christ born 4 B.C.

# New Heavens and Earth

| | |
|---|---|
| | Christ returns for his people |
| 1956 | Jim Elliot martyrd in Ecuador |
| 1830 | John Williams reaches Polynesia |
| 1731 | Zinzendorf leads Moravian mission |
| 1614 | Japanese kill 40,000 Christians |
| 1572 | Jesuits reach Mexico |
| 1517 | Martin Luther leads Reformation |
| 1455 | Gutenberg prints first Bible |
| 1323 | Franciscans reach Sumatra |
| 1276 | Ramon Llull trains missionaries |
| 1100 | Crusades tarnish the church |
| 1054 | The Great Schism |
| 997 | Adalbert marytyrd in Prussia |
| 864 | Bulgarian Prince Boris converts |
| 716 | Boniface reaches Germany |
| 635 | Alopen reaches China |
| 569 | Longinus reaches Alodia / Sudan |
| 432 | Saint Patrick reaches Ireland |
| 397 | Carthage ratifies Bible Canon |
| 341 | Ulfilas reaches Goth / Romania |
| 325 | Niceae proclaims God is Trinity |
| 250 | Denis reaches Paris, France |
| 197 | Tertullian writes Christian literature |
| 70 | Titus destroys the Jewish Temple |
| 61 | Paul imprisoned in Rome, Italy |
| 52 | Thomas reaches Malabar, India |
| 39 | Peter reaches Gentile Cornelius |
| 33 | Holy Spirit empowers the Church |

(Wikipedia, Timeline of Christian missions)

# Resurrected 33 A.D.

<table>
<tr><th colspan="3">What are we?</th><td colspan="2">Genesis 1:26 - 2:3</td></tr>
<tr><th colspan="3">How are we sinful?</th><td colspan="2">Romans 5:12-19</td></tr>
<tr><th colspan="3" rowspan="3">Where are we?</th><td colspan="2"></td></tr>
<tr><td colspan="2">Innocence</td></tr>
<tr><td>Eternity Past</td><td>Creation 4004 B.C.</td></tr>
<tr><th rowspan="12">Who are we?</th><td rowspan="3">God</td><td>Father</td><td rowspan="3">John 10:30<br><br>God's perfect fellowship</td><td rowspan="7">Genesis 1:31<br><br>God's perfect fellowship with Adam in The Garden of Eden</td></tr>
<tr><td>Son</td></tr>
<tr><td>Holy Spirit</td></tr>
<tr><td rowspan="3">Mankind</td><td>Living</td><td rowspan="9">Genesis 1:1<br><br>No Creation<br>No people</td></tr>
<tr><td>Deceased believing</td></tr>
<tr><td>Deceased unbelieving</td></tr>
<tr><td rowspan="6">Angels</td><td>Holy</td></tr>
<tr><td>Imprisoned</td><td rowspan="5">Genesis 1:31<br><br>No Fall<br>No unholy Angels</td></tr>
<tr><td>Fugitive</td></tr>
<tr><td>First Beast</td></tr>
<tr><td>False Prophet</td></tr>
<tr><td>Satan</td></tr>
<tr><th colspan="3">Why are we?</th><td colspan="2">Romans 11:25-36, Ephesian 2:7</td></tr>
</table>

Mankind is created in God’s image, male and female He created us

Sin entered the world through Adam and then death through sin

## When are we? ▼

<table>
<tr><td colspan="4">Fallen</td><td>Glory</td></tr>
<tr><td>Fall to sin<br>No Law</td><td>Moses’ Law<br>1500 B.C.</td><td>Christ<br>33 A.D.</td><td>Church Age<br>Kingdom Age</td><td>New Heavens<br>and Earth</td></tr>
<tr><td colspan="4">1 Timothy 6:16<br>Living in unapproachable light</td><td rowspan="7">Acts 3:21<br>Philippians 2:11<br>Revelation 20:3<br><br>God’s<br>perfectly<br>restored<br>fellowship<br>with all<br>Mankind<br>praising<br>Christ<br>as Lord<br>in the<br>Holy<br>City</td></tr>
<tr><td colspan="2">John 8:58<br>Pre-incarnate</td><td>John 1:14<br>Incarnate</td><td>Luke 23:43<br>Paradise</td></tr>
<tr><td colspan="2">Psalm 139:7<br>Everywhere</td><td colspan="2">John 14:17<br>Living in believers</td></tr>
<tr><td colspan="4">Ephesians 2:1-5<br>Serving the Savior or Satan on Earth</td></tr>
<tr><td colspan="4">Luke 16:22<br>Blessed in Paradise</td></tr>
<tr><td colspan="4">Luke 16:23, Revelation 20:5,13<br>Punished in Hades until the final judgment</td></tr>
<tr><td colspan="4">Hebrews 1:14<br>Serving mankind at God’s command</td></tr>
<tr><td colspan="4">2 Peter 2:4, Jude 6<br>Imprisoned in Tartarus</td><td rowspan="4">Matthew 25:41<br>Revelation 20:10<br><br>Lake of Fire<br>prepared<br>for the<br>Devil<br>and his<br>Angels</td></tr>
<tr><td colspan="3" rowspan="3">1 Peter 5:8, Revelation 12:10<br><br>Rebelling against Christ<br>Accusing mankind</td><td>Revelation 20:13<br>Thalaasa</td></tr>
<tr><td>Revelation 19:20<br>Lake of Fire</td></tr>
<tr><td>Revelation 20:2<br>Abyss</td></tr>
</table>

For God has bound all over to disobedience in order to show mercy to all

# Destiny

Gujii Oromo at AionianBible.org/Destiny


The Aionian Bible shows the location of eleven special Greek and Hebrew Aionian Glossary words to help us better understand God's love for individuals and for all mankind, and the nature of after-life destinies. The underlying Hebrew and Greek words typically translated as *Hell* show us that there are not just two after-life destinies, Heaven or Hell. Instead, there are a number of different locations, each with different purposes, different durations, and different inhabitants. Locations include 1) Old Testament *Sheol* and New Testament *Hadēs*, 2) *Geenna*, 3) *Tartaroō*, 4) *Abyssos*, 5) *Limnē Pyr*, 6) *Paradise*, 7) *The New Heaven*, and 8) *The New Earth*. So there is reason to review our conclusions about the destinies of redeemed mankind and fallen angels.

The key observation is that fallen angels will be present at the final judgment, 2 Peter 2:4 and Jude 6. Traditionally, we understand the separation of the Sheep and the Goats at the final judgment to divide believing from unbelieving mankind, Matthew 25:31-46 and Revelation 20:11-15. However, the presence of fallen angels alternatively suggests that Jesus is separating redeemed mankind from the fallen angels. We do know that Jesus is the helper of mankind and not the helper of the Devil, Hebrews 2. We also know that Jesus has atoned for the sins of all mankind, both believer and unbeliever alike, 1 John 2:1-2. Deceased believers are rewarded in Paradise, Luke 23:43, while unbelievers are punished in Hades as the story of Lazarus makes plain, Luke 16:19-31. Yet less commonly known, the punishment of this selfish man and all unbelievers is before the final judgment, is temporal, and is punctuated when Hades is evacuated, Revelation 20:13. So is there hope beyond Hades for unbelieving mankind? Jesus promised, *"the gates of Hades will not prevail,"* Matthew 16:18. Paul asks, *"Hades where is your victory?"* 1 Corinthians 15:55. John wrote, *"Hades gives up,"* Revelation 20:13.

Jesus comforts us saying, *"Do not be afraid,"* because he holds the keys to *unlock* death and Hades, Revelation 1:18. Yet too often our *Good News* sounds like a warning to *"be afraid"* because Jesus holds the keys to *lock* Hades! Wow, we have it backwards! Hades will be evacuated! And to guarrantee hope, once emptied, Hades is thrown into the Lake of Fire, never needed again, Revelation 20:14.

Finally, we read that anyone whose name is not written in the Book of Life is thrown into the Lake of Fire, the second death, with no exit ever mentioned or promised, Revelation 21:1-8. So are those evacuated from Hades then, *"out of the frying pan, into the fire?"* Certainly, the Lake of Fire is the destiny of the Goats. But, do not be afraid. Instead, read the Bible's explicit mention of the purpose of the Lake of Fire and the identity of the Goats, *"Then he will say also to those on the left hand, 'Depart from me, you cursed, into the consummate fire which is prepared for... the devil and his angels,'"* Matthew 25:41. Bad news for the Devil. Good news for all mankind!

Faith is not a pen to write your own name in the Book of Life. Instead, faith is the glasses to see that the love of Christ for all mankind has already written our names in Heaven. *"If the first fruit is holy, so is the lump,"* Romans 11:16. Though unbelievers will suffer regrettable punishment in Hades, redeemed mankind will never enter the Lake of Fire, prepared for the devil and his angels. And as God promised, all mankind will worship Christ together forever, Philippians 2:9-11.




*Tanaaf gara gosa biyya adda addaa deema'aatii maqaa Abba'aa, maqaa Ilmaatii fi maqaa Ayyaana Woyyichaatiin isaan cuuphaa, barattoota tiyya godha'a.* - Maatewoosii 28:19